

INSTITIYUUTII LEENJII OGEESSOTA QAAMOLEE HAQAA FI QORANNOO SEERAA OROMIYAA



**Adeemsa Waliin Qorannoo Yakkaa Gaggeessuu Keessatti Gahee Abbaa
Alangaa fi Qorataa Poolisii**

Moojulii Leenjii Hojiirraatiif Qophaa'e

Qopheessitootni:

1. Sulxaan Abdo
2. Habtaamu Bultii

Gulaalootni:

1. Alamaayyoo Massalaa
2. Tolasaa Damee
3. Kabbabawu Biraanuu

Guraandhala 2006
Adaamaa, Ilqso

Baafata

SEENSA WALIIGALAA.....	1
BOQONNAA TOKKO.....	7
Qorannoo Yakkaa.....	7
Seensa	7
1.1. Yaadoota Bu'uuraa Qorannoo Yakkaa	8
1.1.1. Hiikkoo fi Maalummaa Qorannoo Yakka.....	8
1.1.2. Kaayyoo Qorannoo Yakkaa	10
1.1.3. Qajeeltowwan Qorannoo Yakkaa.....	12
1.1.4. Akaakuwwan qorannoo yakkaa	13
Gaaffilee Marii 14.....	11
1.2. Haalawwan Qorannoon Yakkaa Itti Eegalamu.....	15
1.2.1. Eeruu dhiyaate bu'uureffatee qorannoo yakkaa eegalamu	15
1.2.2. Iyyata miidhamaa dhuunfaarratti hundaa'ee qorannoo yakkaa eegalamu	15
1.2.3. Yakka utuu raawwatamaa jiru qabamerratti qorannoo yakkaa eegalamu.....	16
Gaaffilee Marii.....	16
1.3. Hojiiwwan gaggeessa qorannoo keessatti hojjetamanii fi haala raawwii isaanii	16
1.3.1. Ragaa walitti qabuu.....	17
I. Hordoffii gaggeessuu.....	17
II. Bakka yakki raawwatamee deemuun ragaa walitti qabuu.....	17
III. Jecha shakkamaa fuudhuu fi galmeessuu.....	18
IV. Af-gaaffii gaggeessuu	19
V. Sakatta'uu fi harkaa fuudhuu (search and seizure).....	19
1.3.2. Ragaa Qindeessuu fi madaaluu	20
1.3.3. Mirga wabiirratti yaada/murtii kennuu	21
Gaaffilee Marii.....	22
BOQONNAA LAMA.....	23
Qindoominaan Qorannoo Yakkaa Gaggeessuu A/alangaa fi Qorattoota Poolisii:	
Muuxannoo Biyyoota Garagaraa	23
Seensa	23
2.1. Qaamolee Qorannoo Yakkaa Keessatti Hirmaatan: Poolisii fi Abbaa Alangaa	25
2.1.1. Gahee poolisiin gaggeessa qorannoo yakkaa keessatti qabu	25

2.1.2. Gahee a/alangaa gaggeessa qorannoo yakkaa keessatti qabu	26
I. Dhimmoota dursa qorannoo irratti gaggeeffamu adda baasuu.....	23
II. Qajeelfama/gorsa qorattoota yakkaaf kennuu	27
III. Qorannoo yakkaa gaggeessuu keessatti hirmaachuu	28
IV. Qorannoo yakkaa poolisii harkaa fudhee gaggeessuu	29
2.2. Waliin Qorannoo Yakkaa Gaggeessuu A/alangaa fi Poolisii	29
2.2.1. Waliin qorannoo yakkaa gaggeessuu a/alangaa fi poolisii: Sirna seeraa komanii keessatti	30
I. Muuxannoo biyya Ingilizii fi Weelis.....	30
I. Muuxannoo Biyya Ameerikaa.....	34
1.2.2. Waliin qorannoo yakkaa gaggeessuu a/alangaa fi poolisii: Sirna seeraa siivilii keessatti....	36
I. Muuxannoo Biyya Faransaayi	37
II. Muuxannoo Biyya Jarman	40
2.3. Hojii qorannoo yakkaa fi himannaa dhiyeessuu: galma isaaniitiin madaaluu.....	40
Gaaffilee Marii.....	42
2.4. Bu'aawwanii fi gufuuwwan Qorannoo yakkaa waliin gaggeessuu A/alangaa fi Poolisii: muuxannoowwan biyyoota alaa.....	43
2.4.1. Bu'aawwan argaman	44
2.4.2. Gufuuwwan mul'atan	45
2.3.3. Yaadota furmaataa dhiyaatan	48
Gaaffilee Marii	49
BOQONNAA SADI	50
Adeemsa Waliin Qorachuu Abbaa Alangaa fi Qorataa Poolisii Biyya Keenyaa fi Naannoo Oromiyaa	50
Seensa	50
3.1. Adeemsa Hojii Qorannoo Yakkaa Biyya Keenyaa: Bifa Waliigalaatin	53
3.1.1. Gahee Qorataa Poolisii.....	53
3.1.2. Gahee Abbaa Alangaa.....	55
3.1.3. Walitti Dhufeenya Abbaa Alangaa fi Qorataa Poolisii	58
Gaaffilee Marii.....	59
3.2.1. Adeemsa Hojii Qorannoo Yakkaa Fooyyessuf Tarkaanfilee Fudhataman	60
3.2.2. Bu'aalee Argamanii fi Rakkoolee Ammas Jiran: Bifa Waliigalaatin	64
Gaaffilee Marii.....	65
3.2.3. Qorannoo Yakkaa Hoogganuu	65

Gaaffilee Marii.....	70
3.2.4. Eeruu yookaan Iyyannoo Keessummeessuu	70
Gaaffilee Marii.....	75
3.2.5. Ragaa Walitti Qabuu, Olkaa’uu fi Madaaluu.....	76
Gaaffilee Marii.....	80
3.2.6. Shakkamaa Qabuu, Sakatta’uu fi Hidhuu	80
3.2.7. Qorannoo Addaan Kutuu Yookaan Qorannoon Dabalataa Akka Geggeeffamu Gochuu....	83
3.2.8. Mirga Wabii Irratti Murtii Yookaan Yaada Kennuu.....	85
Gaaffilee Marii	88
3.2.9. Ciraa fi Qabeenya Bu’aa Yakkaa ta’e irratti Murteessuu	89
3.2.10. Galmees Qorannoo Irratti Murtii Kennuu.....	90
3.2.11. Ragaa fi Himatamaa Dhiheessuu.....	92
Gaaffilee Marii.....	95

SEENSA WALIIGALAA

Nageenyaa fi tasgabii hawaasaa mirkaneessuuf tattaaffiiwwan taasifaman keessaatti hojiiwwan yakka ittisuu fi yakka raawwate seeratti dhiyeessanii adabuun isaan ijoo dha. Hojiiwwan yakka ittisuu fi yakka raawwate adabsiisuuf hojjetaman keessaa hojiin guddaan hojii qorannoo yakkaati. Qorannoon yakkaa adeemsa yakka raawwateme, raawwatamuuf karoofamee fi yaalame qulqulleessuuf hordofamuu dha. Haaluma kanaan, yakka qorachuu jechuun adeemsa odeeffannoo fi ragaa walitti qabuu fi xiinxaluu, raawwatamuu yakkaa, eenyu akka raawwate fi haala kamiin akka raawwatame adda baasuu fi shakkamaa seeratti dhiyeessuu yoo ta’u galmi isaas namni yakka raawwatee fi hawaasni haqa akka argatu gochuu dha. Haaluma kanaan, qorannoon yakkaa raawwii olaantummaa seeraa kabachiisu, nagaa fi tasgabii hawaasaa mirkaneessuu fi haqa dhugoomsuuf taasifamu keessatti ramadama.

Qorannoon yakkaa hojiiwwan baay’ee of-keessatti hammata, akkasumas hojii saayinsii fi artii dha. Kanaafuu, yakka qorachuun tooftaa, ogummaa, dandeettii, muuxannoo, yeroo, meeshaa

adda addaa fi kkf waan barbaaduuf hojiiwwan seera raawwachiisuuf raawwataman keessaa isa ulfaataa fi wal-xaxaa dha jedhamee fudhatama. Haala kanaan, qorannoo yakkaa gahumsa qabu gaggeessuuf ogummaa fi meeshaalee garagaraatti fayyadamuun dirqama waan ta'eef ogeessota ogummaa adda addaatiin leenji'an barbaada; keessattuu, teekiniikaa fi taaktika qorannoo yakkaa fi mirgoota lammiilee irratti dandeettii quubsaa qabaachuun ogeessota hojii qorannoo irratti hirmaatanii milkaa'ina hojii qorannootiif hedduu barbaachisaa dha. Itti dabalees, qorannoon yakkaa qajeelfama seerri teechise bu'uura godhatee kan gaaggeeffamu waan ta'eef namni hojii qorannoo yakkaa irratti hirmaatu ogeessa teekiniika qorannoon kan gahoome qofa utuu hin ta'iin nama ogummaa seeraatiin gahoomes hedduu barbaada.

Bu'uuruma kanaan, biyyoota baay'ee keessatti qorattootni poolisii fi a/alangaa waliin ta'uun qorannoo yakkaa kan gaggeessan yoo ta'u seerri adeemsa falmii yakkaa Itoophiyaa bara 1954 bahe garuu hojii qorannoo yakkaa kallattiin kan raawwatu qorattoota poolisii akka ta'anitti tumee waan jiruuf qorannoon yakkaa qabatamaan qorattoota poolisiin gaggeeffamaa tureera. Qorannoo gaggeeffame madaaluun qorannoon dabalataa akka gaggeeffamu ajaja kennuu, himannaa dhiyeessuu fi mana murtiitti dhiyaatanii falmuun ammoo abbaa alangaan gaggeeffamaa tureera. Hojiiwwan qaamolee lameen kanneeniin hojjetaman walitti hidhata guddaa kan qaban waan ta'eef laafinni ykn ciminni isa tokkoo gahumsa isa biroo irratti taatee kallattii fiduu danda'a. Haala kanaan, qorannoon yakkaa harka caalaa qorattoota poolisiin gaggeeffamaa ture qaama ogummaa seeraa gahumsa qabuun hin deeggaramne waan ta'eef hojiin qorannoo biyya keenya keessatti gaggeeffamaa ture hojii hanqina teekiniika fi taaktikaa qabu qofa utuu hin ta'iin seera raawwii qorannoo bituu fi mirga lammiilee haala barbaadamuun kabachiisaa kan ture miti jechuun ni danda'ama. Raawwiin qorannoo yakkaa haala sanaan raawwatamaa ture bakka baay'eetti seera wajjiin kan wal-simu waan hin turreef kaayyoo qorannoo yakkaa – olaantummaa seeraa kabachiisuu fi nageenya mirkaneessuu- qixa barbaadamutti galmaan gahaa hin turre.

Qorannoon yakkaa naannoo Oromiyaatti gaggeeffamu bu'uura seeraatiin yeroo muraasa keessatti raawwatee nagaa fi tasgabii dhugoomsuun tattaaffii misooma dingadee fi dimokiraasii dhugoomsuuf taasifamu keessatti gahee irraa eegamu bahuu akka danda'utti ogeessota dandeettii qorannoo yakka ittiin raawwatan qaban qofaan utuu hin ta'iin ogeessota ogummaa seeraa gahaa qabaniin deegaramee gaggeeffamuu akka qabu seeraan erga tumamee waggoota jaha lakkoofsiseera. Qorannoon yakkaa qorattoota poolisii fi abbaa alangaan Oromiyaa keessatti gaggeeffamuu erga jalqabee as bu'aawwan hedduun argamaniiru. Akka fakkeenyaatti caqasuuf,

qorannoon yakkaa bu'ura seerri ajajuun yeroo gabaabaa keessatti akka gaggeeffamu akkasumas dandeettiin adabsiisuu a/alangaa akka dabaluu ta'eera. Haaluma kanaanis, kenniinsi tajaajila haqaa gama qorannoo yakkaa, himannaa dhiyeessuu fi falmii gaggeessuun jiru fooyya'eera jechuun ni danda'ama.

Waliin ta'anii qorannoo yakkaa gaggeessuun qorattoota poolisii fi a/alangaa bu'aawwan hedduu kan argamsiise yoo ta'ellee kaayyoon qindomuu qaamolee kanneenii haala barbaadamuun galmaan gahaa kan jiru akkasumas hudhaalee adda addaa irraa bilisa jechuu miti. Hudhaalee qindoomina a/alangaa fi poolisii naannoo keenyaa ta'uun gaggeessi qorannoo yakkaa bifa gahumsa qabuun akka hin raawwanne taasisan hedduu yoo ta'an iftoomina barbaadamu dhabuun seera qindoomina kana bituu, rifoormiiwwan jiranii fi rakkoowwan ilaalchaa akka fakkeenyaatti kan caqasamuu danda'anii dha. Seerri, rifoormii (JBAH) fi waliigalteen hubannoo poolisii fi a/alangaa gidduutti mallatta'e ijoo qindoomanii qorannoo yakkaa gaggeessuu qaamolee kanneenii irratti iftoomina barbaadamu dhabuun isaanii qorannoo yakkaa eenyu akka hoogganu, tokkoo tokkoo hojiiwwan qorannoo yakkaa keessatti hojjetaman ilaalchisee murtii dhumaa eenyu akka kennuu, daangaan qorannoo yakkaa keessatti hirmaachuu a/alangaa hangam akka ta'ee fi kkf bifa tokkoo fi itti gaafatamummaa qabuun raawwatamaa jira jechuun rakkisaa dha. Kanaafuu, moojuliin kun qaawwa seeraa fi hoj-maataa jiran tokko lama jechuun adda baasuun muuxannowwan biyyoota adda addaa, imaammata sirna haqa yakkaa mootummaa Itoophiyaa, seerota adda addaa fi kkf bu'uura godhachuun furmaata itti barbaada.

Mojuliin kun boqonnaa saditti qoodama. Boqonnaan tokkoffaa, maalummaa, barbaachisummaa fi haala raawwii qorannoo yakkaa gabaabinaan ibsa. Boqonnaan lammiffaan ammoo gaggeessa qorannoo yakkaarratti gaheen hojii qorattootni poolisii fi a/alangaa maal akka ta'e, qindoomanii waliin hojjechuun isaanii bu'aa maalii akka qabuu fi gufuuwwan akkamiis akka isa mudatu muuxannoo biyyootaa fi sirnoota seeraa adda addaa kaasuun kaayyoo muujulii kanaa bifa galmaan gahuu danda'uun xiinxala. Qorannoo yakkaa ilaalchisee seenaan qindoomanii waliin hojjechuu a/alangaa fi qorattoota poolisii biyya keenyaa maal akka fakkaatu, seerota fi rifoormiiwwan qindoomina kana bitanii fi qabatamatti haala kamiin raawwatamaa akka jiruu fi hanqinaalee jiran kaasuun furmaata qaawwa kana duuchuu danda'an maal akka ta'an boqonnaa sadaffaa keessatti ilaalamu.

Haaluma kanaan, xumura moojulii kanaatti leenjifamtootni,

- ✓ Hiikkoo, maalummaa fi barbaachisummaa akkasumas akaakuwwani fi qajeeltowwan qorannoo yakkaa irratti hubannoo duran qaban ni gabbifatu,
- ✓ Adeemsa qorannoo yakkaa keessatti gaheen qoratoota poolisii fi a/alangaa sirnoota seeraa fi biyyoota adda addaa keessatti maal akka fakkaatu ilaalchisee beekumsa qaban irratti hubannoo dabalataa ni argatutu,
- ✓ Akka addunyaatti, a/alangaa fi poolisiin waliin ta’anii qorannoo yakkaa gaggeessuun isaanii bu’aawwan maalii argamsiisaa akka jiruu fi gufuwwan akkamii akka mudachaa jiru akkasumas furmaata akeekaman adda ni baafatu,
- ✓ Seera, rifoormii fi waliigalte waliin qorannoo yakkaa gaggeessuu abbaa alanga fi poolisii naannoo Oromiyaa bitanii fi haala raawwii isaanii maal akka fakkaatu irratti hubannoo qaban ni gabbifatu,
- ✓ Waliin ta’anii qorannoo yakkaa gaggeessuu a/alangaa fi poolisii naannoo Oromiyaatti dhimmoota gufuu ta’anii fi yaadota furmaataa dhiyaatan irratti hubannoo qaban ni gabbifatu. Bu’uuruma kanaanis, gahee isaanii adda baafatanii bu’a-qabeessummaa qorannoo yakkaatiif ni hojjetu.

BOQONNAA TOKKO

Qorannoo Yakkaa

Seensa

Yakki nageenyaa fi tasgabii biyyaa fi hawaasaa kan booressu akkasumas guddina dinagdee fi hawaasummaa kan gufachiisu waan ta’eef gochaa seerri adabuu dha. Gochaa yakkaa adabuuf nama yakkicha raawwatee fi haala raawwii isaa qulqulleessuun barbaachisaa waan ta’eef yakki qoratamuu qaba. Adeemsi yakka itti qoratan ammoo qorannoo yakkaa waan ta’eef sirna of danda’ee dhaabatuu dha; kanaafuu hiikkoo, kaayyoo, akaakuu fi qajeeltoowwan ofiisaatii qaba. Qorannoon yakkaa sirna odeeffannoo raawwii yakkaa ittiin walitti qabanii fi shakkamaa adda ittiin baasani dha; kaayyoon isaas yakka raawwatame ykn yaalame adabuun ol’aantummaa seeraa akkasumas nageenya biyyaa fi lammiilee mirkaneessuu dha.

Qorannoon yakkaa hojii tokko qofa utuu hin ta’iin raawwii hojiiwwan adda addaa of-keessatti hammatu waan ta’eef akka adeemsaatti fudhatama. Adeemsa qorannoo yakkaa keessatti hojiiwwan hedduutu hojjetama; isaanis, sakatta’iinsa gaggeessuu, ragaa walitti qabuu, ragaa

madaaluu fi sadarkeessuu, shakkamaa to'annoo jala oolchuu, mirga wabii nama to'annaa jala ooleerratti murtii/yaada kennuu fi kkf dabalachuu danda'a. Hojiiwwan kanneen hojii ogummaa fi dandeettii, yeroo fi qindoomina qaamolee adda addaa barbaadan waan ta'aniif yeroo hunda xiyyeeffannoo barbaadu. Xiyyeeffannoon kunis gama kaayyoo qorannoo yakkaa dhugoomsuu fi mirgoota lammiilee kabachiisuun madaalama. Hima biraan, adeemsi qorannoo sirna ol'aantummaa seeraa kabachiisuuf adeemamu yoota'ellee naannoo namni jiraatuu fi qaama namaarratti gaggeeffama waan ta'eef carraa mirgi namaa heeraan kabajamee jiru cabu guddaa waan ta'eef dhimma qorattootni yakkaa yeroo hunda dagachuu hin qabnee dha.

Haaluma kanaan, xumura boqonnaa kanaatti leenjifamtootni,

- ✓ Kaayyoo fi qajeeltoo qorannoo yakkaa akkasumas haalawwan qorannoon yakkaa itti eegalamuu fi isaa maal akka ta'an irratti hubannoo qaban ni cimsatu,
- ✓ Hojiiwwan qorannoo yakkaa keessatti hojjetamanii fi haala kamiin hojjetamuu akka qaban ilaalchisee hubannoo qaban ni gabbifatu
- ✓ Barbaachisummaa fi faayidaa ragaawwan iddoo yakki itti raawwatametti qorannoo gaggeessuu irratti yaada dabalataa ni argatu

1.1.Yaadoota Bu'uura Qorannoo Yakkaa

Qorannoon yakkaa of-danda'ee saayinsii waan ta'eef yaadawwan bu'uura maalummaa fi qoodama isaa ibsan hedduu qaba. Haaluma kanaan, mata-duree kana jalatti hiikkoo, maalummaa, kaayyoo fi qajeeltowwan qorannoo yakkaa ilaalla.

1.1.1. Hiikkoo fi Maalummaa Qorannoo Yakka

Qorannoon yakkaa tarkaanfii ol'aantummaa seeraa mirkaneessuuf akkasumas nageenyaa fi tasgabpii dhugoomsuuf fudhatamu keessaa tokko yoo ta'u *adeemsa yakka raawwateme, raawwatamuuf karoorfamee fi yaalame qulqulleessuuf hordofamuu dha*¹. Hiikkoo 'qorannoo yakkaa (criminal investigation)' ykn 'yakka qorachuu (investigating crime)' jedhu hubachuuf jechoota 'yakka qorachuu' ijaaran lamaan *-yakaa fi qorachuu-* mataa mataatti ergaa isaan dabarsan ilaaluun gaarii dha. Dursinee hiikkoo jecha '*qorachuu*' jedhu haa ilaallu. Jechi afaan Ingilizii jecha Afaan Oromoo 'qorachuu' jedhu bakka bu'u jecha '*investigate*' jedhu yoo ta'u

¹ Imaammata Sirna Haqa Yakkaa Mootummaa Ripaabilikaawaa Dimookraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa (2003), lakkoofsa 3.4

innis jecha Laatinii *'investigare'* jedhamurraa madde². *'Investigare'* jechuun *'to track or trace'* jechuu yoo ta'u Afaan Oromooti yoo hiikamu **faana dhahuu, duukaa bu'uu, hordofuu, barbaaduu** jechuu dha. Akka waliigalaattis, jechi kun waan dhokate/miliqe ykn ifa hin taane tokko barbaadani ykn sakattaa'anii ifa baasuu ergaa jedhu dabarsa.

Jechi Afaan Ingilizii *'investigate'* jedhu *'to examine something, such as an event or situation carefully, to discover the truth about it'*³ hiikoo jedhu kenna; gara Afaan Oromooti yoo deebi'uu **dhugummaa gocha tokkoo mirkaneessuuf qorannoo ykn sakatta'iinsa taasifamu jechuu dha.** Haaluma walfakkaatuun, kuusaan jechootaa 'Black's Law Dictionary'⁴ jedhamu jecha *'investigate'* jedhu *'to inquire into a matter systematically; to make a suspect the subject of criminal inquiry'* jechuun hiika. Kuusaan jechootaa kun jecha 'qorachuu' jedhu sakatta'iinsa raawwii yakkaa wajjiin wal-qabsiisee hiikoo itti kennuuf kan yaalu yoo ta'u hiikkoon kunis Afaan Oromoon yoo ibsamu **haala sirna qabuun gochaa tokko sakatta'uu fi gaafachuun maalummaa fi haala raawwii isaa adda baasuu; shakkamaa qaama sakatta'iinsi irratti gaggeeffamu taasisuu** jechuu dha. Haala kanaan, yakka qorachuu jechuun tooftawwan sirnawaa ta'an adda addaa fayyadamuun raawwatamuu gocha seerri akka hin raawwatamne dhorku fakkeenyaaf saamicha ykn gocha seerri akka raawwatamu ajaju raawwachuu dhabuu fakkeenyaaf yakkoota cimaa raawwatame gabaasuu dhabuu haala kamiin, eessatti, yoom akka raawatame fi eenyu akka raawwate adeemsa ittiin qulqulleessanii dha jechuun ni danda'ama⁵. Hima biraan, **yakka qorachuu jechuun adeemsa odeeffannoo fi ragaa walitti qabuu fi xiinxaluu, raawwatamuu yakkaa, eenyu akka raawwate fi haala kamiin akka raawwatame adda baasuu, fi shakkamaa seeratti dhiyeessuu yoo ta'u** galmi isaas namni yakka raawwatee fi hawaasni haqa akka argatu gochuu dha.

² Theo Coetzee, *The Evidentiary Value Of Crime Scene Investigation In Child Rape Cases*, 2008, (South Africa), fuula 20

³The Cambridge Advanced Learners' Dictionary (2003), fuula 662. Dhaabbatni Worldwide Law Enforcement Consulting Group jedhamu jecha 'Investigation' jedhu akka itti aanutti ibseera: *Investigation is an examination, a study, a survey and a research of facts and/or circumstances, situations, incidents and scenarios, either related or not, for the purpose of rendering a conclusion of proof* (Charles M. Alifano, *Fundamentals of Criminal Investigation*, fuula 1, www.worldwidelawenforecment.com).

⁴ Bryan A. Garner, Ed. *Black's Law Dictionary*, 7th ed. (1999), fuula 830.

⁵Walumaagala, hojiin yakka qorachuu hojii dhimma yakkaa irratti odeeffannoo ykn ragaa barbaaduu, walitti qabuu, hiikkoo itti kennuu, kaayyoo barbaadameef qopheessuu, qaama dhimmi ilaaluuf kennuu waan ta'eef bifa kanaan hiikkoon itti kennamuu qaba (lakkoofsa 3.4, Imaammata Sirna Haqa Yakkaa Mootummaa Ripaabilikaawaa Dimookraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa (2003),)

Maalumaa qorannoo yakkaa yoo ilaallu, qorannoon yakkaa, yakka raawwatame, raawwatamuuf qophiirra jiru, yaalamee galma utuu hin ga'iin hafe fi raawwatamaa jiru irratti gaggeeffama⁶. Dhimmoota kanneen irratti qorannoo yakkaa gaggeeffamu, odeeffannoo raawwatamuu yakkaa ibsuu danda'u walitti qabuu, kuusuu, qindeessuu fi xiinxaluun nama yakkicha raawwate, haala raawwii isaa, yoom akka raawwateef kkf qulqulleessuu waan ta'eef *adeemsa (process) of danda'e tokkoo dha*⁷. Kanaafuu, qorannoon yakkaa hojiiwwan seera raawwachiisuuf raawwataman keessaa isa ulfaataa fi wal-xaxaa dha jedhamee fudhatama⁸.

Qorannoon yakkaa saayinsii dha; akkasumas aartii dha. Qorannoon yakkaa tooftaalee sirnawaa ta'anitti fayyadamuun odeeffannoo walitti qabuu, odeeffannoo walitti qabame qindeessuu, calaluu fi xinxaluun ragaa raawwatamuu yakkaa, eenyummaa nama yakka raawwate, haala kamiin akka raawwatame ibsuu danda'u irra gahuu waan ta'eef adeemsi qorannoo yakkaa saayinsii dha jechuun ni danda'ama. Akkasumas, qorannoon yakkaa miira, muuxannoo, dandeettii fi beekumsa walitti qindeessuun murtii (ejjennoo) tokkorra gahuu waan ta'eef aartii dha jedhamee fudhatama⁹.

Maddi odeeffannoo qorannoo yakkaa uummataa (people) fi wantoota (things). Qaamoleen lamaan kanneen garagarummaa guddaa waan qabaniif haalotni odeeffannoo isaan irraa walitti qabaniif fi qindeessan ogummaa fi dandeettii adda addaa barbaada. Dirreetti bahanii qorannoo yakkaa gaggeessuuf dandeettii fi ogummaa adda addaa kan akka si'oomina miiraa, qophii sammuu, mijaa'ina dirree, tumsa hawaasaa, laaboraatorii fi kkf qabaachuun barbaachisaa dha. Odeeffannoon namarraa argamu ragaa qabatamaa fi amansiisaa akka ta'utti qorataan ragaa namaa walitti qabuu fi qindeessu dandeettii fi takiniikii ragaa gahaa walitti qabachuu, dhugaa fi soba adda baasuu isa dandeessisu gonfachuutu irraa eegama.

1.1.2. Kaayyoo Qorannoo Yakkaa

Kaayyoon qorannoo yakkaa kan jalqabaa waa'ee yakka raawwatamee ykn raawwatamuuf jedhuu qulqulleessuu dha. Armaan olitti irra deddeebi'ee akka ibsame, yakka qorachuun maalummaa yakkaa, eenyummaa nama yakkicha raawwate fi haala raawwatiinsa isaatii ifa gochuu dha. Itti

⁶ Lakkoofsa 3.4, miiljalee lakkoofsa 1

⁷ Michael F. Brown, *Criminal Investigation: Law And Practice, 2nd Ed.* (2001) (Butterworth-Heinemann), fuula 3

⁸ Miljalee armaan olii

⁹ Charles M. Alifano, *Fundamentals of Criminal Investigation*, fuula 1, (www.worldwidelawenforcement.com)

fufees, nama yakka raawwate seeratti dhiyeessuun haqa akka argatu-adabamu-kaayyoo gochuu qabaata.

Kaayyoon yakka qorachuu inni guddaan kaayyoo tumamuu seera yakkaarraa madda jechuun ni dand'ama; innis, *nagaa fi tasgabbii hawaasaa fi mootummaa mirkaneessuu dha*¹⁰. Yakka qorachuun nama yakka raawwate tokko qabanii seeratti dhiyeessuun akka adabamu gochuu yoo ta'u tarkaanfiin kun of-danda'ee namni yakka raawwate yakka biraa dabalee akka hin raawwatne kan taasisu akkasumas namootni biroon yakka akka hin raawwatni kan akeekkachiisu dha.¹¹ Haaluma wal-fakkaatuun, qorannoon yakkaa, yakka fuul-duratti raawwatamuuf jedhu kan sadarkaa karoora fi qophiirra jirullee qorachuu kan dabalatu waan ta'eef¹², yakkawwan yaalamaa jiran xumura akka hin arganne kan taasisuu dha.

Yakka qorachuun yakki akka hin raawwatne ittisuu keessatti shoora guddaa xabachuun *nagaa fi tasgabbii hawaasaa fi mootummaa mirkaneessuu cinatti ol'aantummaan seeraa biyya tokko keessatti akka kabajamu taasisa*. Gochaa tokko yakka jedhee kan murteessu seera; gochaa yakka jedhame murta'e kana raawwachuun ykn raawwachuu dhabuun seera cabsuu dha.

Kaayyoon yakka qorachuu inni guddaan haala raawwatiinsa yakka tokkoo qulqulleessuun dhugummaa isaa adda baasuu dha. Dhugummaan kun ammoo sadarkaa mirkaneessa ragaa biyyi tokko hordofturratti hunda'aa. Fakkeenyaaf, biyyootni sirna seera *Anglo-America* hordofan qorannoon gaggeeffame shakkamaan tokko yakka raawwachuusaa kan ibsu qofa utuu hin ta'iin balleessummaan isaa shakkii dhama-qabeessa kamirruyyuu bilisa bifa ta'een mirkaneessuu qaba waan ta'eef yakka qorachuun shakkiirraa bilisa kan nama taasisuu, dhugummaa wanta qoratamaa jiruu kan mirkaneessuu dha.

Kaayyoon yakka qorachuu kan biraan haqni akka hin jallanne mirkaneessuu dha (to ensure that miscarriages of justice don't occur). Fakkeenyaaf, yakki bakka tokkotti yoo raawwatu namni yakka raawwatee fi yakka hin raawwatni walumatti to'annaa jala ooluu danda'u. Haala kana keessatti yakki utuu hin qoratamu ta'e namni yakka hin raawwanne adabamuu danda'a; nama yakka hin raawwanne adabuun ammoo haqa jallisuu dha. Kanaafuu, yakka qorachuun namni yakka raawwate akka adabamu taasisuu akkasumas namni yakka hin raawwatne ammoo bilisa

¹⁰ Seera Yakkaa Mootummaa RDF Itoophiyaa, Kwt 1

¹¹ Miiljalee armaan olii

¹² Miiljalee lakkoofsa 1, lakkoofsa 3.4

akka gaggeeffamu taasisuu waan ta'eef kaayyoo yakka qorachuu keessaa tokko haqni akka hin jallanne gochuu dha.

Yakka raawwatamuuf jedhu qorachuun kan barbaachiseef yakki sun kan irratti raawwatamu kan akka namootaa, qabeenyaa ykn faayidaalee miidhaarraa golguuf yaadamee gaggeeffama waan ta'eef jarreen kana miidhaarraa ittisuun kaayyoo qorannoo yakkaa keessatti ramadama. Itti dabalees, qabeenya hatame ykn saamame barbaadanii arguun abbaa qabeenyaatii deebisuunis kaayyoo yakka qorachuu keessa isa tokko ta'uu danda'a¹³. Haala kanaan, qorannoon gaggeeffamu mirgootaa fi faayidaalee nama kallattiin gochaan yakkaa irratti raawwatame eegsisa ykn akka kabajamu taasisa. Kanaafuu, *qorannoon yakkaa kaayyoo mirgootaa fi faayidaalee miidhamtoota yakkaa kabachiisuullee ni hammata jechuun ni danda'ama*¹⁴.

1.1.3. Qajeeltowwan Qorannoo Yakkaa

Gaggeessi qorannoo yakkaa qajeeltowwan bu'uura baay'eerratti hundaa'ee raawwatama. Qajeeltowwan qorannoo yakkaa biyya keenya keessatti gaggeeffaman qajeelchan Imaammata siran haqaa yakkaa Mootummaa RDFI (2003) irratti tarreeffamaniiru. Qajeeltowwan kanneenis lakkoofsaan torba yoo ta'an isaanis gabaabinaan akka armaan gadiitti dhiyaataniiru. ***Qajeeltoon jalqabaa ol'aantummaa seeraati***. Qorannoon yakkaa kan gaggeeffamu, kaayyoo qorannoo yakkaa keessatti akka ibsame, seera kabachiisuu fi seerri kan cabe yoo ta'e ammoo nama yakki irratti raawwatee fi yakkicha raawwate haqa akka argatan gochuun ol'aantummaan seeraa akka kabajamu haala mijeessuu dha. Qorattootni yakka qoratanis qorannoo yakkaa yeroo gaggeessan seerota qorannoo yakka bitan, mirgoota namummaa heeraa fi seerota biroo irratti beekamtii argatan kabjuu fi kabachiisu qabu [Mirgoota uumamaa yeroo qorannoon yakka gaggeeffamu xiyyeeffannaa barbaadan armaan gaditti ilaalla]. Hima biraan, qorannoon yakkaa haala seerri jedhuun seera kabachiisuuf adeemsa raawwatamuu dha. ***Qorannoo yakkaa bifa haqa-qabeessa ta'een gaggeessuun qajeeltoo gaggeessa qorannoo yakka keessaa isa lammaffaa dha***. Qorataan yakkaa ragaa walitti yoo qabuu fi madaaluu loogii kamirraayyuu bilisa ta'uun bu'uura seerrii fi takiniikni gaggeessa qorannoo ajajuun hojiisaa raawwachuutu irraa eegama.

Sadaffaarratti, ***gaggeessi qorannoo yakkaa iftoominas qabaachuu qaba***. Adeemsi gaggeessa qorannoo yakkaa tooftaalee sirnawaa ta'an hordofuun dhugaa baasuu waan ta'eef qorannoon

¹³ Miiljalee lakkoofsa 8, fuula 3

¹⁴ Miiljalee lakkoofsa 1, lakkoofsa 3.4,

gaggeeffame tokko tooftaalee sunniin sirriitti kan hojiirra oolche ta'usaa ogeessota ogummaa qorannoo yakkaa qabaniin madaalamuu fi ibsamuu kan danda'u ta'uu qaba. Kanaafuu, ***qorannoon yakkaa itti gaafatamummaa guutuun raawwatamuun raawwachuun barbaachisaa dha.***

Qajeeltoon gaggeessa qorannoo yakkaa kan biraan murtii ragaarratti hundaa'e kennuu dha. ***Qorannoon yakkaa adeemsa qajeeltoo sababa fi bu'aa bu'uura godhatee gaggeeffamuu dha;*** ejjennoon (murtiin) qorattoota yakkaatiin fudhatamu ka'umsa qabatamaa tokko kan qabu ta'uu qaba jechuu dha. Hima biraatiin, qorattootni yakkaa hanga danda'amaa ta'etti fedhaa fi miira dhuunfaarraa bilisa ta'uun murtii ragaarratti hundaa'e kennuu akka qaban qajeeltoon kun ni hubachiisa. Kaayyoo gaggeessa qorannoo yakkaa keessaa inni guddaan tokko nageenyaa fi tasgabbi uummataa mirkaneessuu waan ta'eef, ***qorataan yakkaa hojiisaa keessatti nageenya uummataaf dursa kennuun nagaa boora'e hatattamaan tasgabbeessuutu irraa eegama.*** Xumura irratti, dhimmootaa fi faayidaaleef deebii yerootti kennuunis qajeeltoo qorannoo yakkaa keessaatti ramaadama. Bu'uura qajeeltoo kanaatiin gaggeessi qorannoo yakkaa hanga danda'amaa ta'etti dafee eegalamee yeroo gabaabaa keessatti xumuramuun faayidaalee hawaasaa hafa jirutti deebi'ii hatattamaa kennuu qaba.

1.1.4. Akaakuwwan qorannoo yakkaa

Yeroo qorannoo yakkaa itti eegalamu irratti hundaa'uun qorannoon yakkaa bakka gurgurdaa lamatti qoodamuu danda'a. Isaanis, yakki erga raawwatamee booda qorannoo gaggeeffamu (reactive), yakki utuu hin raawwatin qorannoo gaggeeffamu (proactive) jedhamu ¹⁵. Akaakuwwan qorannoo kanneen gabaabinaan akka armaan gadiitti haa ilaallu.

- I. Qorannoon yakki erga raawwatamee booda gaggeeffamu (reactive investigation) akaakuu qorannoo isa beekamaa dha. Kaayyoon gaggeessa akaakuu qorannoo kanaa inni guddaanis nama yakka raawwate seeratti dhiyeessuu ta'a. Nama yakka raawwate adda baasanii seeratti dhiyeessuuf tattaaffii taasifamu keessatti hojiin hojjetamu odeeffannoo

¹⁵ Akaakuun qorannoo yakkaa bakka gurguddaa lamatti kan qoodamu yoota'ellee yeroo ammaa kana akaakuu qorannoo sadaffaan mul'achaa jira. Innis *preventative intelligence gathering* kan jedhamu yoo ta'u xiyyeeffannoon isaas odeeffannoo walitti qabuu fi kuusuun rakkoowwan raawwatamuun yakkaa fidu xiqqeessuu dha.

walitti qabuu fi xinxaluun shakkamaan yakka raawwatame keessaa harka qabaachuusaa mirkaneessuu dha¹⁶.

- II. Yakki utuu hin raawwatamin qorannoo gaggeeffamu (proactive investigation) yeroo ammaa kana bal'inaan hojiirra ooluu kan jalqabee dha. Yakki utuu hin raawwatamin qorannoo yakkaa gaggeessuun yeroo dhiyoo keessa kan jalqabe yoo ta'u kaayyoon isaas poolisootni fi qaamoleen yakka qoratan yakkarra utuu hin ta'iin nama yakka raawwachuuf jedhurra xiyeeffannoo isaanii akka kaa'an gochuu dha. Akaakuun qorannoo kanaas yeroo baay'ee yakka shororkeessummaa fi gurmaa'inaan raawwatamu qorachuun yakkootti kanneen akka hin raawwatamne haala dhorkuu dha¹⁷. Haa ta'u malee, qorannoon kun of-eeggannoo guddaa fi dhoksaan kan gaggeeffamu waan ta'eef iftoomina barbaadamu kan gonfate miti; kanaafuu milkaa'inni fi fudhatamummaan isaa shakkisiisaa dha¹⁸.

Gaaffilee Marii

- a. Barbaachisummaa fi kaayyoo qorannoo yakkaa armaan olitti ibsaman irra deebi'aa ilaalaa. Qorannoon yakkaa naannoo keenyaatti gaggeeffamaa jiru hangam kaayyoo qorannoo yakkaa kana galmaan gahaa jira? Hanqinaaleen gama kanaan mul'atan adda baasuun ibsuu yaalaa.
- b. Qorannoon yakki akka hin raawwatamne ittisuuf gaggeeffamu hangam itti adeemamaa jira naannoo keenya keessatti? Dhimmoota kamirrattis bal'inaan gaggeeffama?
- c. Qorannoo yakki utuu hin raawwatamin gaggeeffamu moo yakki erga raawwatee booda gaggeeffamutu, mirga namaa kabachiisuun wal-qabatee, xiyeeffannoo guddaa barbaada jettu? Mirgi namaa gama kanaan akka xuqamnetti adeemsi adeemamuu qabu utuu maal ta'ee gaarii dha?

¹⁶Erga yakki raawwatamee booda qorannoon gaggeeffamu shakkamaa adda baasuu yoo ta'u kana raawwachuufis qorataan ijoowwan sadiirratti xiyeeffachuu qaba. Tarkaanfiin jalqabaa, bakka yakki itti raawwate diilla'uu fi qorachuun ragaa fi qabeenya yakki irratti raawwate walitti qabuu dha.hojiin biroon ragaa namaa fi nama yakki irratti raawwate adda baasuu fi kunuunsa barbaachisaa ta'e hunda gochuufii dha. Tarkaanfiin sadaffaa, ragaa namaa fi tekiniikaa walitti qabaman xinxaluu fi qaama dhimmi ilaalutti kennuu dha. (Tim Newburn, Tom Williamson and Alan Wright (editors), *Handbook Of Criminal Investigation*, Willan publishing, (2007), fuula 426-427

¹⁷ Tim Newburn, Tom Williamson and Alan Wright, Eds., *Handbook Of Criminal Investigation*, Willan publishing, (2007), fuula 427

¹⁸ Miiljalee olii

1.2. Haalawwan Qorannoon Yakkaa Itti Eegalamu

Qorannoon yakkaa himannaa abbaa alangaatiin, iyyata miidhamaa dhuunfaatiin ykn qabamuu yakka harkaa fi harkatti raawwatamaa jiruun jalqabama. Haalawwan qorannoon yakkaa itti eegalamu sadeen kunniin gabaabsinee akka armaan gadiitti haa ilaallu.

1.2.1. Eeruu dhiyaate bu'uureffatee qorannoo yakkaa eegalamu

Eeruu dhiyaate bu'uureffatee qorannoon gaggeeffamu yakkoota gabaasa nama kamirraayyuu dhiyaatu ka'umsa godhachuun himachiisuu fi adabsiisuu danda'uu dha¹⁹. Yakkootni eeruu dhiyaate bu'ureechuun qorannoon yakkaa irratti gaggeeffamu, eeruun abbaa alangaatti ykn poolisiitti akkuma dhiyaateen qorannoon irratti gaggeeffamuu eegala²⁰. Eeruu dhiyaaterratti hundaa'ee qorannoon gaggeeffamu mirga namootaa akka hin sarbinetti qaamoleen eeruu fuudhan qajeelfama seerri kaa'ee jiru sirriitti hordofuu qabu.

1.2.2. Iyyata miidhamaa dhuunfaarratti hundaa'ee qorannoo yakkaa eegalamu

Qorannoon yakkaa iyyata miidhamaa yakkaatiin ykn bakka bu'aa isaatiin dhiyaatu irratti hundaa'uun eegalamu, yakkoota dhimma dhuunfaa miidhamaa irratti xiyyeeffatanii dha. Yakkootni kanneen iyyatni qorannoon akka eegalu yaada dhiyeesu qorattoota yakkaaf dhiyaatu malee qorannoon yakkaa irratti hin gaggeeffamne yakkoota nageenya hawaasaa booressan miti jedhamuun beekamu. Fakkeenyaaf, yakkoota sasalphoo miseensota maatii keessatti raawwataman²¹ fi sodaachisuu²² yakkoota miidhamaan yakkaa ykn bakka bu'aan isaa iyyata dhiyeessu malee qorattootni yakkaa- poolisii ykn abbaan alangaa- qorannoo yakkaa irratti gaggeessuu hin eegallee waan ta'aniif qorattootni dursanii yakkoota akaakuu akkasii adda baafachuu qabu²³. Haaluma kanaan, sababni humnaan olii yoo jiraate malee miidhamaan ykn bakka bu'aan isaa guyyaa raawwatamuu yakkichaa beekke kaasee baatii sadii keessatti iyyata qorattoota yakkaatti dhiyeessuu qaba²⁴. Sababa humnaan oliitiif daangaa yeroo ka'ame kana

¹⁹ Seera Deemsa Falmii Yakkaa Impaayera Itoophiyaa (1954), Kwt 16

²⁰ miiljalee olii, Kwt 16(1)

²¹ Miiljalee lakoofsa 11, Kwt 664

²² Miiljalee armaan olii, Kwt 580,

²³ Addunyaa Fullaas fi Addunyaa Dabalaa, *Seera Deemsa Falmii Yakkaa: Dhimmoota Dhagaha Duraa Jiran*, (Moojulii Leenjii Hojiirraaf qophaa'e), (2004), fuula 11

²⁴ Miiljalee lakkofsa 11, Kwt 213

keessatti hin dhiyeessine taanaan guyyaa rakkinni akka himata hin dhiyeessine isa dhorke sun hafee kaasee baatii sadii keessatti iyyatasaa dhiyeessuutu irraa eegama.

1.2.3. Yakka utuu raawwatamaa jiru qabamerratti qorannoo yakkaa eegalamu

Yakki tokko raawwatamaa utuu jiruu harkaa fi harkatti yoo qabame eeruu fudhuun utuu hin barbaachisin battaluma qabametti qorannoo dhimmicharratti eegaluun ni danda'ama²⁵. Yakki tokko harkaa fi harkatti qabame jechuuf ulaalgaalee seerri teechise sadii keessaa tokko guutee yoo argamee dha. Ulaagaaleen sunniinis, shakkamaan yakka utuu raawwachaa jiru to'annoo jala yoo oolee, yakka raawwachuuf yaalii gochaa utuu jiru yoo qabame fi yakka raawwatee akkuma xumureen battalatti ordoffii taasifameen yoo qabamee dha²⁶. Bifuma wal-fakkaatuun, yakkoota amala yakka harkaa fi harkatti qabamee qaban (quasi-flagrant offences) kan akka nama yakka raawwatee seera jalaa milquuf kaachaa jiru hordoffii uummataan battalatti qabame, iyya uummataa dhagahuun poolisiin bakka yakki itti raawwatetti battala yoo argame fi utuu yakki raawwatamaa jiruu ykn akkuma raawwatameen iyyi miidhamaa dhagahamee uummatni itti yoo dirmate yakkoota kanneen irratti, eeruu eeguun utuu hin barbaachisin, qorannoon yakkaa gaggeessuun ni danda'ama.

Gaaffilee Marii

- a. Haalawwan qorannoon yakkaa ittiin eegalaman jedhamanii tarreeffaman kanneen hangam qabatamatti hojiirra oolaa jiru? Gama kanaan seeraa fi hojimaata gidduu garagarummaan jira jettuu?
- b. Muuxannoon yakkoota harkaa fi harkatti raawwataman qorachuun wal-qabatee seera deemsa falmii yakkaa kwt 19 fi 20, fi RTD gidduu hojimaatni jiru maal fakkaata?

1.3.Hojiiwwan gaggeessa qorannoo keessatti hojjetamanii fi haala raawwii isaanii

Hojiiwwan adeemsa qorannoo yakkaa keessatti hojjetaman baay'ee fi xiyyeeffannoo kan barbaadan yoo ta'u kanneen yaadota boqonnawwan lammaffaa fi sadaffaa keessatti ibsamaniif bu'uura ta'uu danda'an mata-duree kana jalatti gabaabsinee ilaalla.

²⁵ Miiljalee lakkoofsa 24, fuula 15

²⁶ Miiljalee lakkoofsa 20, Kwt 19(1)

1.3.1. Raga walitti qabuu

Hojiiwwan adeemsa qorannoo keessatti hojjetaman keessaa hojiin guddaan raga walitti qabuu dha. Ragaan akaakuu sadii qaba: raga namaa, raga barruu fi raga qaamaa jedhamuun kan beekaman yoo ta'u raawwatamuu fi haalli raawwii yakkaa ragoota kanneenin mirkanaa'uu ni danda'u. Mata-duree xiqqaa kana jalatti haala ragootni walitti ittiin qabaman ilaalla.

I. Hordoffii gaggeessuu

Raga roga-qabeessaa fi amanamummaa qabu funaanuu dura bakkaa fi haala ragootni barbaachisan itti argaman adda baafachuun barbaachisaa dha; raawwannaan kun ammoo hordoffii (surveillance) jedhama. Hordoffiin nama yakkaan shakkame, bakkaa yakki itti raawwatame jedhamee shakkamee fi meeshaalee yakki irratti raawwatee fi ittiin raawwatame adda baasuuf kan raawwatamuu dha; kaayyoon isaas qorannoon yakkaa adeemsifamuuf jiru maal irratti xiyyeeffachuu akka qabu kan akeekuu waan ta'eef dhimmoota kanarratti hubannoo argachuuf jecha adeemsa iccitiin adeemamuu dha jechuun ni danda'ama²⁷.

II. Bakka yakki raawwatamee deemuun raga walitti qabuu

Ragootni ijoo falmii mirkaneessuuf tajaajilan bakka adda addaatti kan argaman yoo ta'u raga gahaa walitti qabachuuf bakki filatamaan bakka yakki itti raawwatee dha. Bakka yakki itti raawwatame deemuun kan walitti qabamu waan ta'eef bakka sana deemuun iddoo yakki itti raawwate daangessuu fi eegu, shakkamaa qabuu, raga funaanuu fi kunuunsa barbaachisaa kennuu, raga-baatota adda baasuu fi af-gaaffii waliin adeemsisuu hojiiwwan kkf raawwachuun raga gahaa fi amanamaa walitti qabuuf faayidaa guddaa kan qabu yoo ta'u adeemsa qorannoo yakkaa keessatti qorannoo yakkaa sadarkaa duraa jedhamee beekama.

Akkuma irra deebi'amee ibsame, faayidaan bakka yakki raawwatetti qorannoo gaggeessuu inni guddaan tokko raga qaamaa (physical evidence) walitti qabuu dha. Ragaan qaamaa raga ijoo raawwii yakkaa wal-xaxaa ta'anii fi dhokataa ta'an ibsuuf dandeettii guddaa kan qabu waan ta'eef keessumaa haala raawwannaa yakkaa, meeshaa yakki ittiin raawwate, eenyummaa shakkamaa fi kkf qulqulleessuuf kan gargaaru waan ta'eef yeroo hunda xiyyeeffannoo guddaatu itti kennama. Haa ta'u malee, raga qaamaa walitti qabuu fi hiikuun ogummaa, dandeettii fi meeshaa adda addaa fi yeroo waan barbaaduuf biyya keenya keessatti bal'inaan kan hin

²⁷ Michal D. Lyman, *Criminal Investigation: The Art And The Science*, 5th ed. (2008), fuula 19

gaggeeffamne ta'uunsaa sadarkaa raawwatamuu yakkaa mirkaneessuu gadi akka bu'u taasisera; ragaan sobaas akka baballatu taasisuu keessatti shoora mataa isaatii gumaacheera jechuun ni danda'ama. Kanaafuu, gara fuul-duraatti qaamoleen qorannoo yakkaa gaggeessan ragaa namaa fi barruu qofa irratti hundaa'uurra ragaa qaamaarratti xiyyeeffachuun barbaachisaa dha.

III. Jecha shakkamaa fuudhuu fi galmeessuu

Namni yakka raawwaateera jedhamee shakkamu adda bahee waajjira poolisitti erga dhiyaatee booda tarkaanfiiwwan fudhataman keessaa tokko jecha shakkamaa fuudhuu fi galmeessuu dha. Heerri mootummaa fi seerri deemsa falmii yakka²⁸ qaamni jecha shakkamaa fuudhuu fi galmeessu jecha utuu hin fuudhin dura shakkamaan mirga callisuu akka qabu fi jechi inni kennuu akka ragaatti akka fudhatamu itti himuu fi bilisa ta'ee jecha isaa akka kennu haala mijeessuu qaba. Haala mijawaa kana keessatti jechi himatamaan kennamu hundi galmeeffamuun mana murtiitti akka ragaatti shakkamaa kanarratti kan dhiyaatu ta'a. Kanaafuu, jechi kenname fudhatamummaa guutuu akka qabaatutti jecha galmeeffame shakkamaaf dubbisuun jechichi kan inni bilisaan kenne ta'uu kan ibsu mallattoo isaa galmicharra akka teechisu ni taasifama.

Jecha shakkamaa kan fuudhuu fi galmeessu qorattoota yakkaa qofa miti; bu'uura seera deemsa falmii yakkaa kwt 35tti manni murtiis jecha shakkamaa fuudhee ni galmeessa. Qaamolee lameen kanneen biratti jecha shakkamaa fuudhuu fi galmeessuun kaayyoo tokko kan qabu yoo ta'ellee dabalataan mana murtiin akka fuudhamu gochuun fudhatamummaa ragaa shakkamaarraa argamu mirkaneessuuf raawwii taasifamuu dha. Jechi mana murtiitti kennamu dhiibbaa adda addaa naannoo qorannoo yakkaatti shakkamaarra gahurraa bilisa jedhamee waan amanamuuf jechi shakkamaa mana murtiin akka fuudhamu ta'a²⁹; manni murtiis galmees jecha shakkamaa irratti galmeessu irratti namni kun bilisan jechasaa kennuu kan ibsu teechisuu qaba. Aangoo yakka raawwatameera jedhamu ilaaluuf aangoo hin qabu yoo ta'ees manni murtii sadarkaa kamiyyuu jecha shakkamaa fuudhuuf aangoo ni qabaata³⁰.

²⁸ Heera Mootummaa RDFI (1987) fi kwt 27, Seera Deemsa Falmii Yakkaa, Kwt 19(2),

²⁹ Fisher, *Confession Given Without Consent and Art 35 of Ethiopian Criminal Procedure Code*, Ethiopian Journal Law, vol. 3, No. 1 (Addunyaa Fullaas fi Addunyaa Dabalaa, *Seera Deemsa Falmii Yakkaa: Dhimmoota Dhagaha Duraa Jiran*, (Moojulii Leenjii Hojiirraaf qophaa'e), (2004), fuula 39) irraa kan fudhatame.

³⁰Haata'u malee, yakka malaammaltummaa wajjiin wal-qabatan ilaalchisee manneen murtii sadarkaa hundarra jiran jecha shakkamaa fuudhuu akka hin dandeenye labsiin farra-malaammaltummaa ni ibsa. Kwt 7(4), Labsii Adeemsa fi Ragaa Addaa Farra Malaammaltummaa (kan fooyya'e), labsii lak 434/1997

IV. Af-gaaffii gaggeessuu

Raawwii yakkaa mirkaneessuuf ragoota hojiirra oolan keessaa baay'inaan ragaa namaan kan qixxaatu hin jiru. Ragaa namaa baay'inaan hojiirra haa oolullee malee sadarkaan amanamummaa isaa ragoota kan biraa wajjiin yoo madaalu gadi bu'aa dha. Amanamummaa dhabuu ragaa namaatiif akka sababaatti kan ka'an fedhii fi dandeettii nama qorataa gaaffii gaafatuu fi nama gaaffii deebisuu yeroo baay'ee gita barbaadamu gahuu dhabuu, fi maloota adeemsa af-gaaffii adeemsisuu keessatti hordofamuu qaban hubachuun hojiirra oolchuu dhabuu akka ta'e barreessitootni ni ibsu. Kaaafuu, qorataan yakkaa af-gaaffii yeroo gaggeessuuf jedhu ofii isaatii fedhii fi dandeettii qabaachuu qofa ilaalu utuu hin ta'iin nama gaaffii deebisuufis haala mijataa uumuun barbaachisaa dha.

Itti dabalees, qorataan nama gaaffii deebisu waan argateef af-gaaffii duukaa gaggeessuu utuu hin ta'iin ragaa gahaa fi amanamaa argachuuf dursee qophii barbaachisaa ta'an hunda raawwachuutu irraa eegama. Qophii taasifamuu qabu akka fakkeenyaatti caqasuuf, nama jecha kennurraa maaltu akka eegamu dursanii adda baafachuu, walitti dhufeenya nama jecha kennuu fi yakka raawwatame gidduu jiru sirriitti beekuu, yeroo fi bakka jechi itti fuudhamu mijeessuu, gaaffiiwwan dhiyaachuu qabaniif fi duraa-duuba isaanii adda baasuu fi kkf of-keessatti hammata³¹.

V. Sakatta'uu fi harkaa fuudhuu (search and seizure)

Yakka raawwatame mirkaneessuuf ragaan gargaaru qaama shakkamaa irratti ykn bakka jireenya isaa keessatti argama jedhamee amanamnaa sakatta'iinsi qaamaa fi bakka jireenya shakkamaarratti gaggeeffamuu akka danda'u seerr teechisee jira³². Kaayyoon sakkata'iinsa gaggeessuus ragaa qabatamaa fakkeenyaaf meeshaa raawwii yakkichaaf hojiirra oolan kan akka qawwee, cuubee, qabeenya hatame, sanadootaa fi kkf qaama ykn bakka jireenyaa fi oolmaa shakkamaatti argamu walitti qabuun shakkamaan yakka jedhame raawwachuu fi shoora inni raawwii isaa keessatti qabu adda baasuuf qooda guddaa qaba. Sakatta'iinsi qaamarratti taasifamu mallattoo qubaa, iddattoo dhiigaa, dhagalaa'aa qaamaa fi kkf fuudhuun labooratootiin sakatta'uun shakkamaan nama yakka raawwatame jedhame kan raawwate ta'uusaa kan adda ittiin baasanii dha.

³¹ Miiljalee lakkoofsa 29, fuula 30-42

³² Miiljalee lakkoofsa 20, Kwt 32

Seerri deemsa falmii yakkaa Itoophiyaa amma hojiirra jiru qaama sakata'iinsi irratti raawwatu waan lama qofa ibsa-qaama shakkamaa fi bakka inni jiraatu. Sababa kanaaf, manni jireenyaa akka sakkata'amuuf ajaja kennamerratti hundaa'uun meeshaalee adda addaa qee'ee keessa jiran sakkatta'uun ni danda'amaa fi hin danda'amurratti ogeessotni seeraa ejjennoo adda addaa utuu qabatanii mul'atu. Haa ta'u malee, muuxannoon biyyoota baay'ee akka mul'isutti shakkamaan ragaa dhoksee jira yaadni jedhu yoo jiraate sakata'iinsi qaama, korojoo, uffata fi konkolaataa namni sun qabatee jiru, akkasumas sakatta'iinsi bakka shakkamaan jiraatu irratti gaggeeffamu moora, mana, ijaarsa adda addaa manichaan wal-qabatanii jiran hunda akka hammatu hundarratti akka gaggeeffamu nutti argisiisa.³³

1.3.2. Ragaa Qindeessuu fi madaaluu

Ragaan karaa adda addaatiin walitti qabame ijoo falmii kan mirkaneessu ta'uusaa adda baafachuuf, adeemsa qorannoo yakkaa keessattis yoo ta'e, ragaan madaalamuu qaba. Ragaanis bifa rogummaa, fudhatamummaa fi amanamummaa seera duratti qabaachuu danda'uun madaalama. Rogummaa ragaa yoo jennu walitti hidhamiinsa raagaan sun yakka raawwatamee wajjiin qabu fi dandeettii ragichi ulaagaalee seeraa, amilee fi raawwii yakkichaa mirkaneessuuf qabu kan ilaallatuu dha. ragaan dhiyaate tokko fudhatamummaa qaba jechuuf haalli ittiin walitti qabame kan seerri hayyame ta'uu fi dhimmicha mirkaneessuuf ragaa dhiyaachuu hin dandeenyee dha jedhee seerri kan teechise yoo hin taane ta'ee dha. Ragaan mana murtiitti dhiyaatu fudhatamummaa fi rogummaa kan qabu qofa utuu hin ta'iin amanamaa ta'uu waan qabuuf qaamoleen ragaa madaalan dhimma xiyyeeffannaa kennuufii qabani dha. ragaan sababoota hedduun amanamummaa dhabuu danda'a; fakkeenyaaf, erga yakki raawwatee waggoota baay'ee booda ragaan namaa kennamu, aantummaa/firummaan namoota ragaa bahanii, nama amanamummaa hawaasa keessatti hin qabne ta'uu fi haala ittiin ibsameen amanamummaan ragaa gaaffii jala galuu danda'a.

Ragaaleen tooftaa qorannoo adda addaatiin walitti qabaman madaalamuun mana murtiitti dhiyaachuu ni danda'u jedhamanii beekaman mana murtiitti utuu hin dhiyaatin dura qindeeffamuu qabu. Ragaa qindeessuu jechuunis akkaataa fudhatamummaa, rogummaa fi

³³ Fakkeenyaaf, biyyoota Awurooppaa baay'ee keessatti sakatta'iinsa qaama shakkamaa irra keessa qofa utuu hin ta'iin keessa qaama isaatilee akka dabalatu barreeffamootni hedduun ni mul'isu (Chirstan Van Den, *Criminal Procedure System In Eropan Community*, page 200). Sakatta'iinsi ajaja mana murtii fi ajaja mana murtii ala gaggeeffamuu danda'a bu'uura seera deemsa falmii kwt 32(1) fi 33tti.

amanamummaa isaanitti adda baasuu, tarreessuu, sadarkeessuu fi filachuu ykn murteessuu dhimmoota jedhan kan of-keessatti hammatuu dha³⁴. Kaayyoon ragaa qindeessuu inni guddan akkaataa duraa-duuba ijoo falmii mirkanaa'uu fi sadarkaa mirkaneessuu danda'uu ragoolee walitti qabamaniin ragaa tarreessuun haala salphaa fi yeroo gabaabaa keessatti falmii dhiyaaaturratti murtiin akka keennamu haala mijeessuu dha.

1.3.3. Mirga wabiirratti yaada/murtii kennuu

Nageenya fi tasgabbi biyyaa fi hawaasaa mirkaneessuuf jecha haala addaan seeraan kan dhorkame yoo ta'e malee³⁵, namootni yakkaan shakkamanii to'annoo jala jiran mirga wabiin gadi-lakkifamuu qabu³⁶. Haaluma kanaan, bu'uura imaammata sirna haqaa Mootummaa RDF Itoophiyaa lakkoofsa 3. 21. 3tti³⁷ namootni yakkoota shororkeessummaa fi malaammaltummaa tokko tokko raawwatan, sanyii dhala namaa balleessuu, dirqisiisanii gudeeduu, wal-quunnamtii saalaa daa'imman irratti raawwataman akkasumas sirna heera mootummaa irratti raawwachuun shakkaman mirga wabiin gadi-lakkifamuu hin qaban. Itti dabalees, tumaaleen seeraa mirga heera mootummaan kenname kana daangessuu danda'an s/d/f/y kwt 63 fi 67 irratti kanneen tumamanii jiru.

Bu'uura s/d/f/y kwt 63tti mirgi wabiin gadi-lakkifamuu sababoota sadiin daangeffamuu danda'a; isaanis, yakki shakkamaan raawwate jedhame kan du'aan ykn hidhaa cimaa waggaa 15 fi isaa oliin adabsiisu yoo ta'e, ykn namni yakki irratti raawwatame carraa du'uu kan qabu yoo ta'e dha. Sadarkaa qorannootti ka'uu yoo baates, tokkoo tokkoon ulaagaalee caqasaman kanneenii of-danda'anii mirga wabii dhorkisiisuu danda'u fi ulaagaaleen sadeen kanneen guutamanii yoo argaman mirgi wabii dhorkama gaaffiin jedhu ogeessota seeraa bara dheeraaf ijoo wal-falmisiisaa turee dha. Murtiiwwan manneen murtii [murtii mana murtii dhaddacha ijibbataa Federaalaa dabalatee³⁸] fi wixineen seera deemsa falmii yakkaa Itoophiyaa bara 2003 akka

³⁴ Miljalee lakkoofsa 29, fuula 53

³⁵ Miiljalee lakkoofsa 1, Lakkoofsa 3.21.3

³⁶ Heera mootummaa FDR Itoophiyaa, Kwt 19(6)

³⁷ Akkasumas labsiilee s/d/f/ addaa yakka malaammaltummaa fi ragaa, labsii lak 434/97, labsii farra shororkeessummaa, labsii lak 652/2001 fi labsii kashalabbee hamaa to'achuuf bahe, labsii lak 384/96 ilaalaa

³⁸ Fakkeenyaaf, falmii A/Alangaa mootummaa naannoo Amaaraa fi Tamasgeen Addisuu gidduutti gaggeeffame, MMWF dhaddacha Ijibbaataa, galmees lak 35695, (Unka 9ffaa irraa kan fudhatame)

ibsanitti ulaagaaleen kanneen of-danda'anii mirga wabii dhorkuu kan danda'anii dha [bal'ina dhimma kanaa moojulii dhimmoota dhagaha yakkaa duraa irratti qophaa'e ilaalaa³⁹].

Mirga wabii irratti murtii kennuuf dhimmootni yaada keessa galfamuu qaban kan biroon kanneen /s/d/f/y kwt 67 irratti ibsaman yoo ta'an isaanis amala shakkamaa wajjiin walitti hidhata kan qabanii dha. Isaanis, namni mirga wabiin gadi-lakkifamuuf jedhu dirqama seenu kan hin kabajne, yakka biroo raawwachu ni danda'a kan jedhamu yookan ragoota balleessuu danda'a jedhamee nama fudhatamu yoo ta'e mirgi wabii isaatii akka hin kabajamne ta'a jechuu dha. Ulaagaalee caqasaman kanneen mirkaneessuuf ragaalee dhiyaatan ilaalchisee ejjennoo fi muuxannoon walfakkaataa biyya keenya keessa akka hin jirre murtiiwwan manneen murtii adda addaa ni ibsu⁴⁰.

Mirgi wabii mana murtiin kabajamutti dabalee haala addaatiin poolisii fi abbaa alangaatiin carraa kabajamuu ni qabaata. Haalotni addaa sunis s/d/f/y fi immaammata sirna haqaa yakkaarratti ibsamani jiru; bu'uura s/d/f/y kwt 28(1)tti haal-dureewwan armaan gadii yoo guutan poolisiin waraqaa wabii mallatteessisuun shakkamaa gadi lakkisuu ni danda'a. Haal-dureewwan sunis⁴¹,

- i. Yakki raawwatame jedhame adabbii cimaa kan hin hordofsiifne yoo ta'e
- ii. Yakka jedhame raawwachuun shakkamaa kan nama shakkisiisu yoo ta'e
- iii. Ragaa gahaan kan irratti hin argamne yoo ta'ee dha

Gaaffilee Marii

- a. Imaammata sirna haqaa yakkaa armaan olitti caqasame lakkoofsa 3. 21 irratti a/alangaa fi poolisiin shakkamaan dhiyaachuu ni danda'a jedhani yoo amanan murtii mataa isaanitiin wabiin gadi lakkisuu akka danda'an ibsee jira. Tumaan imaammata kanaa ijoo wabiin gadi lakkifamuu shakkamaarratti a/alangaa fi poolisii waliin ta'uun murtii kennuu qabu jechuu isaati moo lamaanuu mata mataatti kennuu ni danda'u jechuusaati?
- b. Ajajni sakatta'iinsa qabiinsaa waliigalaa fi addaa jedhamee bakka lamatti qooda. Bu'uura s/d/f/y kwt 32(2) fi gucni ajaja sakkatta'iinsaa irratti barreessan ajajni

³⁹ Addunyaa Fullaasii fi Addunyaa Dabalaa, *seera deemsa falmii yakkaa dhimmoota dhagaha duraa jiran*, moojulii leenjii hojiirraaf qophaa'e, (2004 ILQSO), fuula 62-66

⁴⁰ Miiljalee armaan olii, fuula 66-70

⁴¹ Miiljalee lakkoofsa 29, fuula 93

sakatta'iinsaa bakka sakatta'amu fi meeshaa qabamu adda baasee caqasa. Meeshaan haqabamu jedhamee hin caqasamne qabamee yoo dhiyaate akka ragaatti fayyaduu ni danda'a?

- c. Bu'uura s/d/f/y kwt 34tti keessi qaama shakkaamaa kan akka dhiigaa, aangoo dhiiraa (sperm) fi kkf ogeessa fayyaatiin akka qoratamu poolisiin ajaja kennuu akka danda'u ni eera. Aangoon ajaja kennuu kun poolisiif yoo kennamellee yeroo ammaa kanatti ajaja kennuu kanaatti a/alangaa yaada kennaa jiraa? Yaada kennaa jira yoo ta'e barbaachisummaan isaa akkamitti ilaaltu?
 - a. Adeemsa qorannoo yakkaa keessatti hojiin ragaa madaaluu fi qindeessuu gahee hojii abbaa alangaati yaadni jedhu jira. Yaada kana qabatama yeroo ammaa yaada keessa galchuun attamitti madaaltu?
 - b. Mirga wabii ilaalchisee mana murtiitti yaada kennuuf a/alangaa hangam yaada qorattoota poolisii keessummeessaa jira? Mirga wabii waajjira poolisiitti kennamu ilaalchisee qaamolee lameen kanneen hangam waliin mari'achuun murtii kennaa jiru naannoo keessanitti?

BOQONNAA LAMA

Qindoominaan Qorannoo Yakkaa Gaggeessuu A/alangaa fi Qorattoota Poolisii: Muuxannoo Biyyoota Garagaraa

Seensa

Adeemsa qorannoo yakkaa keessatti hojiin hojjetaman baay'ee fi wal-xaxaa akkasumas carraa isaan ol'aantummaa seeraa fi mirga lammiilee irratti dhiibbaa geessisuu danda'an bal'aa waan ta'eef, adeemsa xiyyeeffannoo qaamolee adda addaa barbaaduu dha. Adda durummaan, qaamoleen haqaa adeemsa qorannoo yakkaa keessatti hirmaatan qorattoota poolisii fi a/alangaa yoo ta'an hojii kana keessatti sadarkaan hirmaannaa isaanii ykn gaheen hojii isaan qaban biyyaa biyyatti akkasumas yeroo gara yerootti jijjiirama guddaa agarsiisaa jira. Waliin ta'uun qorannoo yakkaa gaggeessuu poolisii fi a/alangaa ilaalchisee waggoota digdaman darban keessatti fooyya'iinsi argame baay'ee jajjabeessa akka ta'etti fudhatama. Fakkeenyaaf, biyyoota sirna seeraa komanii hordofan keessatti abbummaan qorannoo yakkaa kan gaggeessu poolisii kan ture yoo ta'u yeroo ammaa kana garuu hirmaannaa a/alangaa qabu daraan guddachaa jira.

Biyyoota sirna seeraa siivilii hordofan keessatti gahee a/alangaa qorannoo yakkaa keessatti qabu guddaa dha; keessattuu, poolisii waliin ta'uun qorannoo yakkaa gaggeessuu a/alangaa ilaalchise. Hirmaannaan kunis bara durii kaasee seeraan beekamtii kan argatee fi itti hojjetamaa kan jiruu dha. Sirnoota lamaan kanneen keessaa biyyi keenya harka caalaa sirna seeraa siivilii kan hordofu yoo ta'ellee hanga dhiheenyaatti poolisii waliin ta'uun hojii qorannoo yakkaa hojjechuu ilaalchisee a/alangaa hirmaannaa xiqqaa qaba ture. Cimina dhabuun qindoomina qaamolee lameen kanaa ammoo qorannoon baasii xiqqaa fi yeroo gabaabaa keessatti gaggeeffamuun kaayyoo barbaadamu galmaan akka hin geenyeef gufuu ta'aa tureera jechuun ni danda'ama.

Naannoo Oromiyaatti, JBAH hojiirraa oolchuuf labiin bara 2000 keessa bahe labiin lakk 132/2000 a/alangaa poolisii waliin ta'uun qorannoo yakkaa akka gaggeessu tumuun qaamoleen kanneen waliin hojjechuu erga eegalanii waggootni jaha kan lakkaa'aman yoo ta'u bu'aa guddaanis gama kanaan akka argamuuf gumaacha guddaa taasiseera jechuun ni danda'ama. Haa ta'u malee, qindoominni kun yeroo dhiyoo waan jalqabeef gama seeraanis ta'e hariiroo dhuunfaa miseensota qaamolee lameen kanneen gidduu jiru ilaalchisee haala barbaadamuun lafa qabateera jechuun hin danda'amu. Adeemsa waliin hojjechuu keessatti, fakeenyaaf gaheen hirmaattotaa sirriitti ifa ta'ee beekamuu dhabuu fi gabbachuu dhabuun muuxannoo waliin hojjechuu akka gufuu tokkootti kan fudhatamuu dha.

Haaluma kanaan xumura boqonnaa kanaatti leenjifamtootni,

- ✓ Adeemsa qorannoo yakkaa keessatti shoora poolisii fi a/alangaa dhuunfaa fi waliin qaban, akka waliigalaatti, maal akka fakkaatu ilaalchisee hubannoo dabalataa ni argatu,
- ✓ Qorannoo yakkaa walii wajjiin gaggeessu a/alangaa fi poolisii ilaalchisee muuxannoon sirnoota seeraa komanii fi seeraa siivilii hordofan maal akka fakkaatu adda ni baafatu,
- ✓ Biyyoota adda addaa keessatti poolisii fi a/alangaa waliin qorannoo yakkaa gaggeessan keessatti gama kanaan bu'aawwan akka waliigalaatti argamanii fi gufuwwan qindoomina qaamolee kanneenii ta'uun mul'atan maal akka ta'an hubannoo ni argatu,
- ✓ Gufuwwan qindoomina a/alangaa fi poolisii ta'uun biyyoota baay'eetti adda bahan maqsuuf yaadota furmaataa ogeeyyii adda addaan dhiyaatan maal akka ta'an ni hubatu.

2.1.Qaamolee Qorannoo Yakkaa Keessatti Hirmaatan: Poolisii fi Abbaa Alangaa

Biyyaa biyyatti garagarummaa yoo qabaatellee qaamoleen hojii qorannoo yakkaa keessatti adda durummaan hirmaatan poolisii fi a/alangaa dha⁴². Haaluma kanaan, mata-duree kana jalatti gahee poolisii fi a/alangaa gaggeessa qorannoo yakkaa keessatti qaban gabaabsinee illaala.

2.1.1. Gahee poolisiin gaggeessa qorannoo yakkaa keessatti qabu

Adeemsa qorannoo yakkaa keessatti, poolisiin yakki raawwatamuuf kan jiru ta'uu, yaalamee kan fashalaa'e ykn kan raawwatame ta'uu qorannoo yakkaa dhimmicharratti gaggeessuun dhugummaa dhimmichaa mirkaneeffata. Ragaan dhugummaa eeruu ykn iyyata dhiyaatee mirkaneessuuf dhiyaate shakkisiisaa yoota'ellee dhimmicharratti qorannoo gaggeessuun adda baafachuu qaba malee qorataan poolisii galmee cufuu akka hin qabne s/d/f/y Itoophiyaa kwt 23 irratti ni hubachiisa.

Qorattootni poolisii qorannoo yakkaa jalqabaa kaasani hanga dhumaatti kan gaggeessan waan ta'eef qaama hojii kanarratti ogummaa, dandeettii fi aangoo daraan olaanaa ta'e qabuu dha jechuun ni danda'ama. Biyyoota tokko tokko keessatti ammoo hojiin qorannoo gahee hojii dhuunfaa qorattoota poolisii ta'ee waan fudhatamuuf a/alangaa hojicha keessatti hin hirmaatu. Biyyoota a/alangaa qorannoo yakkaa keessatti hirmaatuttis yoo ta'e poolisiin abbummaan qorannoo yakkaa kan raawwatu waan ta'eef adeemsa qorannoo yakkaa keessatti hojiiwwan bal'aa fi walxaxaa hojjechuun beekama. Haaluma kanaan, qorattootni poolisii hojiiwwan adeemsa qorannoo yakkaa keessatti raawwataman kan akka eeruu/iyyata fuudhuu, dhugummaa iyyatichaa/eruchaa mirkaneessuuf ragaa namaa fi wantootaa walitti qabuu, raga-baatota gaaffii gaafachuu, sakatta'iinsa gaggessuu, shakkamaa to'annoo jala oolchuu fi odeeffanno irraa walitti qabuu, mirga wabiirratti murtii kennuu, wantoota akka ragaatti qabaman fakkeenyaaf cira ol-kaa'uu fi kunuunsa barbaachisaa ta'e gochuu, gabaasa qorannoo yakkaa dhiyeessuu fi hojiiwwan kana fakkaatan ni hojjeta.

Hojiin qorannoo yakkaa ol'aantummaa seeraa keessumaa mirga namuummaa wajjiin walitti hidhata guda kan qabuu dha: adeemsa hojichaa keessatti carraa seerii fi mirgi namootaa xuqamuu danda'u guddaa dha. Kanaafuu, qorattootni poolisii hojii qorannoo yakkaa yeroo gaggeessan mara ol'aantummaa seeraa fi mirgoota namoomaaf kunuunsa barbaachisaa ta'e

⁴²Fakkeenyaaf, biyya Faransaayitti adeemsa qorannoo yakkaa keessatti hirmaatan poolisii, a/alangaa fi abbootii seeraa rogammaa fi amansiisuu danda'uu ragaa walitti qabamerratti murtii kennanii dha.

hunda kennuu qabu; adeemsi qorannoo yakkaa seera jiru kan kabaju ta'uu yoo baate qulqullina hojjichaa gadi-buusutti dabalee amantaa uummatni qaamolee haqaarraa qabu waan xiqqeessuuf ijoo qorattootni yeroo hunda dagachuu hin qabnee dha⁴³.

Hariiroo poolisiin yeroo si'anaa a/alangaa wajjiin qabu yaada keessa galchuun labsiin qaamota raawwachiiftuu mootummaa naannoo Oromiyaa irra-deebi'iin murteessuuf bahe lakkoofsi 163/2003 kwt 34 irratti poolisiin yakkoota aangoo mana murtii waliigala Oromiyaa ta'ani fi qorannoo takiniikaa a/alangaa waliin ta'uun kan gaggeessu ta'uu tumee jira. Labsiin kun poolisiin hojii qorannoo yakkaa a/alangaa wajjiin ta'uun akka hojjetan beekamtii seeraa kan kennuu yoo ta'u bal'inni dhimma kanaas boqonnaa itti aanu keessatti dhiyaata.

2.1.2. Gahee a/alangaa gaggeessa qorannoo yakkaa keessatti qabu

Himannaa dhiyeessuu fi mana murtii dhaabbate falmuutti dabalee, xiqqaatus guddatus, biyyoota hunda keessatti a/alangaa gaggeessa qorannoo yakkaa keessatti gahee barbaachisaa ni xabata. Biyyoota sirna seeraa komanii hordofan keessatti gahee a/alangaa hojii qorannoo keessatti hojjetu muraasa yoo ta'u biyyoota sirna seeraa siivilii hordofan keessatti ammoo hojii bal'aa hojjeta; sirna seera qofas utuu hin ta'iin qajeeltoo seeraa biyyi tokko hordoftus gahee a/alangaa qorannoo yakkaa keessatti qabu murteessurratti shoora guddaa xabata. Garagarummaan kun akkuma jirutti ta'ee gahee a/alangaa dhimma kana keessatti qabu bakka gurguddaa sadiitti qooduun ni danda'ama.

I. Dhimmoota dursa qorannoo irratti gaggeeffamu adda baasuu

Biyyoota baay'ee keessatti yakkootni qorannoon irratti gaggeeffamuu qaban hedduu yoo ta'an dursa dhimma qorannoon irratti gaggeeffamuu qabu adda kan baasu a/alangaa dha (fakkeenyaaf, biyya Denmaarki, Hangarii fi Jorji'aa)⁴⁴. Biyyoota muraasa fakeenyaa biyya Beeljiyeem keessatti a/alangaa dhimma dursi kennamuufii qabu kantiibaa wajjiin kan murteessu yoo ta'u biyya fakkeenyaaf biyya Nezerlaanditti ammoo poolisii fi kantiibaa wajjiin ta'ee murteessa. Hanqinni humna namaa fi qabeenyaa yoo mudate fakkeenyaaf biyya Garmaanii fi Siwizerlaanditti a/alangaa poolisii wajjiin dubbachuun yakkoota sasalphoo qorannoon irratti

⁴³ Dhaabaa Dirribaa, *Qorannoo Yakkaa*, moojulii leenjii hojiirraa (kan fooyya'e), (2005), ILQSO, fuula 77

⁴⁴ Miiljalee olii, fuula 6

gaggeeffamuu eegale yeroof dhaabuun yakka cimaa amma raawwatame qorachuutti deebi'na jedhanii waliin ta'anii murteessu⁴⁵.

II. Qajeelfama/gorsa qorattoota yakkaaf kennuu

Milkaa'ina qorannoo yakkaa poolisiin gaggeessu dhugoomissuu cinatti a/alangaa gaggeessi qorannoo yakkaa haala seerri ajajuun gaggeeffamuusaa mirkaneessuuf jecha qajeelfama/gorsa barbaachisaa ta'e qorattoota poolisiif kenna. Qajeelfamni/ gorsi a/alangaa qorattoota poolisiif kennuu akka seerri biyyichaa ajajutti dirqisiisaa ta'uu ykn dirqisiisaa ta'uu dhabuu ni danda'a⁴⁶. Fakkeenyaaf, biyya Faransaayi, Jarman, Hangarii, Sirbiyaa, Montenegroo keessatti qajeelfama a/alangaa adeemsa qorannoo yakkaarratti kennu qorattootni poolisii hojiirra oolchuuf dirqama kan qaban yoo ta'u biyya Awustiriyaa, Ingilizi, Weelsi, Swidiin, Iyerlaand, Fiilandi fi kkf keessatti qajeelfamni/gorsi a/alangaa laatu dirqisiisaa waan hin taaneef qorattootni poolisii hojiisaanii raawwachuuf faayida qaba jedhanii kan itti amanan yoo ta'e qofa simatanii hojiirra oolchu⁴⁷.

Qajeelfama/gorsa a/alangaa qorattoota poolisiif kennu bakka gurguddaa sadiitti qoodanii ilaaluun ni danda'ama. Isaanis, qorannoon yakkaa akka jalqabamu ykn akka itti fufu ajaja kennuu (to instruct the instigation of investigations), daangaa qorannoon yakkaa tokko keessatti gaggeeffamuu danda'u murteessuun ajaja kennuu (to give instruction on the scope of investigations) fi akaakuu, mala ykn tooftaa qorannoon yakkaa tokko itti gaggeeffamuu qabu addaa baasuun ajaja dabarsuu (to decide on the type of investigations) dha. Biyyota baay'ee keessatti yakkoota cicimoo kan ta'aniin ala (fkn Faransaayi) qorattootni poolisii eegalamuu qorannoo yakkaa a/alangaaf gabaasa gochuun hojiisaanii kan itti fufan yoo ta'u biyyoota muraasa keessatti (fkn Sirbiya fi Montenegroo) qorattootni qorannoo tokkollee utuu hin eegaliin dura a/alangaa dhimmisaa ilaallatutti gabaasuu fi qajeelfama fudhachuu qabu⁴⁸. Daangaa fi mala qorannoo irratti qajeelfamni kennamu ajaja waa'ee waliigalaa gaggeessa qorannoo kan ilaallatu ykn hojiiwwan qorannoo yakkaa keessatti raawwataman haalaa fi mala kamiin hordofuu akka qaban ajaja darbu ta'uu ni danda'u. Haaluma kanaan, qorataan qajeelfama maalii hordofee

⁴⁵ Miiljalee olii

⁴⁶ Cooperation between the police and prosecutors, *Effective administration of the police and the prosecutor in criminal justice*, (2002), the working production of the 120th international senior seminar, fuula 198

⁴⁷ Peter J.P. Jak, The Relationship Between Public Prosecutors And The Police In The Member States Of The Council Of Europe, *Conference of prosecutors general of Europe 6th session*, May 2005, fuula 2-4

⁴⁸ Miiljalee armaan olii, fuula 4

qorannoo akka gaggeessu, adabsiisuu danda'uu fi ulfaatina yakkichaa, fudhatamummaa fi amansiisummaa ragaa, eenyurraa ragaan akka walitti qabamu, haala kamiin af-gaaffiin dhiyaachuu akka qabuu fi gara fuul-duraatti tarkaanfiin attamii akka fudhatamu ilaalchisee a/alanga biyyoota tokko tokko keessatti ajaja kan dabarsu yoo ta'u qorattootnis dirqama ajaja kana hojiirra oolchuu ni qabaatu, fakkeenyaaf biyya Fiilandi⁴⁹.

Biyyoota a/alangaa qorannoo yakkaa hoogganutti hojii qorannoo yakkaa poolisiin adeemsisuu ilaalchisee badii uumamuu danda'uuf itti gaafatamummaa ni qabaata. Hariiroo a/alangaa poolisii wajjiin qabaachuu malu seeraan dhiyeenya kan tumame yoo ta'es biyyoota sirna seeraa komanii hordofan keessatti a/alangaa qorannoo yakkaa keessatti jalqabumaa kaasee haalli itti hirmaatu bal'inaan ni mul'ata, fakeenyaaf biyya Ingilizii fi Ameerikaatti⁵⁰. Keessattuu, qorannoo yakkoota cicimoo irratti adeemsifaman ilaalchisee aangoon poolisii maal akka ta'ee fi aangoo isa haala kamiin hojiirra oolchuu akka qabu itti dhiyeenyaan gorsa ni laata. Gahee isarraa eegamu kana sirnaan bahuu baannaan a/alangaa biyyoota baay'ee keessatti itti gaafatamummaa kan fudhatu ta'a

III. Qorannoo yakkaa gaggeessuu keessatti hirmaachuu

Biyyoota baay'ee keessatti a/alangaa qorattoota yakkaa qajeelchuu/ajajuutti dabalee ofii isaatiis akka qorattoota tokkoo ta'ee bakki qorannoo itti gaggeessuus ni jira. Fakkeenyaaf, biyyoota sirna seeraa komanii hordofan keessatti a/alangaa ofiisaatii qorannoo raawwachuu yoo baatellee akka biyya Ingilizii fi Welsi keessatti bara 1988 ALA eegalee a/alangaa poolisii wajjiin ta'uun yakkoota akka gowomsaa fi malammaltummaa qabeenyaa biyyaarratti raawwataman qorachaa jira. Bifuma wal-fakkaatuun, biyyi Taayilaandi sirna seeraa komanii kan hordoftuu fi hojiin poolisii fi a/alangaa qaama adda addaatiin kan gaggeeffamu yoo taatellee *Special Investigation Bureau* waajjirra jedhamu hundeessuun a/alangaa yakkoota cicimoo fi walxaxaa ta'an irratti jalqabaa kaasee poolisii wajjiin qorannoo akka gaggeessuu fi hoogganu taasistee jirti⁵¹.

⁴⁹ Miiljalee olii

⁵⁰ Sirna seeraa komanii keessatti a/alangaa qorannoo yakkaa keessatti kan hirmaatu yoo ta'ellee qorannoo abbummaan kan gaggeessu miti; akkasumas qorannoo yakkaa poolisiin gaggeesse hin calalu, seera qabeessummaa isaas hin madaalu [dhimma kana bal'inaan armaan gaditti ilaalla].

⁵¹ Sutthi Sookying, The department of special investigation bureau of Thailand, *126 th international senior seminar*, fuula 5-8 (http://www.unafei.or.jp/english/pdf/RS_No66/No66_20PA_Sookying.pdf)

IV. Qorannoo yakkaa poolisii harkaa fudhee gaggeessuu

Biyyoota a/alangaa qorannoo yakkaa keessatti hirmaatuu keessatti⁵² yakkoota xiyyeeffannoo hawaasaa keessa seenan kan akka dinagdee biyyaarratti raawwataman yookaan abbootii aangoo ol'aanootiin (namoota siyaasa biyyaa gaggeessanin) raawwatamanii fi dandeetii qorannoo yakkaa ol'aanaa gaafatan ilaalchisee a/alangaa qorannoo yakkaa poolisoota harkaa fuudhee ofiisaatii haalli itti gaggeessu ni jira⁵³. Fakeenyaaf, biyya Jarmanitti gurmuun a/alangaa yakka dinagdeerratti raawwataman irratti qorannoo gaggeessuun qabeenyicha mootummaa ykn abbaa qabeenyaatii galii akka ta'u kan hojjetu jira. Gurmuun kun caaseffama qaama qorannoo gaggeessuu fi haala raawwii qorannoo irratti murtii kan kennuu fi waliigala gaggeessa dhimmichaa kan to'atuu dha. Itti dabalees, biyya Filaandi, Denmark fi Siwizerlaanditti yakka raawwate jedhamee kan shakkame miseensa poolisii yoo ta'e qorannoo sana abbummaan simatee kan gageessu abbaa alangaa ta'a. Haala a/alangaa qorannoo poolisii harkaa fuudhee gaggeessu kana keessattis yoo ta'e deeggarsa ogummaan wal-qabatee carraa poolisootni qorannoo sana keessatti hirmaachuu guddaa dha.

a. Waliin Qorannoo Yakkaa Gaggeessuu A/alangaa fi Poolisii

Qaamoleen qorannoo yakkaa keessatti hirmaatan kanneen adeemsa qorannoo keessatti haalli isaan waliin akkasumas dhuunfaan hirmaatan akka jiru armaan olitti ilaalleera. Waliin ta'anii qorannoo yakkaa gaggeessuu isaanii ilaalchisee biyyoota hunda keessatti muuxannoon wal-fakkaatu hojjiirra oolaa hin jiru. Garagarummaan kun ammoo heddumminaan sirnoota seeraa irraa madda. Sirnootni seeraa bara kana keessa bal'inaan hojjiirra oolaa jiran lama: sirna seeraa komanii fi seeraa siivilii jedhamu. Sirnootni kanneen adda durummaan seera hojjiirra oolchan, haala seerota sana hojjiirra oolchani, fi gahee hojiifi aangoo qaamolee seera hojjiirra oolchaniin garagarummaa qabaatu. Sirnoota kanneen keessatti a/alangaa fi poolisiin daangaan aangoo isaanii fi qindoominni isaan waliin qaban akkasumas seenaan isaan waliin ta'anii qorannoo yakkaa gaggeessan adda addummaa qaba. Garagarummaan kun ammoo gahee hojii fi aangoo

⁵² Biyyoota a/alangaa si'oominaan qorannoo yakkaa keessatti hin hirmaanne kan akka Bulgaariyaa, Ingilizii, Ayerlaand, Lativiyaa fi Ltaniyaa keessatti a/alangaa qorannoo poolisiin gaggeessaa jiru harkaa fuudhee haalli ofiisaatii itti gaggeessu hin jiru.

⁵³ Fakkeenyaaf, biyya Neezerlaandis, Siloovaakiyaa fi Itaaliyaa keessatti faayidaa biyyaa eegsisuuf barbaachisaa dha jedhee yoo yaada a/alangaa qorannoo poolisiin gaggeessaa jiru harkuu fudhee ofiisaatii gageessuu ni danda'a (Peter J.P. Jak, The Relationship Between Public Prosecutors and the Police In the Member States Of The Council Of Europe, *Conference of prosecuro general of Europe 6th session*, May 2005, fuula 6)

a/alangaa fi poolisii qorannoo yakkaa gaggeessuu keessatti qaban irratti bal'inaan waan calaqqisuuf akkasumas gahee hojii qaamoleen kanneen qorannoo yakkaa biyya keenyaa keessatti qaban hubachuuf bu'uura waan ta'uuf akka armaan gadiitti bal'ifnee haa ilaallu.

2.2.1. Waliin qorannoo yakkaa gaggeessuu a/alangaa fi poolisii: Sirna seeraa komanii keessatti

I. Muuxannoo biyya Ingilizii fi Weelis

Sirna Angilo-Ameerikaa keessatti a/alangaa qaama qaamolee haqaa ta'uun hojiisaa ifatti kan eegale bara kam akka ta'e hin beekamu⁵⁴. Biyya Ingiliziitti jaarraa 16ffaa dura ragaa kan walitti qabuu fi gahumsa ragaa walitti qabamee kan madaalu juurii ture⁵⁵. Juurotni ragaa kan walitti qabanii fi madaalan qofas utuu hin ta'iin akka raga-baatotaattis (witnesses)kan tajaajilan turan. Kanaafuu, jaarraa sana dura, juurotni qaama ragaa bahu, ragaa walitti qabuu fi ragaa walitti qabame madaaluun yakka raawwatame mana murtiitti akka dhiyaatu kan murteessan akkasumas mana murtii dhaabachuun waa'ee yakkichaa gama hundaan kan dubbatan turan⁵⁶. Juurotni hojii akaakkuu hedduu hojjetan kanneen, keessummaa biyya Ingilizii keessatti, *Angevin system of self-informing juries* jedhamu.

Angevin system of self-informing juries kan jedhaman kanneen jaarraa 14ffaa keessa laafuu eegalan. Jaarsoleen nannoo yakki itti raawwatamee walitti qabaman (juurotni bara durii sun) adeemsa keessa raga-baatotaa fi namoota gahumsa ragaarratti murtii kennaan ofitti makuu jalqaban. Naannoo jaarraa 15ffaa keessa raga-baatotnii fi juuronti guutummaatti adda fo'amaa kan dhufan yoo ta'u jalqaba jaarraa 16ffaatti waa'ee yakka isaan mana murtiitti dhiyeessani ilaalchisee hubannoo isaan qaban laafaa ta'uu eegale; gahee hojii isaan gama sanaan qabanis jaarraa sana keessa guutummaatti irraa fudhatame. Kanaafuu, jaarraa kanaa as juurotni akka abbootii seera qofatti tajaajiluu irratti argumu jechuu dha. Haaluma kanaan, gaheen hojii akka raga-baatuutti tajaajiluu fi ragaa madaaluu qaama biratiin hojjetamuu eegale.

⁵⁴ Fakkeenyaaf, biyya Ingiliziitti a/alangaa akka qaama mootummaa tokkooti of-danda'ee hundeeffamuun hojiisaa kan eegale jaarraa 19^{ffaa} keessa yoo ta'u aangoo fi itti gaafatamummaan isaa sirriitti seeraan kan tarreeffame labsii haqa yakkaa jedhamu bara 1985 baheen ture (Despina Kyprianou, *Comparative Analysis Of Prosecution Systems (Part I): Origins, Constitutional Position And Organization Of Prosecution Services*, London university (2008), fuula 4)

⁵⁵ Juuriin garee lamarraa kan ijaarame ture: garee ragaa walitti qabuu fi gahumsa ragaa funaanamee kan madaalu. Akkuma beekamu, juurotni namoota bebbeekamoo ta'anii fi naannoo yakki itti raawwate kan walitti qabaman waan ta'aniif waa'ee raawwannaa yakkichaa dursanii namoota beekaniidha jedhamu.

⁵⁶ James B. Thayer, *A Preliminary Treatise On Evidence At The Common Law*, (1898), fuula 90

Biyya Ingilizii keessatti namootni yakki irratti raawwate ykn namootni isaaniin bakka bu’anii himannaa dhiyeessan yeroo tokko tokko fedhii himannaa dhiyeessuu waan dhabaniif akkasumas gahumsa barbaachisu waan hin qabneef yakkootni baay’een utuu hin adabamin hafu turan; adabamuu dhabuun yakkaa ammoo yakki akka baballatuu taasisa waan ta’eef jarraa 16ffaa keessa *justice of the peace* kan jedhamu aangoo yakkoota ciccimoo fi sasalphoo qorachuu gonfate. Keessumaa yakkoota ciccimoo irratti qaamni kun aangoo iyyata miidhamaa fuudhuu, raga-baatota waamuu fi gaafachuu akkasumas shakkamaa qabuu fi qorachuu, fi wabiin gadi-lakkisuu ni qaba ture; walumaagala *justice of the peace* dhaabbata (qaama) of-danda’e tokko ta’uun qorannoo yakkaa dhagaha duraa (preliminary examination) akka gaggeessu ta’eera⁵⁷. Haa ta’u malee, gahumsa ykn himachiisuu danda’uu ragaa walitti qabamee qorachuun himannaa mana murtiittii dhiyeessuu qaamni kun kan eegale bara 1606tti yoo ta’u innis falmii Deelii (Dell’s case) kan jedhamurratti ture⁵⁸. Aangoon himannaa dhiyeessuu *justice of the peace* aangoo qorannaa yakkaa gaggeessuurraa kan madde ta’uusaa barreessitootni ni ibsu⁵⁹.

Bifuma wal-fakkaatuun, muuxannoon biyya Ingilizii biyya Ameerikaa keessattis raawwatamaa tureera. Haa ta’u malee, faayidaa mootummaa eegsisuuf jecha himanni abbaa alangaan mana murtiitti dhiyaachuu kan eegale biyya Ingilizii durseeti jechuun ni danda’ama. Jaarraa 18ffaa dura himatni abbaa alangaatiin dhiyaatan yakkoota muraasa yoo ta’an isaanis yakkoota dantaa siyaasa biyyaa ilaallatan qofa turan⁶⁰. Yakkootni sasalphoo fi dantaa namoota dhuunfaa abbaa alangaan mana murtiitti hin dhiyaatan turan; booda keessa garuu aangoon himannaa dhiyeessuu abbootii alangaa dhimmoota caqasaman kanneenillee kan dabalatu ta’aa dhufe. Hojii qorannoo yakkaa keessatti gaheen a/alangaa yaada dhiyeessuu qofa akka ture muuxannoo biyya Ingilizii fi Ameerikaa qofa utuu hin ta’iin kan biyya Ayerlaandi, Awustiraaliyaa, Niwu Ziilaandi fi Kanaadaas akka ta’e seenaan ni bsa⁶¹.

⁵⁷ Jaarraa 14ffaa eegalee miseensotni justice of the peace ta’anii filataman aangoo nama yakka hojjete qabsiisuu ni qabu turan, keessumaa nama qabamee jiru wabiin gadi-lakkisuuf aangoo guddaa kan qaban yoo ta’u sababa miseensotni qaama kanaa tokko tokko aangoo isaanii seeraa ala fayyadamaniif labsii Marian jedhamuun bara 1555 akka haqamu ta’e. Bara kana booda aangoon kun miseensotarraa ka’ee dhaaba *justice of the peace* jedhamuuf kenname.

⁵⁸ Falmii Dell’s case jedhamu kanarratti dubartiin Annis Dell jedhamtuu fi ilmi ishee daa’ima waggaa sadii ajjesanii boolla keessatti kan gatan yoo ta’u yakkichi rifachiisaa ta’ee waan argameef abbootiin aangoo Justice of the peace kan jedhamu dhimmicha qorachuun himannaas mana murtiitti akka dhiyeessu ajajame. Bifuma kanaanis himannaan dhiyaatee adabbiin namoota yakka raawatan jedhaman kanneen irratti darbe.

⁵⁹ John H. Langbein, *the origin of public prosecution at common law*, (1973), page 335

⁶⁰ Miiljalee olii, fuula 315

⁶¹ Despina Kyprianou, *Comparative Analysis Of Prosecution Systems (Part II): The Role Of Prosecution Services In Investigation And Prosecution Principles And Policies*, fuula 4

Guddachaa deemuun seera ragaa, laafuun juurotaa fi faayidaa mootummaa eegsisuuf tattaaffii taasifame cinatti, biyyoota sirna seeraa komanii hordofan keessatti himanni yakkaa abbaa alangaatiin akka dhiyaatu kan taasisan keessaa isa guddaa tokko jechuun ni danda'ama. Bu'uura seera ragaa biyyoota kanneenitti wal-falmitootni lameen of-danda'anii falmii kan gaggeessan yoo ta'u gaheen abbaa seeraa falmicha keessatti dhugaa baasuuf taasisu kan biyyoota sirna seera siivilii hordofanii gadi. Kanaafuu, yakka ittisuuf namni yakki akka adabamu falmaa jiru nama ogummaa seeraa fi dandeetti falmii gaggeessuu qabu ta'uutu irraa eegama. Itti dabalees, seerri ragaa seerota deemsa falmii yakkaa dhagaha duraa fi dhagaha boodaa bitan keessaa tokko waan ta'eef ogeessa seera kana hubachuu danda'uun falmiin yakkaa akka gaggeeffamuuf haala mijeessuuf tattaaffii taasifame keessaa tokko a/alangaa ragaa walitti qabuu fi gahumsa isaa mirkaneessuu keessatti akka hirmaatu gochuu ture. Haaluma kanaan, waajjirri a/alangaa of-danda'ee bara 1986 biyya Ingilizii keessatti akka hundaa'u ta'uun hojiin himannaa dhiyeessuu fi falmuu abbaa alangan akka gaggeeffamu yoo tumamu hojiin qorannoo yakkaa ammoo poolisii qofaan gaggeeffamuu eegale.

Qaamoleen kanneen adda bahanii hojiisanii akka gaggeessan sababootni taasisan hedduu dha. Isaanis, itti gaafatamummaa raawwii qorannoo fi himannaa dhiyeessuu fi falmuu bifa ifa ta'een abbaa itti gochuu⁶², ilaalcha fi hariiroo qaamoleen lameen kunniin waliin qaban cimsuu, fi a/alangaa hojii qorannoo yakkaa keessatti kallattiin yoo hirmaate ragaa muraasaa akkasumas ragaa miira dhuunfaasaarratti hundaa'uun dhimma mana murtiitti dhiyeessu akka hin madaalle isa taasisa yaadni jedhus waan tureef a/alangaa hojii qorannoo keessatti akka hin hirmaanne ta'e; hojii isaatiif gaarii ta'a jedhee poolisiin yoo amane garuu gorsa a/alangaa gaafachuu danda'a. Bu'uura seera sanaatiin, a/alangaa hojii qorannoo yakkaa to'achuu hin danda'u; biyya Ingilizii keessatti haala nama ajaa'ibuun himannaa dhiyeessuuf ragaan dhiyaate gahaa fi gahaa ta'uu dhabuu kan murteessuu poolisii waan ta'eef ragaa poolisiin walitti qabe gahaa miti jedhee a/alangaa yoo amanellee ragaa dabalataa poolisiin akka walitti qabuuf ajaja kennaa hin ture. Adeemsi sun garuu rakkoo adda addaaf sirna haqaa biyyattii waan saaxileef adeemsa haaraa hordofuun barbaachisaa ta'uusaa amanan-adeemsa a/alangaa fi poolisii waliin ta'anii qorannoo yakka gaggeessuu qabu jedhu. Rakkoowwan sanaa fi adeemsa haaraa kana muuxannowwan biyyoota sirna seeraa komanii hordofan muraasa kaafnee akka armaan gadiitti ilaalla.

⁶²Miiljalee olii, fuula 2

Biyyoota sirna seeraa seeraa komanii hordofan keessatti a/alangaa hojii qorannoo yakkaa keessatti hirmaachuu dhabuun kaayyoon gaggeessa qorannoo yakkaa guutummaatti galma akka hin geenye akka taasise qorannoon baay'een addeessaniiru. Hanqinaalee sunniin keessaa muraasa caqasuuf, poolisii qofaan qorannoo gaggeessuun ragaa gahaa walitti qabuu dhabuu keessumaa ragaa baay'ee barbaachisaa ta'an dagachuu akkasumas darbee darbee ammoo ragaa dogoggorsiisoo ta'anitti fayyadamuun hedduminaan mul'achaa tureera. Hanqinaaleen kanneen ammoo yeroo dhagaha dhimmaa ykn dhagaha booda waan mul'ataniif taatee isaan hordofsiisan hanqamuu kan hin dandeenyee, dhiibbaa guddaa fidaa kan turan ta'uun hubatameera. Rakkoowwan kanneen xiqqeessuuf furmaatni fudhatamuu qaba jedhamee qorannoowwan baay'een adda bahe a/alangaa gaggeessa qorannoo keessatti hirmaachuu qaba kan jedhuu dha⁶³.

A/alangaa hojiisaa keessatti- himannaa dhiyeessuu fi falmii gaggeessuu ilaalchisee milkaa'uu kan danda'u haala raawwatiinsa yakkichaa irratti hubannoo gahaa kan qabu yoo ta'ee dha; hubannoo gahaa argachuuf ammoo gaggeessa qorannoo keessatti kallattiin hirmaachuun barbaachisaa dha. Kanaafuu, qorannoon yakkaa poolisii qofaan akka gaggeessu gochuun aangoo qorannoo yakkaa keessatti hirmaachuu a/alangaa dhowwachuu qofa utuu hin ta'iin aangoo himannaa dhiyeessuu fi falmuu inni qabu xiqqeessuu ykn hojii himannaa dhiyeessuu fi falmuu poolisiin akka to'atu taasisuu irraa fagoo miti jedhu namootni baay'een⁶⁴. Kanaafuu, hubannoo fi gahumsa barbaachisu a/alangaa gonfachiisuuf a/alangaa gaggeessa qorannoo keessatti akka hirmaatu gochuun dirqama.

Yakkootni haaraan fakkeenyaaf yakka gurmuun hojjetamu, yakka maallaqa milqisuu fi yakka qoricha sammuu namaa adoochu daldaluun yeroo gara yerootti baballachaa waan adeemaniif qorannoo yakkoota kanneen irratti gaggeessuuf poolisootni ofuma isaaniitii gargaarsa abbootii alangaa gaafachuu eegalan. Uumammuun yakkoota haaraa seerotni gaggeessa qorannoo yakkaa bitan wal-xaxaa akka ta'an waan taasisaniif qorannoo yakkaa keessatti hirmaachuun abbootii alangaa hedduu barbaachisaa akka ta'u taasiseera. Haaluma kanaan, biyya Ingilizii keessatti, a/alangaa fi poolisiin waliin tan'anii, wal-tumsanii akkasumas qindoomanii qorannoo yakkaa akka raawwatan yaadni bu'uura baraa 1997 fi 1998 ALA keessa dhiyaate; haaluma sanaan a/alangaa poolisii waliin ta'uun akaakuu yakkoota baay'ee irratti qorannoo waliin gaggeessuu

⁶³ Fionda J., *Public Prosecutors And Discretion: A Comparative Study*, Oxiford, Clarendon Press (1995), fuula 14

⁶⁴ Miiljalee olii

eegalan⁶⁵. Wal-ta'uun kun beekamtii seeraa argachuun guutummaatti hojiirra kan oole bara 2003 ALA yoo ta'u a/alangaa yeroo hunda poolisii wajjiin mari'achuu fi hojjechuu akka qabu seerichi ni dirqisiisa. Kitaabni tokko⁶⁶ kaayyoo sirnichaa akka armaan gadiitti afaan Ingiliziin ibsa:

The unified prosecution system has the objective to eliminate at the earliest opportunity of hopeless cases, the production of more robust prosecution cases, the elimination of unnecessary or unwarranted delays and the reduction of the number of trials that 'crack' through the acceptance of guilty pleas to reduced charges at a late state in the process.

Haaluma kanaanis, biyya Ingiliziitti yakki raawwatame jedhamerraa kaasee a/alangaa haala gaggeessa qorannoo yakkaa fi bu'a qabeessummaa ragaawwaan isaa ilaalchisee gaggeessaa fi qindeessaa ta'ee tajaajilaa jira⁶⁷.

I. Muuxannoo Biyya Ameerikaa

Poolisii fi a/alangaa waliin ta'anii qorannoo yakkaa gaggeessuu akka qaban mootummaan Ameerikaa kan beeksise bara 1931 ALA yoo ta'ellee ejjennoon kun gara hojiitti utuu hin jijjiiramnin baroota dheeraa lakkofsiseera⁶⁸. Akka yaada haaraa sanatti, qaamni qorannoo yakkaa gaggeessu ogeessota sadarkaa madaallii ragaa mana murtiitti barbaachisu, ragaa roqummaa qabuu fi seera deemsa falmii yakkaa sirritti beekan- abbaa alangaa- ofkeessaa qabaachuun barbaachisaa akka ta'e ijoo irratti waliigalan dha⁶⁹. Haa ta'a malee, naannoleen baay'een yaada haaraa kana fudhachuun poolisii fi a/alangaa waliitti dhufanii kaayyoo tokkoof- adabsiisuuf- qorannoo yakkaa akka gaggeessan ta'eera. Fakkeenyaaf, naannoon Maayin jedhamu bara 1987tti a/alangaa fi poolisiin wal-ta'anii yakka qoricha sammuu namaa adoochurratti qorannoo yakkaa saffisaa fi milkaa'ina qabu akka gaggeessan seera taasisu baasuun hojiirra olche. Akka seera sanaatti, qaamoleen kanneen walitti dhufanii waliin mari'atu, adeemsa isaarrattis tokko lama

⁶⁵Qaamoleen lameen kanneen waliin ta'anii qorannoo gaggeessuun bilisummaa himannoo dhiyeessuu a/alangaa qabu miidha jedhanii namootni falmaa turan baay'eedha. Haa ta'u malee, waliin ta'anii hojjechuun isaanii barbaachisaa akka ta'e mootummaan waan itti amaneef qaama gamtoomina isaanii bulchu – criminal justice units-jedhamu hundesse (Justice Baldwin and Hundit, prosecutor advising in police station, *criminal law review*,(2000)

⁶⁶ Brownlee, I. D., The Statutory Chargin Scheme In Engalan And Walse: Towards A Unified Prosecution System (2004), *Criminal law review*, fuula 869

⁶⁷Miiljalee olii, fuula 902-903

⁶⁸ John Buchanan, *Police-Prosecutor Teams: Innovations In Several Jurisdictions*, National Institute of Justice of America Reports, No. 214/June 1998, fuula 2-3

⁶⁹ John L. Worrall, *Prosecution In America: A Historical And Comparative Perspective Account*, State University of New York Press (2008), fuula 16

jedhanii waliif ibsu akkasumas yakka raawwatamu irratti haala kamiin qorannoo akka gaggeessan karoora baafatu.

Wal-ta'anii hojjechuun poolisii fi abbaa alangaa, yeroo gabaabaaf rakkinni isaan gidduutti kan uumamu yoo ta'ellee wal-dhabdee uumamuu danda'u fulla'iinsaan akka furan isaan taasisaa. Wal-dhabdewwan uumaman fulla'iinsaan furuuf dirqamaa fi gahee hojii ofii cimsanii beekuun barbaachisaa dha. Gahee fi dirqamni qaamolee haqaa kanneen gaggeesa qorannoo yakkaa keessatti qaban biyyuma Ameerikaa keessatti naannoo naannootti garagarummaa qaba. Fakkeenyaaf, Naannoo Lakooniyaatti poolisiin dhimma qorannoo yakkaarratti yaada isa dhumaa kan dabarsu yoo ta'u dhimma himannaa dhiyeessuurratti ammoo abbaa alangaatu murtii kenna. Hanga danda'ametti namootni dhuunfaan poolisii fi a/alangaa ta'uun qorannoo waliin eegalan walumaan itti fufuun xumurarran gahu.

Magaalaa Niwu Yoorki keessatti poolisii fi a/alangaa waliin ta'anii qorannoo yakkoota cicimoo gaggeessuun yakkoota to'achuuf gumaacha guddaa taasisaa akka jiru barreeffamootni ni addeessu. Magaalaa kanatti hojiin qorannoo yakkoota cicimoo gahee hojii qaamolee kanneen lamani yoo ta'u akka qaama tokkottis waliin sochowu⁷⁰. Qaamoleen kanneen waliin ta'anii hojjechuun yakkotni haala barbaadamuun mana murtiitti dhiyaatanii yeroo gabaabaa keessatti akka adabaman ta'eera jechuun ogeessotni hedduun dhugaa bahu⁷¹. Naannoon Origen fi Maltinomayi yakkoota qabeenyaa fi qoricha sammuu namaa adoochu irratti qorannoo yakkaa gaggeeffamu ilaalchisee a/alangaa poolisoota waliin ta'uun hojjeta; nannowwan kanneenitti gaheen a/alangaa qorannoo irratti yaada kennuu fi beekumsa seeraatiin gargaaruu irratti xiyyeeffata. Abbootni alangaa fi poolisootni waliin ta'anii qorannaa gaggeessan kanneen hojiin isaanii mana murtiirratti milkaa'aa akka jiruu fi saffisa akka dabalaafii jiru ragaa bahaniiru⁷².

Naannowwan Lakoniyyaa fi Niwu Hemisferitti waliin ta'anii qorannoo gaggeessuun poolisii fi a/alangaa dhimmota cicimoo qofa utuu hin ta'iin yakkoota sasalphooratti raawwatiinsa akka qabaatu murteessanii itti hojjechuu edda eegalanii turaniiru. Haala sanaanis, qaamoleen lameen kanneen haalaa fi karoora qorannoo yakkaa waliin baasuun qorannoos waliin gaggeessu; haala kanaan wal ta'uun isaanii ammoo yakkootni hedduun akka adabaman taasisa jedhu ogeenyiin

⁷⁰ Yakkoota cicimoo irratti qorannoo gaggeessuuf gareewwan hedduun fakkeenyaaf homicide investigation unit fi gang unit kan jedhaman hundeeffanii jiru; miseensotni gareewwan kanneenii poolisii fi a/alangaa irraa walitti kan bahanii dha.

⁷¹ Miiljalee 62, fuula 4

⁷² Miiljalee olii

kanneen lamaan⁷³. Walumaagala, biyya Ameerikaatti, wal-ta'anii hojii qorannoo yakkaa hojjechuun a/alangaa fi poolisii qorannoon yakkaa saffisaa fi bu'a qabeessa jechuunis nageenya mirkaneessa, yakka hir'isaa akkasumas yeroo fi baasii qorannoo itti gaggeessan xiqqeessaa akka jiru qorannoon hedduun mirkaneessaniiru⁷⁴.

1.2.2. Waliin qorannoo yakkaa gaggeessuu a/alangaa fi poolisii: Sirna seeraa siivilii keessatti

Sirna seeraa siivilii keessatti dantaa uummataa kabachiisuuf uummata bakka bu'ee himannaa akka dhiyeessuuf a/alangaa kan hundeeffame utuu dhaabbanni poolisii hin hundeeffamiin dura⁷⁵. A/alangaa biyyoota sirna seera seeraa siivilii hordofan keessatti hojii qorannoo yakkaa keessatti hirmaannaa guddaa kan qabu yoo ta'ellee walitti dhufeenyi a/alangaa poolisii wajjiin qabu hanguma biyyoota sirna seera seeraa komanii hordofanillee iftoomina akka hin qabne barreessitootni adda addaa ni ibsu⁷⁶. Haa ta'u malee, sirna seera seeraa siivilii keessatti, akkuma waliigalaatti, a/alangaa dhimmoota raawwii dhagaha duraa keessatti raawwatan irratti, qorannoo yakkaa dabalatee, itti gaafatamummaa ni qabaata. Itti gaafatamummaan kun biyyaa biyyatti garagarummaa kan qabu yoo ta'ellee hojiwwan akka qorannoon yakkaa akka eegalamu ajajuu, daangaa qorannoorratti gorsa kennuu, qorannoo yakkaa gaggeessuu, qorannoo yakkaa keessatti hirmaachuu fi akaakuu qorannoo yakkaa adda baasuu keessatti a/alangaa gahee guddaa qaba⁷⁷. A/alangaa qorannoo yakkaa keessatti aangoo hangana bal'atu akka qabaatu sababoota taasisan keessaa tokko mirga namummaa kan akka qabiisnaa fi sakattaa'iinsaaf eegumsa barbaachisaa ta'e hunda kennuu yaada jedhurraa kan madde ta'uu barreessitootni ni ibsu⁷⁸.

Biyyoota sirna seeraa siivilii hordofan keessatti gahee a/alangaa gaggeessa qorannoo yakkaa keessatti qabu kan biyyoota sirna seeraa komanii hordofan irraa adda taasisu inni guddaan qajeelfama haalaa fi mala qorannoo yakkaa itti gaggeessan poolisiif tumuu danda'uu isaati⁷⁹. Itti dabalees, qorannoo gaggeessuu, daangaa raawwii qorannoo murteessuu, ofiin qorannoo

⁷³ Miiljalee olii

⁷⁴ Does the 'Community Prosecution' Strategy Reduce Crime? A Test of Chicago's Experience, *American Law and Economics Review* (August 2013)(<http://aler.oxfordjournals.org/content/early/2013/08/14/aler.aht012>)

⁷⁵ Miiljalee lak 55, fuual 3

⁷⁶ Miiljalee 62, fuula 8

⁷⁷ Haa ta'u malee, hirmaannaa a/alangaa qorannoo yakkaa keessatti qabu kun bu'ura seeraa kan qabu yoo ta'ellee qabatamatti garuu sababa hanqina ogummaa qorannoo yakkaa fi baajataatiin biyyoota sirna kana hordofan baay'ee keessatti qorannoo yakkoota hundaa irratti hirmaachaa akka hin jirre baarreeffamtootni adda addaa ni ibsu.

⁷⁸ Miiljalee 46, fuula 197

⁷⁹ Miiljalee 62, fuula 11

raawwachuu, gaggeessa qorannoo keessatti hirmaachuu fi akaakkuu gaggeessa qorannoo adda baasuuf a/alangaa aangoo qaba. Biyyoota kanneen keessatti a/alangaa sadarkaa aangootiin poolisii ol haa ta'uyyuu malee a/alangaa amantaa guddaa poolisiirraa kan qabu yoo ta'u hojii isaaniis wal-hubannaan waliin hojjetu. Haaluma kanaanis, biyya Faransaayi fi Jarmaan keessatti poolisiin gorsaa fi qajeelfama abbaa alangaarraa fudhachuuf yeroo hunda qopha'aa fi hayyamamaa dha; yaadaan wal-ta'uun isaanii kun ammaa waliin hojjechuu isaaniitiif humna guddaa isaaniif ta'aa akka jiru barreefamootni hedduun ni ibsu. Yaada kanarratti hubannoo gahaa qabaachuuf akka nu gargaarutti muuxannoo biyyoota sirna seeraa kana hordofan muraasa kaafnee haa ilaallu.

I. Muuxannoo Biyya Faransaayi

Biyya Faransaayi keessatti waajjirri a/alangaa bara 1808 ALA hundaa'ee hojii eegale. Biyyootni sirna seeraa siivilii hordofan kan akka Jarman, Beeljiyeemi fi kan biroo muuxannoo biyya Faransaayii kana akka ka'umsaatti fudhatanii jaarraa 19ffaa jalqaba waajjira a/alangaa hundeeffatan⁸⁰.

Biyya Faransaayitti, a/alangaa akkuma *trail judge* fi *judge d'instruction*⁸¹ miseensa qaama aanngoo abbaa seerummaa qabuu (mana murtii) fi a/alangaa ta'uun tajaajila⁸². Kanaafuu, a/alangaa gahee seera raawwachiiftuu fi abbaa seerummaa waan qabuuf qaama giddu-galeessummaan mana murtii, seera raawwachiiftuu fi hawaasa gidduu dhaabbatuu jehdamee fudhatama⁸³. Haaluma kanaan, a/alangaa mana murtiitti himatni akka dhiyaatu murteessuu, mana murtii dhaabbatee falmuu, *qooda himatnaa m/murtiitti dhiyeessuu, hiiktuu waldhabdee filannoo kan biroon akka fudhataman gochuu, nama balleessummaa isaa dursee beeksiseef murtiin akka salphatu yaada dhiyeessuu, adabbii maallaqaa, hayyama yeroo muraasaaf dhorkuu, hojii*

⁸⁰Miiljalee 55, fuula 26

⁸¹*Juge d'instruction (judge of inquiry)* is the member of the French judiciary whose role is to supervise criminal investigation; Judge of inquiry is a magistrate responsible for conducting the investigative hearing that precedes a criminal trial. In this hearing the major evidence is gathered and presented, and witnesses are heard and depositions taken. If the juge d'instruction is not convinced that there is sufficient evidence of guilt to warrant a trial at the end of the proceedings, no trial will occur. (Jacqueline S. Hogson, The French Prosecutor In Question, *Washington and Lee law review*, vol. 67, Issue 4, (2010), fuula 1360-1361)

⁸² Miiljalee armaan olii, fuula 1366; Hata'u malee, *trail judge* fi *judge d'instruction* ajaja qaama raawwachiiftuurraa bilisa yoo ta'an a/alangaa garuu caseffamaan seera raawwachiiftuu (ministry of justice) jala waan jiruuf ministerri haqaa miseensummaan isaa kun akka haqamu gochisiisuu ni danda'a

⁸³ Miiljalee armaan olii, fuula 1361 irratti gaheen hojii a/alangaa afaan ingilifaan akka itti aanutti ibsamee jira: prosecutor plays a hybrid function half executive, half judicial and become the necessary interface between the judiciary the state and the civil society.

humnaa hojjechiisuu cinatti tumama imaammata sirna haqa yakkaa fi hariiroo gaariin qaamolee haqaa naannoo isaa gidduutti akka uumamu gochuu keessatti gahee qaba⁸⁴.

Bu'uura seera deemsa falmii yakkaa kwt 41 biyyattiitti, gahee hojiiwwan a/alangaa kanneen keessaa akka ijootti kan fudhatamu itti gaafatamummaa gaggeessa qorannoo yakkaa keessatti inni qabuu dha. Tokkoo tokkoo qorannoo yakkaa irratti hirmaachuun akkuma jirutti ta'ee, akka waliigalaatti, a/alangaa haala gaggeessaa fi dhimma dursa qorannoon irratti gaggeeffamuu qabu ilaalchisee qajeelfama qorattoota poolisiif ni kenna; itti dabalees, namoota to'annoo poolisii jala jiran daawachuu fi af-gaaffii waliin gaggeessuun akka gadi lakkifaman ykn to'annoo sana jala akka turan murteessuu ni danda'a: aangoo abbaa seeraa qaba kan nama jechisiisus kana⁸⁵.

Qorataan poolisii shakkamaa sa'atii 24f to'annoo jala kan oolchuu yoo ta'u barbaachisaa ta'ee yoo argame turmaatin kun dabalataan sa'a 24f akka itti fufu a/alangaa murteessuu ni danda'a. Dhimmoota ciccimoo muraasa ta'anii fi to'annoo *judge d'instruction* jala galan ilaalchisee garuu turmaatni kun dabalataan sa'a 48f shakkamaan harka poolisii akka turu gochuun ni dana'ama yoo abbaan seeraa kun ajaje.

Haaluma kanaanis, raawwatamuu yakkaa poolisiin yeroo dhagahutti qajeelfama barbaachisaa argachuuf abbaa alangaatti gabaasa dhiyeessa; qabiinsaa fi sakkatta'iinsa taasise ilaalchisee yeroo hunda gabaasa guutuu abbaa alangaatiif dhiyeessuuf dirqama qaba⁸⁶. Sana booda a/alangaa poolisiin tarkaanfii akkamii fudhachuu akka qabu ajaja kennuu, namoota to'annoo jala oolan dawachuu, shakkamaa wajjiin gaaffii gaggeessuu, qorannoon akka itti fufu ykn adda citu murteessuu, bakka himannaa ADR (hiiktuu wal-dhabdee filannoo) adda addaatti fayyadamuu akkasumas dhimmoota muraasa (4% ta'uu danda'an) gara *judge d'instruction* –isa aangoo qorannoo bal'aa qabutti- erguun abbaa seeraa kanaan akka qajeelfaman gochuu ni danda'a⁸⁷. Hata'u malee, dhimma qorannoon irratti gaggeeffamaa jiru ega adda bahee beekamee gara abbaa seeraa kanatti darba; abbaan seeraa kunis adeemsa gaggeessa hojii qorannoo keessatti yeroo hunda qorattoota poolisii kan mari'achiisu yoo ta'u darbee darbee ammoo a/alangaa waliinis ni mari'ata. Dhimmichi hanga abbaa alangaatti deebi'utti a/alangaa qoranicha hordofuus haa ta'u

⁸⁴ Adabbii maallaqaa, hojii humnaa hojjechiisuu, hayyama yeroo muraasaaf dhorkuu fi kkf ilaalchisee a/alangaa yoo himatamaan waliigale murteessuu ni danda'a; murtichi raawwatiinsa kan argatu garuu m/murtii kan mirkaneessa yoo ta'e qofa.

⁸⁵ Miiljalee olii

⁸⁶ French Criminal Procedure: Law Commission, fuula 1, (http://www.lawcom.govt.nz/sites/default/files/french_criminal_procedure.pdf)

⁸⁷ Miiljalee olii, fuula 9

gaggeessuuf aangoo hin qabu; abbaan seerichaa qorannicha yeroo xumuru a/alangaa himannaa akka dhiyeessu ykn akka cufu yaada isaa dabarsuu ni danda'a.

Dhimmoota xiyyeeffannoo barbaadan ykn yakkoota cicimmoo ala kan jiran a/alangaa ykn *judge d'instruction* ilaalchisee qorattootni poolisii abbummaan qorannoo akka gaggeessan aangessuu (delegate) ni danda'u⁸⁸. Hata'u malee, yakkoota harkaa fi harkatti qabaman yoo ta'e malee adeemsa qorannichaa keessatti ijoo sakatta'iinsa mana jireenyaa fi sarara bilbila shakkamaa to'achuun (kutuun) dura qorataan poolisii judge d'instruction ykn a/alangaa hayyamsiisuu qaba. Itti dabalees, shakkamaan haa qabamu jedhanii waarantii barreessuu ykn bifa sirnawaa ta'een raga-baatotaa wajjiin gaaffii fi deebii raawwachuun hojii poolisiin qofaa isaa akka raawwatuuf dabarfamee kennamu miti⁸⁹.

Himantnaan mana murtiitti haa dhiyaatu jedhee murteessuuf aangoo kan qabu dhimma judge d'instruction hordofaa ture irrattis yoo ta'e a/alangaa dha. Abbaan seeraa kun hayyama a/alangaa malee dhimma mana murtiitti yoo dabarse gochaan kun seeeraa ala jedhee a/alangaa ol'iyyannoo fudhachuu danda'a⁹⁰. Akka seera irratti barreeffame jirutti a/alangaa dhimma tokko m/murtiitti geessuu ykn dhiisuuf mirga guutuu qaba, qabatamaatti abbootiin aangoo sadarkaa oliirra jiran ajaja faallaa yaada isaa kennuu kan danda'an yoo ta'ellee.

Yakki qorannoon irratti gaggeeffamaa jiru yakka cimaa fi walxaxaa yoo ta'e a/alangaa madaallin ragaa walitti qabamee abbaa seeraa madaallii ragaa duraa gaggeessuun (trial judge) akka madaalamu gaaffii dhiyeessuu ni danda'a. Abbaan seeraa kun dhimmicha ofitti fudhachuun akka barbaachisummaa isaatti shakkamaan akka dhiyaatu akkasumas to'annoo jala akka oolu ajaja kennuun sakatta'iinsi eenyuu fi maalirratti gaggeeffamuu akka qabu ilaalchisees ajajaa fi ibsa dabalataa kenna. Kaayyoon gaggeessa dhagaha ragaa qaama kanaan gaggeeffamuus himannaan yakkaa ragaa quubsa irratti hundaa'ee mana murtiitti dhiyaachuu qaba yaada jedhurraa ka'uun kan hundeeffame ture.

Abbaan alanaga, akka waliigalaatti, hojii qorannoo yakkaa qorattootni poolisii raawwatan to'achuuf aangoo kan qabu yoo ta'u judge d'instruction ammoo qorataa poolisii adda bahee beekamee fi dhimma inni qabate qorachaa jiru qofa ilaalchisee ajajaa fi qajeelfama kennuu danda'a. Yeroo ammaa kanatti aangoon qaama kanaa harki caalaan abbaa alangaatiif dabarfamee

⁸⁸ Miiljalee 86

⁸⁹ Miiljalee olii

⁹⁰ Miiljalee olii

kan kenname yoo ta’u gara fuul-duraattis guutummaan abbaa alangaatiin dhaalama yaadni jedhu bal’inaan fudhatama argachaa jira⁹¹.

II. Muuxannoo Biyya Jarman

Seera deemsa falmii yakkaa Jarmaan keessatti a/alangaa hogganaa dhimma dhagaa duraa fi gaggeessaa qorannoo yakkaa jedhamee beekama. Seerichi a/alangaa ofumasaatii qorannoo akka gaggeessu ykn poolisiin qorannoo akka gaggeessu ajajuu akka danda’u aangoo kenneefi jira. Haaluma kanaan, a/alangaa odeeffannoo barbaachisaa ta’e hunda qaama kamirraayyuu walitti qabuu fi poolisiin akka walitti qabu ajaja kennuuf aangoo qaba. Itti dabalees, akka waliigalaatti, haala gaggeessa qorannoo yakkaa fi dhimma xiyyeeffannoo barbaadan ilaalchisee qajeelfama waliigalaa poolisiif kennuu ni danda’a. Haaluma kanaan, poolisiin raawwatamuu yakkaa fi odeeffannoo barbaachisaa ta’e hunda abbaa alangaaf dhiyeessuun murtii barbaachisu akka kennu taasisuuf ni dirqama.

Qabatamaan garuu a/alangaa qorannoo yakkaa keessatti yeroo hunda jalqabaa kaasee kan hirmaatu utuu hin ta’iin qorannoo yakkaa cicimoo ta’an kan akka ajjechaa, yakkoota maallaqarratti raawwatani fi yakkoota xiyyeeffannoo uummataa keessa galan ilaalchisee jalqabaa kaasee qorannoo keessatti hirmaata. Akkasumas, dhimmoota akka sakatta’iinsaa, qabiinsaa, hidhamuu, bilbila ugguruu fi dhiiga fi DNA sakattaasisuu ilaalchisee a/alangaa hirmaannaa ho’aa taasisa; haayyamni isaas murtteessaa dha. Dhimmoota biroo irratti garuu poolisiin qorannoo gaggeessee erga xumuree booda galmee qofa gara abbaa alangaatti dabarsuun a/alangaa ragaan dhiyaate gahaadha jedhee yoo amane himata dhiyeessuu danda’a.

2.3. Hojii qorannoo yakkaa fi himannaa dhiyeessuu: galma isaaniitiin madaaluu

Armaan olitti akka ibsame, hojiin qorannoo yakkaa fi hojiin himannaa dhiyeessanii m/murtii dhaabatani falmuu hojiiwwan of-danda’anii dhaabbatani dha. Hirmaannaan isanii haa guddatus haa xiqqaatus malee a/alangaa fi poolisiin hojiiwwan kanneen keessatti waan hirmaataniif, keessummaa adeemsa waliin hojjechuu poolisii fi a/alangaa keessatti, hojiiwwan kanneen utuu

⁹¹ Jacquiene S. Hogson, *The French Prosecutor In Question*, *Washington and Lee law review*, vol. 67, Issue 4, (2010), fuula 1362-1363

walitti makamanii mul'atu. Gama galma isaaniitiin yeroo madaallu adda bahuun hojiiwwan kanaa kaayyoo galmaan gahan qabu. Isaanis akka armaan gadiitti dhiyaataniiru⁹².

I. Wal to'achuu (check and balance)

Hojiin qorannoo gaggeessuu fi himannaa dhiyeessuun m/murtii dhaabatani falmuu walitti siqeenyaa fi walitti aananii kan hojjetaman waan ta'eef qaamoleen hojicha keessatti hirmaatan ciminaa fi hanqina gama lamaaniin jiru hubachuuf carraa guddaa qabu. Odeeffannoo fi dawwannaan gama lamaaniin walirratti taasifamu kun qaamoleen kanneen akka wal to'atan fi gamalan isaan dandeessisa. Wal to'achuu fi wal gamaluun hojiiwwan kanaa ammoo hojiin qorannaa gaggeessuu fi himannaa dhiyeessuun m/murtii dhaabachuun falmuu keessatti hojjetaman fakkeenyaaf rogummaa, seerummaa fi fudhatamummaa ragaa walitti qabamee adda baasuu akkasumas qorannoon yeroo gabaabaa keessatti xumuramuun dhugaan dhokate bahee miidhamaa fi hawaasni haqa akka argatan taasisuu keessatti shoora guddaa xabata.

II. Itti gaafatamummaa mirkaneessaa deemuu

Muuxannoon biyyoota baay'ee (fakkeenyaaf biyya Awustiraaliyaa) akka agarsiisutti hojiin qorannoo gaggeessuu fi himannaa dhiyeessuun m/murtii dhaabatani falmuu waajjira poolisii fi a/alangaatiin qoba qobaatti gamagamamu. Akkasumas, biyyoota biroo keessatti hojiiwwan kanaaf abbummaan itti gaafatamaa kan ta'u seeraan adda bahee waan jiruuf raawwiin hojiiwwan kanaa qaamolee olaanaa adda addaatiif gabaasin taasifamu. Gabaasni sadarkaa biroo yookaan ministeeraatti dhiyaatu kun namoota dhuunfaan raawwatan qofa utuu hin ta'iin waajjiraaleen illee akka wal wadaalan taasisa. Gamagamamaa deemuun hojiiwwan kanaa ammoo qulqullina akka qabaatan gochuutti dabalee namootni hojiiwwan kana hojjetan waan raawwataniif itti gaafatamoo akka ta'an mirkaneessuu dha.

III. Ija hawaasaatti haqa-qabeessa ta'anii argamuu

Armaan olitti akka ilaalle, adda bahanii gamaagamamuun hojiiwwan qorannoo gaaggeessuu fi himannaa dhiyeessanii falmuu qulqullina qorannoo dabalchiisutti ida'ee hojiiwwan sunniin ija hawaasaatti haqa-qabeessa ta'anii argamu. Namni hojiisaa yeroo gamaggamu alloogeessa hin ta'u; kanaaf, a/a fi poolisiin tokko ta'uun jalqabaa kaasanii hanga dhumaatti wajjin yoo qoratan dhumarratti ofis yoo madaalan haqummaa qorannichaa jecha qaamolee kanneenin mirkaneessuun

⁹² Tony Krone, *Mapping the boundaries- police and the prosecution*, paper presented at Australian institute of criminology, 1999, fuula 4

rakkisaa dha jedhama. Kanaafuu, hojiiwwan kanneen qaamolee adda addaatiin yeroo gamagamaman hawaasni haqa-qabeessummaa hojichaatti amantaa guddaa qabaata jedhamee fudhatama.

Kanaafuu, hojiin qorannoo gaggeessuu fi himannaa dhiyeessuun falmuu gaggeessuu adda baasuun akka wal-madaalan yoo taasisan hawaasni keessumaa shakkamaa fi miidhamaan dhuunfaa sadarkaa itti quufinsi isaan hojiiwwan sanaatti qaban daraan ni dabala jechanii dubbatu barreessitootni. Sababa kanaafa, hojiin qorannoo gaggeessuu fi himannaa dhiyeessuu walitti kan fufan yoo ta'ellee milkaa'ina isaanii dhugoomsuu fi hawaasa biratti fudhatamummaa jiru dabaluuif hojiiwwan kanneen adda baasuun akka wal-gamalan gochuun gaarii dha.

Gaaffilee Marii

- a. Sirna seeraa komanii keessatti seenaan guddinaa fi qindoominni juurotaa gamtaa'uu a/alangaa fi poolisiif waan gumaachu kan qabu isinitti fakkaataa?
- b. A/alangaa fi poolisiin waliin ta'anii qorannoo yakkaa gaggeessuun akka yaadametti bu'aa argamsiisaa akka hin jirre barreeffamtootni tokko tokko ni ibsu. Akka fakkeenyaatti, gamtoomanii qorannoo gaggeessuun kun mirga ofirraa ittisuu himatamaa daraan miidha jedhu. Akka naannoo keenyaatti gamta'anii qorannoo gaggeessuun mirga ofirraa ittisuu himataa waan miidhu isnitti fakkaataa?
- c. Gamta'anii qorannoo gaggeessuu ilaalchisee qorannoon seeraa biyya Faransaayitti gaggeeffame tokko akka ibsutti a/alangaa qaama yakka ittisu keessaa tokko waan ta'eef bilisa ta'ee shakkamaa keessummeessuurratti hanqina qaba jedha. Poolisiin qofaasaa qorannoo yoo gaggeessu moo a/alangaa waliin ta'ee yoo gaggeesse shakkamaa akka nama yakka hin raawwanneetti keessummeessuun danda'ama jettu?
- d. Biyya Jarman keessatti a/alangaa aangoo adeemsa qorannoo yakkaa hunda to'achuu fi gamaluuf aangoo akka qabu armaan olitti ilaalleerra. Ogeessotni tokko tokko aangoon a/alangaa dhimma kanarratti akkas bal'achuunsaa bilisummaa qorattoota poolisii daangessuudha jechanii falmu. Ijoon qorannoo yakkaa ta'an hundarratti a/alangaa gidduu seenuun kun gaarii dhaa?
- e. Biyyoota sirna seeraa komanii hordofan hedduu keessatti abbaan alangaa, yakkoota hunda ilaalchisee, kallattiin qorannoo yakkaa keessatti hirmaachaa kan jiru yoo ta'ellee biyya Ingilizii fi Weelsi irraan kan hafe biyyootni gurmaa'ina kana seeraan deeggaran

hanga yoonaaatti hin jiran. Seeraan deeggaruu dhabuun isaanii gara boodatti kan isaan deebisu ta'uu dana'a jettanii fudhattuu?

- f. Biyyoota sirna seeraa siivilii hordofan biratti qaamolee qorannoo yakkaa keessatti hirmaatan keessaa abbaa alangaatu ol'aantummaa qabaata dhimma qorannoo irratti yoo ta'elle. Biyya seeraa komanii hordofan fakkenyaaf Ameerikaa keessatti dhimma qorannoo yakkaarratti wal-dhabdeen yoo uumame sagalee ol'aanaa kan qabu poolisii dha. Muuxannowwan lameen kanneen keessaa isa kamtu gaarii dha jettu? Maalif?
- g. Biyyoota sirna seeraa komanii hordofan keessatti qaamoleen seera raawwachiisan himannaa hin dhiyeessuu jechuuf carraa guddaa kan qaban yoo ta'u kanneen sirna siviliiin gaggeeffaman garuu ragaa gahaan kan argame yoo ta'ee fi himannaa akka hin dhiyeessine wanti dhorku kan biroon hin jiru taanaan himannaa dhiyeessuuf dirqama qabu. Wal-ta'anii hojjechuu poolisii fi abbaa alangaatiif sirnoota seeraa kanneen keessaa isa kamtu mijataadha jettu? Maaliif?
- h. Sirna seeraa komanii keessatti caaseffamni waajjirri a/alangaa qaama seera raawwachiiftuutti utuu hin ta'iin mana murtiitti hidhatee jira. Keessumaa biyya jarmaanitti ammoo a/alangaa akka qaama aangoo abbaaserummaa gamisa qabutti (considered as quasi-judicial officer) fudhatama. Barressitootni tokko tokko abbaan alagnaa hogganaa gaggeessa qorannoo yakkaa akka ta'u kan taasise keessaa ijoon guddaan dhiibbaa qaama raawwachiiftuun qaqqabuu danda'urraa bilisa jedhame fudhatama yaada jedhurra kan madde ta'uu ni ibsu. Isin yaada barreessitoota kanneenii attamitti madaaltu? Yeroo ammaa kana fudhatamummaa ni qabaata jettuu?
- i. Hariiroo a/alangaa fi poolisii biyyoota adda addaakan bitu seera, qajeelfama, aadaa (baratama), waliigaltee, marii yeroo yerootti gaggeeffamuu fi murtii mana murtiin akka ta'e barreessitootni ni ibsu. Biyya keenya keessatti keessumaa a/alangaa fi poolisiin waliin hojjechuu erga eegalanii as hariiroo isaanii kana bitaa kan jiru maali? Gama kanaan qaawwi mul'achaa jiru hoo?

2.4. Bu'aawwanii fi gufuuwwan Qorannoo yakkaa waliin gaggeessuu A/alangaa fi Poolisii: muuxannoowwan biyyoota alaa

Armaan olitti akka ibsame, daangaan raawwatiinsa isaatii fi uwwise seeraa dhimmicha bitu garagarummaa haa qabaatuuyyuu malee yeroo ammaa kanatti biyyootni hedduun qorannoon yakkaa poolisii fi abbaa alangaan akka gaggeeffamu taasisuurratti argamu. Gamtaa'uun

qaamolee kanneenii hangam bu'a-qabeessa akka ta'e biyyootni tokko tokko dhuunfaan qorannoo gaggeessuun isaanii akkuma jirutti ta'ee, dhaabbileen haqaa raawwii biyyoota garagaraa gamaggamanis jiru. Fakkeenyaaf, *Asia and Far East Institute for the Prevention of Crime and the Treatment of Offenders (UNAFEI)*, jedhamu ogeeyyii fi hooggantoota ol'aano biyyoota 18⁹³ irraa walitti qabuun a/alangaa fi poolisii qorannoo wajjiin gaggeessuun isaanii faayidaa fi hanqina inni qabu tokko tokkoon kaasani irratti mari'ataniiru. Akka gamaaggama sanaattis waliin ta'anii qorannoo gaggeessuun faayidaa baay'ee kan argamsiise yoo ta'u gufuuwwan adda adda faayidaa barbaadamu akka hin argamsiisne taasisaanis hedduun akka jiran ibsaniiru⁹⁴.

2.4.1. Bu'aawwan argaman

Gamaggamni ogeeyyii sanaan gaggeeffame akka ibsutti, akka waliigalaatti, sadarkaan milkaa'ina kaayyoo gaggeessa qorannoo yakkaa yeroo ammaa kana dabalaa akka jiru kan irratti waliigalan yoo ta'u xuqaalee armaan gadii ilaalchisee ammoo bu'aan argame guddaa akka ta'e ifa taasisseera.

- Ol'aantummaa seeraa kabajee gaggeessi qorannoo yakkaa akka raawwatu taasisuurratti qinda'anii qorannoo waliin gaggeessuun poolisii fi a/alangaa shoora guddaa xabachaa jira. A/alangaa qorannoo gaggeessuutti dabalee raawwatiinsi qorannoo haala seerri ajajuu fi mirgi shakkamaa kabajamuu danda'uun akka gaggeeffamu gochuurratti hojjechaa waan jiraniif gama kanaan bu'aan argame guddaa ta'uu ibsaniiru.
- Milkaa'inni kaayyoo hojii qorannoo- dandeettii adabsiisuu dabaluu-guddachuu irratti argama. Yakkootni yeroo ammaa raawwatamaa jiran ciccimoo fi walxaxoo waan ta'aniif qaamni tokko calalee qulqulleessuun seera cabsitootni akka adabaman gochuu waan hin dandeenyeef qindoomuun qaamolee kanneenii sadarkaa milkaa'ina qorannoo dabalaa akka jiru ibsameera.
- Qindoominni qaamolee kanneenii qorannoon yeroo gababaa keessatti gaggeeffamee akka xumuramu taasisuun baasiin dhimma kanarratti ba'u akka

⁹³Ogeeyyii fi oggantootni ol'aano mata duree '*Effective Administration of the Police and the Prosecution in Criminal Justice*' jedhu keessumaa mata-duree xiqqaa '*Cooperation Between The Police And Prosecutors*' jedhu irratti mari'achuu fi haala qabatama biyya isaanii jiru gamaggamuuf biyya Biraaziil, Elsi Salvador, Indiyaa, Jaapaan, Keniyaa, Maalazniyaa, Paakistaan, Paappaa Niwu Giinii, Nevis, Taanizaaniyaa, Taayilaand, Ugaandaa, Ameerikaa, Ingilaand fi Jarman irraa walitti qabaman.

⁹⁴Cooperation between the police and prosecutors, Effective administration of the police and the prosecutor in criminal justice, the working production of the 120th international senior seminar, (2002), fuula 194

xiqqaatu taasiseera jedhu. Yeroo fi maallaqni akka qusatamu taasisuutti dabalees yakootni raawwataman akka dafanii akka adabaman gochuun amanataa uummatni qaamolee haqaarratti qaban akka dabaluu taasiseera jira jechuun ogeeyyiin sunniin ragaa bahaniiru.

- Qorannoon inistiitiyuutii kanatti bara 2005 bu'a-qabeessummaa sirna qorannoo yakkaa a/alangaa fi poolisiin waliin gaggeessan⁹⁵ irratti hojjetame akka ibsutti a/alangaa fi poolisiin waliin ta'anii qorannoo gaggeessuu erga eegalanii as akka waliigalaatti bu'a qabeessummaan qorannoo dabalaa akka jiru ifa taasiseera.

2.4.2. Gofuuwwan mul'atan

Gaggeessa qorannoo yakkaa ilaalchisee a/alangaa fi poolisiin waliin hojjechuu akka qaban biyyootni hundi kan irratti waliigalan ta'uu armaan olitti ilaalleerra. Ijoo qindoomina poolisii fi a/alangaa irratti mari'achuuf ogeessotni biyyoota 18 irraa walitti qabaman akka ibsanitti, a/alangaa fi poolisiin haala barbaadamuun wajjin hojjechuun bu'aa barbaadamu akka hin buufne gofuuwwan taasisan hedduu ta'uu qabatama biyya isaanii keessatti mul'atan kaasuun ibsaniiru. Gofuuwwan qindoomina a/alangaa ta'uun biyyoota caqasaman sanatti adda bahan jedhamanii ibsaman kanneen armaan gadiitti.

I. Rakkoo ilaalcha qabaachuu

Yeroo baay'ee qorannoo wal-xaxaa fi dheeraa tokko keessa qorattootni poolisii darban bu'aa qorannichaa akka firii dhuunfaa hojii isaanitti fudhachuu fi guutummaan hojii qorannoo daangaa aangoo isaanii qofa jalatti kan kufu godhanii fudhatu. Kanaafuu, gorsii fi ajajni qaama biraarraa isaniif kennamu akka danqaa hojii isaanii ta'etti ilaalu jechuun ni danda'ama. Keessumaa, qorannoo dabalataa gaggeessuun ragaa dabalataa ykn ragaa irra-deebi'anii qindeessuun akka dhiyeessan yeroo ajajaman miirri gammachuu kan itti hin dhagahamne hedduu dha. Qorannoo gaggeessuu fi ragaa qabuurratti waajjirri poolisii fi qorattootni poolisii ogummaa fi dandeetti guddaa dhimma kanarratti akka qabanitti waan of-fudhataniif ajajni bu'uura caaseffama waajjira isaaniirraa dhufuu qaba malee qaamni biraa maaliif ajaja nutti kenna jedhanii yaadu.

Qorannoo yakkaa keessatti mirga shakkamtootaa, ol'aantummaa seeraa fi seera adeemsa falmii kabachiisuu ilaalchisee abbootni alangaa ogummaa fi dandeetti seeraa ol'aanaa akka qabanitti

⁹⁵ Tasfaayee Niwaay, *Bu'a Qabeessummaa Sirna Qorannoo Yakkaa A/alangaa Fi Poolisiin Waliin Gaggeessan*, ILQSO (2005)

ofiisanii fudhatu. Akkasumas rogummaa fi gahumsa ragaa madaaluun himannaa dhiyeessuun aangoo fi dandeetti isaanii jalatti kan kufu godhanii abbootiin alangaa waan fudhataniif, isaanis gama isaaniitiin dhimma kana keessa poolisootni akka seenan waan hin barbaadneef wal-dhabdeen yeroo baay'ee akka uumamuuf sababa ta'eera. Yakki ulfaataan alkan yeroo raawwatamuu fi shakkamaan hatattamatti qabamuu qaba jedhamee poolisiin amanamu abbootnii alangaa alkan sana hojii qorannoo yakkaa irratti hirmaachuuf kaka'umsi isaan qaban gadi aanaa akka ta'e muuxaanoon biyya Neeppal ni ibsa; kunis wal-ta'uu qaamolee sanaarratti akka rakkootti fudhatama.

II. Himannaan akka hin dhiyaanne murteessu irratti yaada tokko qabaachuu dhabuu

Himannaa dhiyeessuurratti murtii dhumaa kan kennuu eenyu akka ta'e biyyootni seeraa fi muuxannoo adda addaa kan qaban yoo ta'elless biyyootni maricharratti hirmaatan akka ibsanitti himannaa dhiyeessuurratti yaadni poolisii fi a/alangaa qaban tokko ta'uu yoo baate yeroo baayee wal-dhabdeen akka uumamu taasisaa jira jedhu. Akkasumas, bu'aa ba'ii baay'ee keessa darbuun shakkamaa poolisootni qabani dhiyeessan haal-dureewwan tokko tokko utuu hin guutiin qabame jechuun a/alangaa yeroo gadi lakkisu poolisiitti baay'ee dhagahama. Dhimma tokko irratti ejjennoo adda addaa qabachuun isaanii kun ammoo walii wajjin hojjechuu isaaniirratti akka gufuu tokkootti fudhatamaa jira.

III. Kaayyoo tokko qabaachuu dhabuu

Biyyoota tokko tokko keessatti a/alangaa fi poolisiin waliin ta'anii kan hojjetan yoo ta'elless galma tokko waliin qoodachaa akka jiran sirritti hubachuu dhabuun biyya Ingilizii fi Weelzi keessatti rakkoo mul'atu ta'uusaa mariachi yeroo sanatti mirkaneesseera. Waliin hojjechuun kaayyoo tokko galmaan gahuu ta'uusaa beekuu fi itti hojjechuu baanaan ragaa adabsiisuu danda'u walitti qabuu fi himannaa adabsiisuu danda'u dhiyeessuun hin danda'amu.

IV. A/alangaa gahee hojii isaa dagachuu

Biyyota sirna seeraa komanii hordofan kan akka Awustiraaliyaa, Keeniyaa, Paakistaan, Paapaa Niwu Giinii fi Taanzaaniyaatti qorannoon yakkoota manneen murtii aanaatti dhiyaatan a/alangaa miseensa poolisii guutuu ta'een gaggeeffama⁹⁶. Qorannoowwan kanneen gaggeessuu irratti

⁹⁶ Miiljalee 46, fuula 197

rakkoon qaamolee lameen gidduutti uumamuu yoo baatellee abbaan alangaa bilisummaa waan dhabuuf kaayoo qorannicha gaggeessuurratti hirmaatu-dhimma himachiisuu danda'u calaluu-bahaa akka hin jirre ogeessotni biyyoota kanneen irraa dhiyaatan ibsa turaniiru. Sirna sana keessatti a/alangaa akka miseensa poolisitti waan lakka'amuuf darbee darbee ammoo yuunifomii poolisii waan uffatuu fi ajaja poolisiitiinis waan gaggeeffamuuf gorsaa fi qajeelfama poolisiif kennuu qabu haala barbaadamuun akka hin kennineef haalawwan kanneen gufuu ta'aa jiru. Itti dabalees, abbootiin alangaa waajjira poolisiitti ramadaman kanneen kaffaltii gahaa, guddina yeroo isaa eeggatee fi haala mijataa waan hin arganneef poolisiin qindoomanii qorannoo yakkaa gaggeessuurratti kaka'umsi isaan qaban gadi aanaa dha; fedhaa fi kaka'umsa dhabuun isaanii kun ammoo gahee hojii isanitti kenname akka dagatan, kaayoo qindoomuu a/alangaa fi poolisii akka dagatan isaan taasisera.

V. Xiqqaachuu bilisummaa poolisii

Biyyoota sirna seeraa siivilii hordofan keessatti a/alangaa aangoo qorannoo yakkaa to'achuu, hordofuu fi hojiirra oolchuu seeraan kennameefii akka jiru armaan olitti ilaallee jirra. Haa ta'u malee, gabaasni biyya Biraazil, Chiilii, El Saalvadoor, Jarmanii, Indoooneezniyaa, Itaalii, Jaappanii Fi Kooriyaa irraa dhiyaate akka ibsutti abbootni alangaa haala barbaadamuu ol aangoo fi gahee hojii poolisii keessa seenuun bilisummaa poolisii utuu sarbanii mul'atu. Giddu seenuun kun ammoo poolisiin bilisummaa guutuu akka dhabu, hojiisaa akka haalli ajajutti fooyyessee/jijjiiree qorannoo akka hin gaggeessine isa taasisaa jira.

Muuxannoon biyya xaalini akka ibsutti poolisootni hojiisaanii gaggeessuurratti abbaa alangaarratti akka hirkatan taasisuu qofa utuu hin ta'iin ofitti amanamummaa fi gahumsa barbaadamu akka dhaban gochaa akka jiru barreessitootni ibsaa jiru⁹⁷. Itti dabalees, heddumachaa fi wal-xaxoo ta'aa adeemuun yakkoottaa aangoo qorannoo yakkaa to'achuu a/alangaa dabalaa waan jiruuf aangoo poolisiin bilisummaan hojiisaa akka gaggeessuu taaasisu xiqqaachaa akka deemu taasisaa jira. Sababa kanaaf, bilisummaa poolisiin qorannoo yakkaa gaggeessuurratti qabu akka dabaluu fi kan a/alangaa ammoo akka xiqqaatu yaadotni dhiyaachaa kan jirani fi irratti hojjetamaa akka jirus barreessitootni ibsan heddu dha.

⁹⁷ Giuseppe Di Federico, Prosecutorial Independence and the Democratic Requirement of Accountability in Italy (1998)

Walgahiin ogeessota dhimma yakkaa sun rakkoo qindoomina a/alangaa fi poolisii irratti biyya isaanii keessatti mul'ataa jiru ibsutti dabalani rakkooowwan kanneen furuu ni danda'u jedhanii yaadan bifa yaada furmaataatiin teechisaniiru; innis armaan gaditti dhiyaataniiru.

2.4.3. Yaadota furmaataa dhiyaatan

Ogeessotni seeraa biyyota 18 irraa walitti qabaman kanneen rakkoo qindoomina poolisii fi a/alangaa biyyoota isaanitti mul'atan qofo kan ibsan utuu hin ta'iin yaadota rakkooowwan kanneen furuu danda'u jedhanis akeekaniiru. Yaadota furmaataa isaan akeekanis haala armaan gadiin dhiyaataniiru:

I. Walii wajjiin hojjechuun sirna wal to'achuu ta'uusaa beekuu

Qindoominaan qorannoo yakkaa gaggeessuu keessatti a/alangaa fi poolisiin darbee darbee ejjennoo wal-fakkaataa qabachuu dhabuu danda'u; haa ta'u malee, wal-simuu dhabuun kun akka sirna wal-ta'achuu fi wal-gamaluutti fudhatama waan ta'eef yeroo hunda akka rakkootti kan ilaalamu utuu hin ta'iin adeemsa kaayyoon qindoomuu ittiin galma gahuu dha jechuun ni danda'ama. Barbaachisummaan ijoo kanaa akkuma jirutti ta'ee, qaamoleen lameen kanneen waliin yeroo hojjetan gahee hojii walii isaanii seeraan kenname walii kabajuu, ulfaatninaa fi barbaachisummaa dirqama isaanirra jiru hubachuunis barbaachisaa dha. Itti dabalees, qindoominni kun iftoomina gahaa kan qabu ta'uu qaba; jechuunis garsi, to'annoon, ajajinii fi qajeelfamani a/alangaa poolisootaaf kennuu ifa, qindaa'aa fi seerarratti kan hundaa'ee fi haala tokkokuummaa ijaaroo danda'uun dhiyaachuu kan qabu yoo ta'u poolisootnis to'annoo fi qajeelfama dhiyaatu yaada gaariin fudhachuun hojiirra oolchuu qabu. Abbootiin alangaas gama isaaniitiin, ulfaatinaa fi quuqama hojiin qorannoo barbaadu yaada keessa galchuu, poolisiin *flexibility* hojiin qorannoo gaafatu keessatti akka hojjetan hayyamuu qabu.

II. Hariiroo cimaa ijaaroo

Qindoominni qaamolee lameen kana bu'aa buusuu akka danda'u taasisuuf hariiroon isaanii fi iftoominni isaan gidduu jiru cimaa deemuu qaba. Hariiroo fi iftoomina jiraachuu qabu fiduuf haal-dureewwan mijaa'uu qabu jedhanii yaadan ogeessotni sunniin kan irratti walii galan haala armaan gadiin ibsamaniiru:

- Dudhaa tokko waliin qooddachuun galma ga'iinsa kaayyoo qindoomuu a/alangaa fi poolisiif ijoo barbaachisaa tokkoo dha. Qaamolee lameen kanneen haala adda ta'een

ol'aantummaa seeraa mirkaneessuuf hojjetu waan ta'eef kaayyoo tokko galmaan kan gahan ta'uusaanii hubachuun haala sanaan akka hojjetan gochuun barbaachisaa dha

- Qindoominni jiru cimee akka itti fufuuf waliin mari'achuu fi dubbachuun barbaachisaa dha. Hojii qorannoo yakkaa keessatti waliin mari'achuun hanga danda'amaa ta'etti raawwatamuun yakkaa akka hubatameen ta'uu qaba; bifa kanaan itti adeemuun kaayyoo qindoomuu kan galmaan gahu qofa utuu hin ta'iin wal-dhabdee isaan gidduutti uumamuu danda'ullee daraan kan xiqqeessuu dha. Itti dabalees, qaamoleen lameen kanneen woorkishooppii, walgahii fi siminaara adda addaa yeroo hunda waliin akka fudhatan gochuun rakko isaan gidduutti uumamuu furuuf daandii mijataa kan saaqu ta'uusaa hubachuun gaarii dha
- Hojii qorannoo waliin ta'anii gaggeessuu keessatti gahee qaamolee lameen kanneenii seeraan adda baasanii tumuun ulfaataa yoo ta'ellee ijoowwan murteessaa ta'anii fi walii galteen bakka dhibetti eenyu murtii kennuu akka qabu ilaalchisee daangaa aangoo isaanii seeraan murteessuun filannoo tokko ta'uu hubachuun gaarii ta'uu ogeessotni sunniin kaa'aniiru.
- Sirna dhagaha salphaa adeemsa siran dhaga yakkaa keessatti diriiruun himannaan mana murtii qofaan utuu hin ta'iin waliigaltee miidhamaa fi nama yakka hojjeten jaarusmmaan ilalamee akka xumuramu gochuun ni danda'ama waan ta'eef biyyoota sirna kana hordofan keessa abbootiin alangaa fi poolisoonti jiran sirna kanatti waliin ta'uun hojjechuun baayina qorannoo yakkaa akka xiqqaatu gochuutti dabalee hariiroo isaan gidduu jirullee kan dabaluu ta'uusaa biyyi akka Jarmanfaa mirkaneeffataniiru.

Gaafilee Marii

- a. Gufuuwwan qindoomina a/alangaa fi poolisiiti jedhamanii ogeenyiin biyyoota 18 irraa walitti qabamanii kan ibsan irra deebi'aa ilaalaa. Dhimmootni akka gufuutti dhiyaatan sunniin qindoomina a/alangaa fi poolisii biyya keenyaattis akka gufuutti dhiyaachuu kan danda'anii dha?
- b. Qindoominni kun poolisiin hojii qorannoo gita ogummaan isaa fi flexibility hojichi barbaaduun qorannoo akka gaggeessuuf gumaacha inni taasisaa jiru maal fakkaata?
- c. Hojii qorannoo keessatti gaheen hojii kana kan qaama kanaatti kun ammoo kan isa sanaati jechuun hojii dheessuun ykn walsaamuun ni mul'ataa? Ni mul'ata yoo ta'e haala kamiin furaa jirtu? Yaadotni furmaata armaan olitti dhiyaatan rakkoo

qindoomina a/alangaa fi poolisii biyya keenyaa salphisuuf akka furmaataatti dhiyaachuu ni danda’u jettuu?

- d. Yaadota furmaataa dhiyaatan keessa sirna haqaa biyya keenyaa wajjiin deemuu hin danda’u kan jettan jiraa? Dhimmoota yakkaa hunda sirna qorannoo yakkaa keessa galchuun qorannoo irratti adeemsisuun dura dhimmoota calaluun dhimmoota sasalphoo ta’anitti furmaata kennuu ilaalchisee sirni haqaa biyya keenyaa maal jedha. Imaammata sirna haqaa yakkaa biyya keenyaa lakkoofsa 3. 6 keewwata lama ilaalaa. Ni danda’ama kan jettan yoo ta’e haalli raawwii isaatii maal fakkaata?

BOQONNAA SADI

Adeemsa Waliin Qorachuu Abbaa Alangaa fi Qorataa Poolisii Biyya Keenyaa fi Naannoo Oromiyaa

Seensa

Seenaa Itoophiyaa keessatti, dhufaatii sirna haqa yakkaa ammaayyaatin dura, gaheen abbaan alangaa fi qorataan poolisii qorannoo yakkaa keessatti qaban hin beekkamu ture. Qorannoon yakkaa duraan ture karaa aadaatin kan geggeeffamuudha. Keessattuu tumamuu seera yakkaa yeroo jalqabaatif bara 1923 A.L.I. tti bahe dura gochi yakkaa fi siivilii addaan bahanii hin beekkaman ture. Hojiin qorannoo fi himannaa yakkaa kan geggeeffamu nama yakki irratti

raawwatameenidha.⁹⁸ Kanaaf hojiin kun amala siivilii kan qabuu ture. Ragaalen garaagaraa akka agarsiisanitti qorannoon yakkaa yeroo sanature karaa lamaan geggeeffama.⁹⁹ Tokkoffaan namni gochi yakkaa irratti raawwatame namayakka isarratti raawwate ni beeka yoo ta'e jaarsota biyyaatti himachuun dhimmichi fala akka argatu godha. Karaa jaarsummaatin falli yoo dhabame garuu kallattiidhaan abbootii seeraa biratti himannaa dhiheessa. Kunis hojiin qorannaa yakkaa amala siivilii kan qabu ta'uu kan agarsiisuudha. Namni yakki irratti raawwatame ykn miidhamaan nama yakka isarratti raawwate kan hin beekne yoo ta'e garuu qorannoon yakkaa karaa lamaan geggeeffamaa ture. Tokkoffaan adeemsa 'afarsaataa' yookaan afaan Amaaraatin 'awucaacinyii' jedhamuudha. Kunis adeemsa hawaasni naannoo yakki itti raawwatamee hundi dirretti bahee nama yakka raawwate ofkeessaa itti baasuudha. Akka adeemsa kanaatti namoonni dirretti bahan hanga yakkamaan beekkamutti hin galan. Saaniis hin elmamu, daa'imnis harma haadhaa hin hodhu jedhama. Lammaffaan mala qorannoo 'leebashaay' jedhamuudha. Kunis adeemsa hattuu ittisaaxilan jedhameet beekkama. Akka adeemsa kanaatti jalqaba namni yakki irratti raawwatame abbaa angoo hojii leebashay kana hogganu bira deemuun itti himata. Hogganaan kunis dargaggeessa hin fuudhiin qoricha nama macheessu itti kennuun gara iddoo yakki raawwatameetti erga. Bu'uuruma kanaan namni dargaggeessi kun karra isaatti kufe yookaan mana itti seene hattuudha jedhamee qarshii ykn loon (horii) adabama.

Biyya keenya keessatti gaheen qorataan poolisii fi abbaan alangaa qorannoo yakkaa keessatti qaban ifatti bahee kan beekkame bara 1954 A.L.I. tii asiidha. Kunis tumamu seera deemsa falmii yakkaa biyya keenyaa bara kana bahe wajjiin kan walqabatuudha. Seerri kun gahee abbaan alangaa fi poolisiin hojii qorannoo yakkaa keessatti qaban ifatti kan tumuudha. Seerri kun yeroo ammaas hojirra oolaa kan jiruudha. Mata-duree itti aanu keessatti gahee abbaan alangaa fi qorataan poolisiitif seera deemsa falmii yakkaa keessatti tumaman ilaalla.

Biyya keenya keessatti, mootummaan Dargii kufee, mootummaan RDFI erga aangootti dhufee as refoormiwwan adda addaa taasifamaniiru. Isaan keessaa tokko rifoormii sirna haqaati.¹⁰⁰ Bu'uura kanaatinis seerota boodatti hafoo ta'an jijjiiruu fi hojmaatilee walxaxoo ta'an fooyyeessuuf

⁹⁸ Wodwossen Demissie Ethiopian Criminal Procedure , American Bar Association, USA, (2012) fuula 9

⁹⁹ Miiljalee armaan olii, fuula 4

¹⁰⁰ Riifoormiwwan kun wiixineefamanii hojii irra ooluu isaaniin dura mootummaan federaalaa sirna haqa biyyatti irratti qorannoo waliigalaa gaggeesseera. Qorannoon kunis 'comprehensive justice system program' jedhamu dha. Qorannoon kunis dhimmoota sirna haqa biyyatti keessatti/irratti huudhaalee ta'an adda kan baasee yaada furmaataa kan dhiheessee dha. Madda: Federal Democratic Republic Of Ethiopia, Comprehensive Justice Sytem Program: Baseline Study Report, Ministry Of Capacity Building, Justice System Program Office, Feb, 2005 ilaala

hojiilen sadarkaa biyyaatti hojjataman hedduudha. Akka naannoo Oromiyaattis sirna haqa yakkaa keessatti, keessattuu qorannoo yakkaatin walqabatee rakkoolee qabatamaan turan furuuf bara 1999 A.L.I. JBAH'n qoratamee akka hojirra oolu ta'ee jira.¹⁰¹ Bu'uura qorannoo JBAH tin abbaan alangaa fi qorataan poolisii hojii qorannoo yakkaa waliin akka geggeessan ta'ee jira.¹⁰²

Adeemsa waliin qorachuu kanaanbu'aaleen heddu kan argaman ta'us rakkoolee muraasni hin dhabamne. Rakkoolee kanneen keessaa inni ijoon gaheen abbaan alangaa fi qorataan poolisii adeemsa waliin qorachuu keessatti qaban JBAH'n addaan bahanii ifatti beekkamuu dhabuudha. Kunis falmiin garagaraa qaamolee kana jiddutti akka ka'u darbees walitti bu'iinsa akka uumamu godhee jira.

Kanaafuu boqonnaa kanakeessatti gahee abbaan alangaa fi qorataan poolisii qorannoo yakkaa keessatti qabu akka waliigalaatti ilaalla. Keessattuu dhimma ijoo boqonnaa kanaa kan ta'e akka naannoo Oromiyaatti gaheen abbaan alangaa fi qorataan poolisii adeemsa waliin qorachuu keessatti qaban maal akka ta'e gadifageenyaan ni ilaalla. Kaayyoon boqonnaa kanaas gahee qaamolee kanaa adda baasuu fi rakkoolee gama kanaan turan furamanii hojiin qorannoo yakkaa si'oaminaa fi bu'aa qabeessa akka ta'u gochuudha.

Dhuma boqonnaa kanaatti leenjifamtootni:

- ✓ Sirna haqa yakkaa biyya keenyaa keessatti gaheen abbaan alangaa fi qorataan poolisii hojii qorannoo yakkaa keessatti qaban maal fa'a akka ta'an irratti hubannoo qaban ni gabbifatu;
- ✓ Akka naannoo Oromiyaatti rakkoolee adeemsa waliin qorachuu keessatti turani fi ammas jiran irratti hubannoo dabalataa ni argatu;
- ✓ Kallattii fi yaada furmaataa dhihaatu irratti hundaa'uun gahee fi ittigaafatamummaa isaanii gadi fageenyaan hubatanii waldeeggaruun waliin hojjachuuf ni qophaayu;
- ✓ Bu'uura kanaanis hojiin qorannoo yakkaa si'oamina, ifaa fi bu'aa qabeessa akka ta'u ni tumsu.

¹⁰¹Biirroo Haqaa Oromiyaa: Dokimeentii Haadoo JBAH Adeemsa Hojii Qorannoo fi Murtii Galmee Yakkaa bara 1998 fuula, 16 fi kan itti aanan ilaala.

¹⁰²Miiljalee armaan olii

3.1. Adeemsa Hojii Qorannoo Yakkaa Biyya Keenyaa: Bifa Waliigalaatin

Akkuma gubbatti ibsametti seenaa sirna haqa yakkaa biyya keenyaa keessatti qorannoon yakkaa bifa sirnaaween geggeeffamuu kan jalqabe tumamuu seera deemmii falmii yakkaa biyya keenya bara 1954 A.L.I. bahe boodaadha. Seerri deemmii falmii yakkaa kunis qorannoon yakkaa akkamitti akka eegalamu, akkamitti akka geggeeffamuu fi qaamni qorannoo yakkaa geggeessuuf aangoo qabu eenyu akka ta'e ifatti tumeera. Kana malees seerichi, hojii qorannoo yakkaa keessatti walitti dhufeenyi qaamoleen haqaa qaban maal fa'a akka ta'an ni tuma. Keessattuu qorannoo yakkaa keessatti gahee olaanaa kan qaban abbaan alangaa fi qorataan poolisii walitti dhufeenya akkamii akka qaban seericha keessatti ifatti taa'eera.

Seera deemmii falmii yakkaa malees labsiileen adda addaa gahee fi ittigaafatamummaa qaamoleen haqaa hojii qorannoo yakkaa keessatti qaban tuman jiru. Gama kanaan Labsii Aangoo Qaamolee Raawwachistuu Mootummaa Federaalaa Hundeessuuf Bahe, Labsii Komishiinii Poolisii Federaalaa Hundeessuf Bahe fi Labsii Aangoo fi Gahee Hojii Ministeera Haqaa kaasuun ni danda'ama. Imaammanni sirna haqa yakkaa biyya keenyaa bara 2003 A.L.I. bahes qabiyyee qorannoo yakkaa fi gahee qaamolee haqaa hojii kana irratti hirmaatan qaban ifatti kaa'eera.

Kutaa kana jalatti aangoo fi gahee abbaa alangaa fi qorataa poolisii hojii qorannoo yakkaa keessatti qaban ilaalla. Dabalataan walitti dhufeenyi qaamolee lamaan kana jidduu jiru maal akka ta'e bifa waliigalaatin ilaalla.

i. Gahee Qorataa Poolisii

Gaheen qaamni poolisii sirna haqa yakkaa keessatti qabu hedduudha. Isaan keessa ijoon yakka ittisuu fi qorachuudha.¹⁰³ Yakka ittisuu jechuunhojii sababoota uumama yakkaa irratti hojjachuun yakki akka hin uumamne gochuu yookaan baay'ina uumamuu yakkaa yookaan bu'aa isaan hordofsiisan hir'isuuf raawwatamuudha.¹⁰⁴ Hojiin yakka ittisuukun hirmaannaa qaamolee garaagaraa kan gaafatu ta'us kallattiidhaan garuu hojii ijoo qaama poolisii fi nageenyaati. Kanas

¹⁰³Fakkeenyaaf, Seera deemmii falmii yakkaa Itoophiyaa bara 1954 bahe, kwt 9 ilaala.

¹⁰⁴Sandra Walklate Community and crime prevention, in E.Mclaughli and J.Muncie (eds) Controlling Crimes, second edition, Sage Publication Ltd, London, (2001), fuula 308

Ogeessi Sir Robert Peel (abbaa saayinsii poolisii ammayyaa) jedhamee beekkamu, “*kaayyon bu’uraa qaamni poolisii dhaabbateef yakka ittisuu fi seera kabachiisuudha*” jechuun ibseera.¹⁰⁵

Biyya keenyattis yakka ittisuun hojii ijoo poolisii akka ta’e seerota garaagaraa keessatti taa’ee jira. Fakkeenyaaf Heera mootummaa RFDI keewwata 52(2) (g) jalatti naannoleen nagaanyaaf tasgabbii naannoo isaanii eegsisuuf human poolisii ijaaruu akka danda’an tumamee jira. Labsii Komishinii Poolisii Federalaa Lakk. 313/1995 keewwata 7 jalattis yakka ittisuun hojii ijoo poolisii akka ta’e tumameera. Seera deemmii falmii yakkaa biyya keenyaas keewwata 9 jalatti hojii poolisii keessa isaan ijoon yakka ittisuu fi nageenya mirkaneessu akka ta’e tumameera. Kanaaf yakka ittisuun fi nagaaf tasgabbii hawaasa biyyattii kabachiisuun kaayyoo hundeeffama qaama poolisii keessaa isa ijoodha jechuudha. Kunis kallattiidhaann garee ittisa yakkaa fi nageenya mirkaneessutiin raawwatama.

Hojiin ijoon inni biraa fi kallattiin qorattoota poolisii ilaallatu hojii qorannoo yakkaati. Hojii kana keessatti qorattootni poolisii gahee bakka hin bu’amne qabu. Inumaayyuu biyya keenya keessatti haala baratamaatin hojiin qorannoo yakkaa hojii poolisii qofa akka ta’etti ilaalamaa ture. Qabatamaanis muuxannoon ture qorataan poolisii gocha yakkaa qoratee erga xumure booda galmee qorannoo abbaa alangaatiif dhiheessa.

Yakka qorachuun aangoo qaama poolisii akka ta’e seeronni garaagaraasni tumu. Fakkeenyaaf Labsii Komishinii Poolisii Federaalaa Hundeessuuf Bahe, lakk. 720/2004 keewwata 6(1) jalatti poolisiin yakka qorachuuf aangoo akka qabu tumamee jira. Labsimakana Keewwata 6(2) jalatti immoo poolisiin qorannoo yakkaa ilaalchisee ministeera haqaa fi qaamota biroo waliin ni hojjata jedha. Seerri deemmii falmii yakkaa biyya keenyaas yakka qorachuun hojii ijoo poolisii akka ta’e ni tuma. Bu’uura seera kanaatin qorataan poolisii eeruu qaama kamirrayyuu dhufu ofitti fuudhee qulqulleessuuf dirqama qaba.¹⁰⁶ Kanaaf qorataan poolisii bu’ura seeraatin eeruu yookaan iyyannoo keessummeessuu, ragaa sassaabuu, shakkamaa qabuu fi hidhuu; jecha shakkamaa fuudhuu, bu’uura seera deemmii falmii yakkaa keewwata 28 tin mirga wabii shakkamaa irratti murtii kennuu, qabeenya, qabiyyee yookaan qaama shakkamaa sakatta’uu, ragaa teknika

¹⁰⁵Ben Andersen barreesse, matadureen isaa “‘Crime Prevention and Offender Reintegration - Are They Compatible?’”, International Centre for Criminal Law Reform and Criminal Justice Policy, Canada, 2006, fuula.2 irratti ibsameera.

¹⁰⁶ Seera deemmi falmii yakkaa biyya keenyaa bara 1954 A.L.I. bahe keewwata 9(b), 16 fi isaan itti aanan ilaala.

funaanuu, ciraa adda baasuu, olkaa'uu fi dhimmoota hojii qorannootiif barbaachisan biraa raawwachuuf aangoon bal'aan kennameefi jira.

Qorataan poolisii eeruu gocha yakkaa ofitti fudhatee qulqulleessuuf aango qofa osoo hin taane dirqamas qaba.¹⁰⁷ Dabalataanis qorannoo yakkaatin walqabatee qajeelfama abbaan alangaa seera irratti hundaa'uun kennu fudhachuun hojirra oolchuuf dirqama qaba.¹⁰⁸ Kana malees gocha yakkaa yeroo qulqulleessu mirgi fi bilisummaan shakkamaa akka hin sarbamneef adeemsa seeraa hordofuu; ragaaleen sassabaman akka hin banne yookaan hin miidhamne gochuu; fi galmee qorannoo akkuma xumureen gara waajjira haqaatti erguun akka irra jiraatu seerri deemmii falmii yakkaa ni tuma.

Imaammanni sirna haqa yakkaa yeroo duraatif bara 2003 A.L.I. tti bahe keessattis gaheen qorataan poolisii hojii qorannoo yakkaa keessatti qabu olaanaa ta'uun ibsameera. Imaammatachi qorataan poolisii kamuu gochi yakkaa raawwatamuu odeeffannon gahaan jiraachuu yoo itti amane dhimma yakkaa kamuu irratti qorannoo jalqabuu qaba jedha.¹⁰⁹ Akka imaammata kanaatti qorannoon yakkaa qaama tokkoon qofa addatti kan raawwatamu osoo hin taane abbaan alangaa fi qorataan poolisii waliin ta'uun kan geggeessaniidha.¹¹⁰ Kunis sirni waliin qorachuun JBAH keessatti diriire imaammataanis beekkamtii argachuu agarsiisa. Adeemsa waliin qorachuu kana keessatti garuu gaheen qorataa poolisii fi abbaa alangaa dhuunfatti qabanismaal akka ta'an imaammatacha keessatti ibsamaniiru.

ii. Gahee Abbaa Alangaa

Biyyoota sirna seera komaniis ta'ee siivilii keessatti gaheen abbaan alangaa qorannoo yakkaa keessatti qabu olaanaadha. Biyyoota sirna seeraa komanii keessatti hundeeffama waajjira abbaa alangaatin dura hojii abbaan alangaa yeroo ammaa raawwatu hunda kan raawwatu poolisii ture.¹¹¹ Poolisiin aango himata hundeesuu, mana murtiitti falmii geggeessun murtii kennisiisu qaba ture. Boodarra garuu qaamni addaa mootummaa bakka bu'ee dhimma kana raawwatu waan babaachiseef waajjirri abbaa alangaa dhaabbate. Bu'uruma kanaan qaamni poolisii qorannoo akka geggeessan abbaan alangaa immoo galmee poolisii irra dhufu qoratee murtii akka itti kennu

¹⁰⁷ Miiljalee armaan olii, kwt 23

¹⁰⁸ Miiljalee armaan olii, kwt 8(2) fi 9

¹⁰⁹ Ministeera Haqaa, Imaammata Sirna Haqa Yakkaa Itoophiyaa, bara 2003, Finfinnee, fuula 9 ilaala.

¹¹⁰ Miiljalee armaan olii

¹¹¹ Dr Despina Kyprianou 'The Role of the Cyprus Attorney General's Office in Prosecutions: Rhetoric, Ideology And Practice', University Of London – LSE, PHD Thesis 2006, fuula 2

godhame. Haata'u malee bu'uura adeemsa kanaatin abbaan alangaa galmee poolisiin qoratee keessa isaa gadifageenyaan osoo hin beekin murteessun akkasumas galmeeleen poolisii irraa dhufan ga'umsa dhabuun qorannoon waan irra ga'ameef abbaan alangaa hojii qorannoo keessattis gahee akka qabaatu ta'ee jira.

Biyyoota sirna seeraa siivilii hordofan keessattis gaheen abbaan alangaa hojii qorannoo yakkaa keessatti qabu olaanaadha. Fakkeenyaaf biyya Faransaayii keessatti hojii qorannoo yakkaa kan hogganu abbaa alangaati.¹¹² Muuxannoon biyya kanaakka mul'isutti,ittigaafatamummaan qorataa poolisii abbaa alangaatifidha.¹¹³ Kutaan qorannoo poolisiiskan qajeelfamu, to'atamu fi hordofamu abbaa alangaatiin. Abbaan alangaas kutaa qorannoo yakkaa kana karaa sadiin hordofa. Kunis haala adeemsa qorannoo yakkaa to'achuu fi hordofuu, tajaajila adeemsa qorannoo yakkaa keessatti kennamu qindeessuu fi haala qorannoo yakkaa ittiin gaggeeffamu qajeelchuu akkasumas wantoota akka ragaatti addatti qabamuu qaban filatee qajeelfama kennuu dha.¹¹⁴ Biyya Jarmanii keessattis abbaan alangaa hogganaa dhimma yakkaa sadarkaa qorannarra jiruu (the ruler of investigative stage) jedhameet beekkama.¹¹⁵ Abbaan alangaa biyya kanaa mataa ofiitii qorannoo yakkaa geggeessuu yookaan poolisiin akka qoratu gochuuf aangoo qaba.

Biyya keenya keessattis gaheen abbaan alangaa hojii ittisaa fi qorannoo yakkaa keessatti qabu olaanaadha. Yakka ittisuun walqabatee Labsii Aangoo fi Hojii Qaama Raawwachiiftuu Mootummaa Federaalaa Murteessuuf Bahe Lakk. 691/2003 Keewwata 16(4) jalatti akka tumametti Ministeerri Haqaa ka'umsaa fi mala ittisa yakkaa irratti qorannoo ni geggeessa, qaamolee mootummaa dhimmi ilaallatu waliin ta'uun hojii yakka ittisuu ni raawwata.¹¹⁶ Akka Imaammatasirna haqa yakkaa biyya keenyaattis, Ministeerri Haqaa qaama olaanaa sadarkaa biyyaatti gocha yakka ittisuu hogganuu fi qaamolee biroos qindeessuuf ittigaafatamummaa qabuudha. Abbaan alangaa tokko aangoo fi gaheen isaaf kennamu kan maddu aangoo fi gahee

¹¹² Seera deemmii falmii yakkaa biyya Faransaayi keewwata 38 fi 41 ilaala, akkasumas John D. Jackson, the effect of legal culture and proof in decision to prosecute, law, probability and risk, (2004), fuula 120

¹¹³ Jacqueline Hodgson, French Criminal Justice: A Comparative Account of the Investigation and Prosecution of Crime in France, OXFORD, 2005, fuula 93 akkasumas Dr Despina Kyprianou, comparative analysis of prosecution system (part II): the role of prosecution service in investigation and prosecution principles and policies, fuula 8 fi 9

¹¹⁴ Miiljalee armaan olii

¹¹⁵ Seera deemmii falmii yakkaa Jarmanii kutaa 161(1) ilaala. Akkasumas Eberhard Siegismund, "The Public Prosecution Office In Germany: Legal Status, Functions And Organization", fuula 61

¹¹⁶ Labsii Aangoo fi gahee Hojii Qaamalee Raawwachiiftuu Mootummaa Federaalaa Murteessuuf Bahe Lakk. 691/2003, bara 2003 A.L.I. tti bahe, kwt16(4)

waajjira inni keessatti hojjatu irraayi waan ta'eef aangoon ministeera haqaatiif kenname kun aango abbaa alangaati.

Dhimmi ijoon inni biraa gahee abbaan alangaa hojii qorannoo yakkaa keessatti qabuudha. Labsii Aango fi Gahee Hojii Qaama Raawwachiiftuu Mootummaa Federaalaa Murteessuuf Bahe Lakk. 691/2003 Keewwata 16(5) jalatti akka taa'eetti Ministeera Haqaa dhimma yakkaa irratti mootummaa Federaalaa bakka bu'ee himata hundeessuu, falmachuu fi raawwii murtii hordofuu; ofii isaatii gocha yakkaa qorachuu; qorannoon yakka akka geggeefamu qajeelfama kennu; qorannoo yakkaa hogganuu fi qajeelchuu; sababni gahaan yoo jiraate qorannoo geggeeffamaa jiru akka dhaabatu gochuu; qorannoon dabalataa akka geggeffamu ajajuu; adabbii irratti waliigaluu (plea bargaining) hayyamuu fi bu'uura seeraatiin himannoo kaasuuf aango qaba. Dabalataanis seera deemmii falmii yakkaa keewwata 8 fi 9 jalatti abbaan alangaa qaama poolisiitiif ajajaa fi qajeelfama barbaachisaa ta'e kennuu fi polisoonni hojii isaanii bu'uura seeratiin raawwachuu isaanii mirkaneessuuf aango akka qabu tumameera. Bu'uura seera deemmii falmii yakkaa keewwata 16 tin immoo abbaan alangaa eeruu keessummeessuuf aango akka qabuu fi eeruu kanas qorattootni poolisii akka qulqulleessan qajeelfama kennuuf aango akka qabu tumameera. Kana malees hojii qorannoo yakkaatin walqabatee qajeelfama poolisiif kennuu fi poolisiin hojii isaa akkaataa seerri ajajuun rawwachuu isaanii mirkanessuuf itti gaafatamummaa qaba.¹¹⁷ Bu'uura kanaan abbaan alangaa galmeen qorannoo poolisii akka isa ga'een qoratee qorannoon dabalataa bu'uura keewwata 38(c) tin qorannoon dabalataa akka geggeeffamu ajajuu yookaan qorannoon duraa abbaa seeraatiin bu'uura keewwata 80(1) tin akka geggeeffamu gochuu yookaan bu'uura keewwata 39 fi 42 tin galmee cufuu yookaan bu'uura keewwatoota 109-122 tin himata banuuf akkasumas qorannoon geggeeffamaa jiru akka dhaabbatu godhuuf aango akka qabu tumeera. Poolisiinis qajeelfama kana fudhatee hojirra oolchuun abbaa alangaa gargaaruuf dirqama qaba.¹¹⁸

Imaammanni sirna haqa yakkaa biyya keenyaas hojii qorannoo yakkaa keessatti aango fi ittigaafatamummaan abbaan alangaa qabu olaanaa akka ta'e ni kaa'a. Akka imaammata kanaatti abbaan alangaa fi qorataan poolisii hojii qorannoo si'aawaa fi bu'aa qabeessa gochuuf waliin qoratu.¹¹⁹ Haata'u malee imaammatachi hojii qorannoo yakkaahogganuufi hordofuuf

¹¹⁷ Seera deemmii falmii yakkaa biyya keenyaa, kwt 8(2)

¹¹⁸ Miiljalee armaan olii, kwt 9

¹¹⁹ Miiljalee 109, fuula 9

ittigaafatamummaa kan qabu abbaa alangaa waliigalaati jedha.¹²⁰ Kana malees imaammatachi seera deemsa falmii yakkaa irraa haala adda ta'een abbaan alangaa dhimma yakkaa kamiyyuu irratti qorannoo ofiisaatii geggeessuuf aangoo akka qabu tumeera. Gama biraatin dhimma qorannoo yakkaa sadarkaa kamirrattuu argamu ilaalchisee qaama dhimmicha qoratuf ajaja barbaachisaa kennuu fi seera qabeessummaa adeemsa qorannichaa mirkaneessuuf dirqama qaba. Bu'uura imaammata kanaatin qaamni qorannoo geggeessu kamuu dhimma qorannoo yakkaa wajjiin walqabatee ajajaa fi gorsa Abbaan Alangaa kennu fudhatee raawwatu fi raawwachiisuuf dirqama qabu.¹²¹

Abbaan Alangaas adeemsa qorannoo yakkaa ilaalchisee ragaalee walitti qabaman dhimmichi faayidaa ummataaf qabu ilaalcha keessa galchuun murtii qajeeltowwan bilisummaa, ittigaafatamummaa, haqummaa fi olaantummaa seera irratti hundaa'e kennuuf dirqama qaba. Kaayyoon bu'uuraa murtee Abbaa Alangaas himannaan osoo hin dhihaatin dura dhimmichi yakkaan kan nama gaafachiisu ta'uu, yoo mana murtiif dhihaate himatamaa balleessaa taasisuuf ragaan gahaan jiraachuu fi faayidaan hawaasaa jiraachuu mirkaneessuf ta'a. Kanaaf bu'uura imaammata kanaatin galmee qorannoo irratti murtii kan kennu abbaa alangaati jechuudha.

iii. Walitti Dhufeenya Abbaa Alangaa fi Qorataa Poolisii

Seenaa sirna haqa yakkaa biyya keenyaa keessatti walitti dhufeenyi Abbaa alangaa fi qorataa poolisii walitti dhufeenya walta'anii waliin hojjachuu osoo hin taane walitti dhufeenya ajaja dabarsuu fi ajaja kenname raawwachuu ture. Walitti dhufeenyi kunis eeruu irraa jalqaba. Akkuma gubbaatti ibsuuf yaalametti abbaan alangaas akkuma qorataa poolisii eeruu keessumeessuuf aangoo ni qaba. Eeruu kana immoo ofii isaatii hin qoratu. Akka qoratamu poolisiif qajeelfama kenna.¹²² Kana malees abbaan alangaa qorannoon haaraa akka geggeeffamu qajeelfama ni kenna, qorannoon geggeeffamaa ture akka addaan citu godhuu, qorannoon dabalataa akka geggeeffamu godhuuf aangoo bal'aa qaba. Qorataan poolisiitis ajaja yookaan qajeelfama abbaan alangaa kennu fudhatee raawwachuuf dirqama qaba. Kanarraa kaanee yoo ilaallu walitti dhufeenyi ture walitti dhihaachuun waliin hojjachuu osoo hin taane ajaja kennuu fi ajaja raawwachuu ture.

¹²⁰ Miiljalee armaan olii

¹²¹ Miiljalee armaan olii

¹²² Seera deemmii falmii yakkaa Itoophiyaa, kwt 16

Kunis qaamoleen kun waliwajjiin ta’anii qorannoo yakkaa si’aawaa fi bu’aa qabeessa ta’e geggeessu irra ajaja walitti daddabarsuu, rakkoo qorannoo qorataa poolisiiti yookaanrakkoo himannaa yookaan falmii abbaa alangaati jechaa quba walitti qabaa fi walbalaaleffachaa turan. Waan ta’eefis hojiin qorannoo yakka kan maammila gammachiisu, si’aawwaa, qulqulluu fi bu’aa qabeessa hin turre.¹²³Mootummaan rakkoo kana hubatee akka federaalattis ta’ee akka naannoo keenyaatti riifoormiiwwan garaagaraa akka hojjataman ta’ee jira. Mata-dureen itti aanu kunis akka naannoo Oromiyaatti rakkoowwan turan, rakkoolee kana furuuf hojiilee hojjataman, adeemsa haaraa kana waliinis rakkoolee mul’atanii gadifageenyaan kan xiinxaluu fi yaada furmaata kan kaa’uudha.

Gaaffilee Marii

- a. Yakka ittisuun hojii eenyuti? Hojii yakka ittisuu keessatti gahee qaamni poolisii fi abbaan Alangaa maali? Walitti dhufeenyi hojiin yakka ittisuu qorannoo yakkaa waliin qabu irratti mari’adha.
- b. JBAH’n osoo hojirra hin oolin dura gahee qorataan poolisii hojii qorannoo yakkaa keessatti qabu maal akka fakkaatu kaasuun irratti mari’adha
- c. Sirna haqa yakkaa biyya keenyaa keessatti hojii qorannoo yakkaa qabatamaan raawwachaa kan ture qorataa poolisiiti. Abbaan alangaa galmee qorannoo isaaf ergame irratti murtii kennuudha. Adeemsi kun immoo abbaan alangaa bilisa ta’ee galmee dhihaateef qofa xiinxaluun himata hundeessee akka falmatu godha waan ta’eef barbaachisaadha. Yaada kana akkamitti ilaaltu?
- d. Imaammanni sirna haqa yakkaa biyya keenyaa qorannoo yakkaa ilaalchisee aangoo bal’aa abbaa alangaatif kan kennedha yaada akkamitti ilaaltu?
- e. Walitti dhufeenya abbaa alangaa fi qorataa poolisii hojirra oolmaa JBAH tin dura ture akkamitti ilaaltu? Seeraa fi qabatama ture walbira qabuun irratti mari’adha. Rakkoolee hojii qorannoo yakkaa keessatti turan kaasuun irratti mari’adha.

b. Adeemsa Hojii Qorannoo Yakkaa Naannoo Oromiyaa

¹²³Dokumentii haadhoo JBAH bara 1999 qoratame, fuula 9

i. Adeemsa Hojii Qorannoo Yakkaa Fooyyessuf Tarkaanfilee Fudhataman

Akkuma gubbatti kaasne kufaatii mootummaa Dargiitin booda rifoormiiwwan adda addaa mootummaan Ripuublika Federaala Dimokraatawaa Itoophiyaatin bahanii hojirra oolaniiru. Mootummaan naannoo keenyaas haala qabatamaa naannichaa giddu-galeessa godhachuun riiformiiwwan kana hojii irraa oolchaa jira. Haata'u malee riiformiiwwan kun yeroodhaa gara yeerootti bu'aawwan adda addaa kan galmeessisan ta'us dheebuu haqaa hawaasni naannoo keenyaa qabu bu'uura irraa deebisuu hin dandeenye. Fedhii guddaa hawaasaa kana karaa guutuu ta'een deebisuuf Biiron Haqaa Oromiyaa, bara 1999 A.L.I Sagantaa Jijjiirama Bu'uura Adeemsa Hojii (kanaan booda JBAH) diriirseera.

JBAH qorachuun kanbarbaachiseefis kenniinsi tajaajila haqaa kennamaa ture wal xaxaa, harkifataa, komiin kan itti baay'atu, maamila kan hin gammachiifne ta'u fi hojiiwwan adeemsa kana keessatti raawwataman iftoominaa fi itti gaafatamummaan keessatti kan hin calaqqifne akka ta'an qorannoo JBAH irratti ifaan ni teechisa.¹²⁴ Rakkoolen qabatamaan adda bahanis abbaan alangaa galmee qorannoo yakkaa irratti yeroodhaan murtii kennuu dhabuun kan ture tahuu; murtee abbaan alangaa galmee qorannoo yakkaa irratti kennu qulqullina kan hin qabne tahuudha. Rakkoowwan kunis haalota adda addaatiin kan ibsamu yoo ta'u, fakkeenyaaf; Abbaan alangaa yakki yeroo raawwatamu dhugummaa ragaa sassaabamee fi raawwii yakkichaa irratti gadi bu'uun qulqulleessuu dhabuu, keewwata ijoo dubbii waliin wal-hin-simneen himata dhiyeessuu, ragaa gahaan otoo jiruu galmee yakkaa S/D/F/Y/ keewwata 42/1/A'n cufuun jiraachuu, akkaataa S/D/F/Y/ keewwata 38/C/tiin qajeelfama ifa hin taaneen poolisiitti yeroo hedduu deddeebisuu, ragaa gahaa malee himata dhiheessuu, abbaan alangaa galmee ciccimoo irratti gareen mari'atee murtee kennuu dhabuu, naannummaa, firoomaa fi faayidaa addaan galmee qorannoo irratti murtee kennuu, galmee ofirraa dhiibuun qaama oliif dabarsuun, abbaan alangaa yakka ciccimoo ta'an gadi bu'ee poolisii waliin qulqulleessuu dhabuu, ragaa fira miidhamaa ta'anii sobaan qindaa'anii dhiyaatan irratti hundaa'uun himata dhiyeessuu kan jedhaniidha. Rakkoowwan kun akka uumaman sababani guddaan abbaan alangaa dhugummaa gocha yakkaa raawwatame tokko gadi bu'ee qulqulleessuu dhabuu fi walitti dhufeenya abbaan alangaa fi qorataapoolisii sirnaawaa tahuu dhabuu isaati.

¹²⁴Dokimeentii Adeemsa Hojii Qorannoo fi Murtii Galmee Yakkaa: Biiron Haqaa Oromiyaa, F. 33 fi Kan Itti Aan

Rakkoolee kana bu'ura irraa furuuf JBAH'n qoratameebara 2000 A.L.I irraa eegalee adeemsi hojii haaraan filatamee akka hojirra oolu ta'eera. Adeemsi haaraa kunis “*Adeemsa Hojii Murtii Galmee Yakkaa fi Keessummeessa Iyyannoo*” jedhama. Boodarra immoo “*Adeemsa Hojii Qorannaa fi Murtii Haqaa kennisiisu*” jedhamee moggaafame. Akka adeemsa haaraa kanaatti, “*abbaan alangaa fi qorataan poolisii gocha yakkaa raawwatame jalqaba irraa kaasee odeeffannoo waljijjiiruun waliin qorachuun abbaan alangaa himata dhiheessee falmuun murtii kennisiisu*”. Sababoota adeemsi haaraa kun akka filatamu godhanis dokumentii qorannoo JBAH keessatti taa'aniiru.¹²⁵ Sababni *tokkoffaan*adeemsichi hojiin wal-cinaan hojjatamuu akka danda'uu (parallel process) gurmeessuukan nama dandeessisu ta'uudha. Fakkeenyaaf Abbaan Alangaa qorataa poolisii waliin gocha yakkaa qorachaa gaaffii mirga wabii galmee qorachaa jiru sanailaalchisee dhiyaatuuf achumaan deebii kennuu ni danda'a.

Sababni inni *lammaffaan* adeemsichi hojiiwwan iddoo adda addaatti hojjatamaa turan iddoo tokkotti kurfaa'anii akka hojjatamanii fi maamilli bakka adda addaa deemuun irra osoo hin jiraatin dhimma isaa iddoo tokkotti akka raawwatamuuf (single point of contact for customers) kan taasisu waan ta'eefidha. Fakkeenyaaf; adeemsichi maamilli iyyata dhiyeeffateef iddoo tokkotti furmaata barbaadu argatee akka deebi'u ni taasisa. Kuni immoo maammilli tajaajila argatetti akka gammaddu godha waan ta'eef itti quufinsi maammilaa ni dabala.

Sababni *sadaffaan* adeemsichi gochaawwan raawwataman tartiiba (natural procedure in the work) isaanii eeggatanii akka deemani fi gochaawwan maammilaaf bu'aa hin daballe (non-value adding and handoffs in the process) citanii akka hafan gochuuf kan nama dandeessisu ta'uu isaati. Akka adeemsa haaraa kanaatti gochaawwan raawwataman hundinuu fedhii yookaan gaaffii maamilli dhumarratti barbaadu sana irratti kan xiyyeeffatanidha. Fakkeenyaaf; maamilli tokko dhimma isaa beekuuf itti gaafatamaa, mana galmee fi kkf bira deemuun osoo hin barbaachifne ogeessuma bu'aa barbaadu sana kennuufi danda'u qunnamuun keessummaa'uu ni danda'a.

Sababni inni *afraffaan* filatamuu adeemsa haaraa kanaatiif bu'uura ta'e, adeemsichi hojiiwwan Qajeelchotaa fi kutaalee adda addaa keessatti hojjetamaa turan adeemsa tokkoon iddoo tokkotti jalqabaa hanga xumuraatti akka hojjetamu kantaasisu ta'uu isaa akka ta'e qorannoo JBAH keessatti taa'eera.

¹²⁵Miiljalee armaan olii

Akka qorannoo JBAH' tti adeemsa haaraan kunhojiirra kan oolu karaalee lamaanidha. Karaan *tokkoffaan* Abbaan Alangaa fi qorataanpoolisii waliin hojiiqorannoo gaggeessuun erga xumuranii booda, Abbaan Alangaa galmee qorannoo yakkaa irratti murtii kenna. Adeemsa qorannoo kana keessatti Abbaan Alangaa, dabalataan, hojii qorannoo qajeelchuu fi deeggaruu raawwata. Hojii qorannoo keessatti dogongorri yoo uumame immoo akka sirraa'u deeggarsa ni kenna. Inni biraa, adeemsa hojii haaraa filatame karaa teeknoolojii odeeffannootiin gargaaramuun hojjechuun ni danda'ama. Hojiiqorannoo yakkaalIT'n gargaaramuun hojjechuu, jechuunis qorataan poolisii akkuma odeeffannoo gocha yakkaa argateen karaa IT'n odeeffannoo argate Abbaa Alangaaf dabarsa. Abbaan Alangaas karuma IT tin yaada kennaa qorannoo gaggeessanii xumuruun Abbaan Alangaa himata qopheessee karaa net-workiin mana murtiitti dabarsa. Manni Murtiis guyyaa himatamaa fi ragaan seeraa itti dhiyaatu IT tin Abbaa Alangaa beeksisa.¹²⁶

Filanoowwan lameen keessaa yeroo ammaa filatamee hojiirra oolaa kan jiru isa duraa yoo ta'u, haaluma kanaan qorataan poolisii fi abbaan alangaa gochoota yakkaa ciccimoo irratti qofa otoo hin taane, gochoota yakkaa raawwataman hunda irratti gadi bu'uun qorannoo gaggeessaa kan jiran tahuu isaati. Bu'uura kanaanabbaan alangaa fi qorataan poolisiin waliin ta'anii eeruu nifuudhu, gocha yakkaa waliin qoratu, gaaffii mirga wabii shakkamaa irratti waliin murteessu jechuudha.

Adeemsa haaraa waliinqorachuu kana ilalchisee bara 2002 A.L.I.tti Biiroo Haqaa fi Komishinii Poolisii Oromiyaa Chaartarii walii abbaa alangaa fi qorataa poolisii qopheessanii mallatteessaniiru. Chaartariin kunis gahee abbaan alangaa fi qorataan poolisii hojii waliin qorachuu keessatti akka gareettis ta'ee akka dhuunfaatti qaban kan agarsiisuudha. Chaartarichi akka waliigalaatti qorataan poolisii ogummaa qabuun qorannoo yakkaa keessatti hirmaannaa fi gumaacha irraa eegamu akka bahu ni godhama jedha. As irratti ogummaa qorataan poolisii qorannoo yakkaa irratti qabu ogummaa qorannoo yookaan ogummaa biraa ta'uu, chaartarichi, ibsuu baatus, ogummaa qorannoo akka ta'etti fudhachuudhaan, qorannoo yakkaa keessatti gaheen qorataan poolisii qabu ogummaa qorannoo yakkaa akka ta'e fi kana bahuu akka qabu ilaaluun nidanda'ama. Kana waan ta'eef, qorannoo yakkaa gaggeessuu keessatti ogummaa qorannoo waliin dhimmoota wal qabatan irratti murtiin qorataan poolisii kennu ol'aantummaa

¹²⁶Miiljalee armaan olii, fuula 63-64

qaba jechuu dandeenya.¹²⁷ Akka fakkeenyaatti dhimma funaansaa fi qabiinsaa ragaa teknikaa kaasun ni danda'ama. Gama biraatin chaartarichi qorannoo yakkaa keessatti abbaan alangaa ragaa fayyadan seera waliin madaalee deeggarsa ogummaa seeraa ni kenna jedha. Kana jechuun hirmaannan abbaan alangaa qorannoo yakkaa keessatti qabu, irra caalaa, ragaawwan gocha yakkaa raawwatame saaxiluuf gargaaran ija seeraatiin madaaluun deeggarsa kennuudha. Kana waan ta'eef, murtiin abbaan alangaa seera waliin ilaalee kennu ol'aantummaa ni qabaata jechuu dandeenya.

Adeemsa haaraa kun bu'uura seeraa akka qabaatu gochuuf Caaffeen Mootummaa Naannoo Oromiyaas Abbootiin Alangaa fi Poolisiin yakkaa raawwatame irratti waliin tahuun qorannoo gaggeessuu akka qaban seera tumeera.¹²⁸ Bu'uura labsii kanaatin abbaan alangaa dhimmoota yakkaa aangoo manneen murtii naannichaa ta'an irratti poolisii waliin ni qorata, ragaa baatotni poolisii waliin akka dhihaatan ni taasisa, qorannoo adeemsifamu keessatti dhimmicha xiinxaluudhaan akkaataa seeraatiin poolisii waliin furmaata ni kenna; namoonni yakka raawwatan jedhamanii shakkamani to'annaa jala oolan gochi yakkaa isaan raawwatan mirga wabii kan hin dhoorkisiifne yoo ta'e yookaan ragaan gahaan irratti kan hin argamne yoo ta'e poolisii waliin mirga wabii akka eegamuuf ni taasisa.

Bifuma wal fakkaatuun, qorataan poolisii ragaa baatotni seeraa abbaa alangaa waliin tahuun ni dhiheessu, yakkoota aangoo mana murtii naannichaa ta'an abbaa alangaa waliin tahuun ni qoratu, qorannoo teeknikaa abbaa alangaa waliin tahuun ni gaggeessu, meeshaalee ciraa hanga qorannoon xumuramutti qabiinsaa fi haala abbaa qabeenyaatiif itti deebi'u irratti abbaa alangaa waliin ni hojjatu, galmeen qorannoo yakkaa fi balaa tiraafikii akkasumas ragaaleen adda addaa abbaa alangaa fi qaama dhimmi ilaalu waliin sirnaan akka eegaman taasisu kan jedhani dha.

Aangoowwan waliin qorataa poolisii fi abbootii Alangaatif labsichaan kennaman: gochoota yakkaa irratti qorannoo waliin gaggeessuu (qorannoo teeknikaa dabalatee), qorannoo adeemsifamu keessatti murtii waliin dabarsuu, fi himatamaa fi ragaa waliin dhiheessu kan jedhaniidha. Labsicha keessatti hojii qorannoo yakkaa eenyutu hoggana kan jedhu ifatti hin ibsamne. Haata'u malee aangon himannaa hundeessuu, falmii geggeessuu, himannaa kaasuu,

¹²⁷Chaartarii Akkaataa Abbaa Alangaa fi Qorataan Poolisii Waliin Hojjatan, Biiroo Haqaa fi Komishinii Poolisii Oromiyaa, Adooleessa 2002, Finfinnee, Kwt 2 (2)

¹²⁸Labsii Qaamota Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Gurmeessuu fi Aangoo fi Hojii Isaanii Murteessuuf Bahe Lakk.163/2003 kew 22(25 fi 26) fi 34(14 fi 15)

qorannaan akka geggeeffamu yookaan addaan citu, yookaan dabalataan akka geggeeffamu taasisuu; fi badiin yoo raawwatame tarkaanfii seeraa fudhachuu labsicha keessatti Abbaa Alangaatif kennamuun hojii kana olaantummaan kan hogganu Abbaa Alangaa ta'uu agarsiisa.¹²⁹

ii. Bu'aalee Argamanii fi Rakkoolee Ammas Jiran: Bifa Waliigalaatin

Abbaan alangaa fi qorataan poolisii gocha yakkaa eeruu irraa eegalanii waliin qorachuun bu'aalee heddu argamsiisee jira. Fakkeenyaaf abbaan alangaa fi qorataan poolisii galmee walitti deddeebisuu hafeera. Abbaan alangaa fi qorataan poolisii waliin waan qorataniif dhimmoota yakkaa ta'anii fi hin ta'in battalumatti addaan bahuun fala kennaa jiru. Hojiiwwan qorannoo yakkaa keessatti raawwataman iftoominaa fi qulqullina akka qabaatan gochuun danda'ameera. Abbaan alangaa fi qorataan poolisii ogummaa qaban walitti fiduun qorannoo bilchaataa isa duriirra gaggeessuun fooyya'aa akka jiru qorannoon seeraa ILQSOtti gaggeeffame ni agarsiisa; keessumaa gama saffisaan raawachuu qorannooyakkaatiin yoo madaalamu¹³⁰. Qorannoon geggeeffamuhaala mirga shakkamtootaa, himatamtootaa, miidhamtoota yakkaa eegsiseen geggeessun danda'ameera. Kana malees qorannoon yakkaa akkaataa si'oomina qabuun, seeraa fi hojimaata irratti hundaa'ee akka geggeeffamu gochuun danda'ameera. Kunis hojiin istaandardii JBAH'n kaa'ame keessatti hojjatamaa waan jiruufidha. Fakkeenyaaf yeroo qorannoon tokko itti eegalamee xumuramuu qabu JBAH'n taa'ee ittiin hojjatamaa jira. Kanaan hojiin qorannoo si'aawaa akka ta'u gochuun danda'ameera. Itti quufnsi abbaa dhimmaas dabaleera.

Gocha yakka raawwatame ilaalchisee abbaan alangaa fi qorataan poolisii waliin qorachuun bu'aalee jajjabeessoo heddu kan galmeessisan ta'us, raawwii irratti garuu rakkoolen tokko tokko mul'ataniiru. Isaan keessaa hangafootni: qaamni Adeemsa qorannoo yakkaa abbummaan hogganu beekamuu dhabuun isaa fi kunis miseensota garichaa giddutti wal dhabdeen akka uumamu gochuu; poolisiin qofti gochoota yakkaa tokko tokko irratti qorannoo yakkaa gaggeessaa jiraachuun, adeemsi waldhabdeen hojii irratti ka'u ittiin furamu iftoomina kan hin qabne ta'uu; gahee fi aangoon abbootii alangaa fi qorattoota poolisii ifatti addaan bahanii kaa'amuu dhabuu fa'adha. Dhimmi abbaan alangaa fi qorataan poolisii adeemsa waliin qorachuu kana keesstti ittigaafatamummaa waliinii qabu jedhus ifa ta'uu dhabuu rakkoodha. Sababni isaas

¹²⁹ Miiljalee armaan olii, kwt 22

¹³⁰ Miiljalee olii, lak 95, fuula 77

abbaan alangaa fi qorataan poolisii yeroo waliin qoratan dhimmoonni dhuunfaa isaanitti raawwatan jiru. Fakkeenyaaf himata kan qopheessu abbaa alangaati. Dhaddacha irrattis dhihaatee kan falmu abbaa alangaati. Kanaaf dogongora abbaan alangaa yeroo himata hundeessu yookaan dhaddacha irratti falmu uumuuf qorataan poolisii haalli ittigaafatamuu danda’u ifa miti. Dhimmoonni kunniin miseensota garichaa keessatti walitti bu’iinsi akka uumamu; waliigalanii kaayyoo tokkoof waliin qorachuu irra wal-abaaruun akka jiraatu; darbees qaamni tokko qofti qorannoo akka geggeessu godhuu danda’eera. Bu’aa qabeessummaa adeemsa waliin qorachuu mirkaneessuuf rakkoolee kana furuun dhimma murteessaadha. Kutaan itti aanu kunis gahee fi aangoo abbootin alangaa fi qorattootni poolisii adeemsa waliin qorachuu keessatti qaban addaan baasee ifatti kan agarsiisu ta’a. Kunis abbootin alangaa fi qorattootni poolisii gahee fi aangoo isaanii beekun waliin akka hojjatan kan godhuudha. Yaadonni furmaataa fi kallattiiwwan kutaa kana keessatti kaa’aman kunis bu’uura kan godhatan: imaammata sirna haqa yakkaa biyya keenya; Seera deemsa falmii yakkaa, Labsii aangoo fi gahee qaamolee raawwachistuu murteessuuf bahe; Labsii Ministeera/Biiroo haqaa fi Komishinii poolisii hundeessuuf bahe; yaadamaa fi kaayyoo bu’uuraa JBAH; JBAH federaalaan qoratamee fi wixinee seera deemsa falmii yakkaa biyya keenyaa fi muuxannoo biyyoota alaati.

Gaaffilee Marii

1. JBAH’n qoratamee bara 2000 A.L.I. erga hojirra oolee as abbaan alangaa fi qorataan poolisii dhimma yakkaa eeruu waliin fuudhuu irraa eegalee qorannoo yakkaa waliin geggeessu. Bu’aalee gama kanaan argama bal’innaan kaasuudhaan irratti mari’adha.
2. JBAH’n abbaan alangaa fi qorataan poolisii waliin qorachuu qabu kan jedhu ta’us bakka tokko tokkotti waliin qorachuu dhabuun, walii galuu dhabuun fi darbees walitti bu’uun ni mul’ata. Maddi rakkoolee kanaa maali jettanii yaaddu? Walumaagalatti rakkoolee adeemsa waliin qorachuu keessatti turan kaasuun irratti mari’adha.

iii. Qorannoo Yakkaa Hoogganuu

Adeemsa hojii qorannoo yakkaa keessatti hojiileen hojjataman hedduudha. Murtiileen garagaraas kan keessatti darbuudha. Kanaaf hojii kana bu’aa qabeessa gochuuf qaamni adeemsa kana olaantummaan hogganu jiraachuun dhimma murteessaadha. Kana ta’uu yoo baate garuu eggattummaan ni babal’ata. Fakkeenyaaf ittigaafatamummaa waliinii qabna jedhanii hojii laaffisuun ogeessota qaama lamaanuu biratti ni mul’ata. Waliin qoranna, ittigaafatamummaa

waliinii qabna waan ta'eef abbaan alangaa nu ajajuu hin danda'u ilaalchi jedhu qorattoota poolisii biratti ni mul'ata. Keessattuu abbaan adeemsaa yookaan ittigaafatamaan waajjira poolisii ejjannoo cimaa yoo hin qabaatin dhimmoota seeraa irratti yaada abbaan alangaa kennu raawwachiisun rakkisaa ta'a.

Biyya keenya keessatti hojii qorannoo yakkaa olaantummaan kan too'atuu fi qajeelchu abbaa alangaa akka ta'e seerota adda addaa irraa hubachuun ni danda'ama. Fakkeenyaaf Seera deemmii falmii yakkaa keewwata 8 fi 9 jalatti abbaan alangaa qaama poolisiitiif ajajaa fi qajeelfama barbaachisaa ta'e kennuu fi polisoonni hojii isaanii bu'uura seeratiin raawwachuu isaanii mirkaneessuuf ittigaafatamummaa akka qabu ni tuma. Kana malees qorannoo geggeeffamaa jiru akka dhaabbatu qajeelfama dabarsuu, qorannoon dabalataa akka geggeeffamu godhuu, namoonni seeran ala akka hin qabamnee fi hin hidhamne gochuu fi tarkaanfiis fudhachuu danda'a. Labsiileen aangoo qaama rawwachiistuu federaalaa hundeessuuf bahe akkasumas labsiin Biiroo haqaa oromiyaa hundeessuuf bahe qorannoo yakkaa abbummaan kan hogganu waajjira haqaa (abbaa alangaa) ta'uu ni tumu.

Akka qorannoo JBAH tti, abbaan alangaa fi qorataan poolisii gocha yakkaa eeruu fuudhuu irraa eegalee hanga murtii argatutti waliin hojjatu. Ittigaafatamummaan isaan qabanis ittigaafatamummaa waliiniiti. Haata'u malee hojiin qorannoo yakkaa hoggansa qaama kamiitin raawwatamuu akka qabu JBAH'n duraan hojjetame waan ibsu hin qabu. Kanarraa kan ka'e hojiin qorannoo yakkaa eenyun akka hogganamu, adeemsa waliin qorachuu keessatti garaagarummaan yaadaa yoo mul'ate yaadni qaama kami irra caalaa fudhatama akka qabaatu irratti falmiin adda addaa qaamota kana lamaan jiddutti yoo ka'u ni mul'ata. Darbees walitti bu'iinsa qamolee kanaatiif sababa guddaa ta'eet argama.

Ogeessonni seera hedduun qorannoon yakkaa abbaa alangaatin hogganamuu qaba jedhu. Sababni isaan kaasanis: *Tokkooffaa*, qorannoon gocha yakkaa raawwatame tokko irratti gaggeeffamu hundi ija seeraatiin ilaalamae hoggansi kennamuu kan qabu tahuu isaa fi qaamni dhimma kana irratti dandeettii fi gahumsa qabu immoo abbaa alangaa tahuu isaa hojiin qorannoo yakkaa Waajjira Haqaatiin yookaan abbaa alangaadhaan akka hogganamu kan dirqisiisu tahuu agarsiisa. Yaaduma kana bifa deeggaruun waajjirri haqaa dhimmaa seeraa irratti gorsaa mootummaa ta'uun isaa qorannoon yakkaa gaggeeffamu waliin wal qabatee hojii jiru ol'aantummaan akka hogganu godha. *Lammaaffaa*, murtiiwwan gocha yakkaa qorachuu

keessatti darban, murtiiwwan himata bu'uuruu ykn falmii gaggeessuu keessatti kennamaniif bu'uura waan ta'eef, dhimmoota booda irratti ibsaman kanneen kallattiin kan raawwatu immoo abbaan alangaa tahuun isaa hojjiin gocha yakkaa raawwatame irratti qorannoo gaggeessuu Waajjira Haqaatiin akka hogganamu dirqisiisa. Dhimma kana gadi fageenyaan ibsuuf, abbaan alangaa qabxiiwwan himata bu'uuruuf barbaachisanii fi gosoota ragaa gocha raawwatame saaxiluuf gargaaran qorataa poolisii caalaa beekuu waan danda'uuf, adeemsi qorannoo yakkaa fi murtii haqa kennisiisaa dhuma irratti waajjira Haqaan hogganamuu qaba. *Sadaffaa*, haallii hojiiwwan qorannoo yakkaa keessatti itti raawwataman mirga namoomaa namoota shakkamanii irratti dhiibbaa gaarii ykn yaraa geesisuu danda'a. Kana waan ta'eef, waajjirri haqaa immoo qaama mootummaa kamiyyuu caalaa mirgooleen namoommaa, heera keessatti tumaman, kabajamuu isaanii mirkaneeffachutu irraa eegama. Kana gochuuf akka danda'u immoo adeemsi qorannoo yakkaa fi murtii haqaa kennisiisuu hogganamuu kan qabu abbaan alangaan yoo ta'e dha. *Afraffaa*, seerotni kanaan dura turan fakkeenyaaf: Labsiin Mana Hojii Abbaa Alangaa Hundeesse, seerri deemsa falmii yakkaa kan hin haqaman ta'uun isaanii hojii qorannoo yakkaa ol'aantummaan, ammas taanaan, hogganaa kan jiru Waajjira Haqaa yookaan abbaa alangaa tahuu isaa agarsiisa. *Shanaffaa*, imaammata sirna haqa yakkaa Itoophiyaa keessatti haala ifa ta'een akka ibsametti, hojii qorannoo yakkaa hogganuu kan qabu biiroo haqaa dha.

Gama biraatiin, ogeessotni muraasni hojiin qorannoo yakkaa poolisiin hogganamuu qaba jedhanis jiru. Sababniogeessotni kunneen kaasanis, qorannoo yakkaa gaggeessuu irratti muuxannoo, leenjii fi beekumsa kan qabu poolisii waan ta'eef akkasumas murtiiwwan qorannoo yakkaa keessatti kennaman hojiiwwan ittisa yakkaa keessatti raawwataman irratti dhiibbaa of danda'e kan geesisan waan ta'eef, hojiin ittisa yakkaa irra caalaa bu'a qabeessa gochuudhaaf hojiin qorannoo yakkaa poolisiin hogganuu qaba jedhu.

Falmii hojii qorannoo yakkaa eenyutu hogganuu qaba jedhu fi kanaan walqabatee walitti bu'iinsa abbootii alangaa fi qorataa poolisii jiddutti uumaman furuuf dhimma kana kallattii adda addaatin xiinxaluun barbaachisaadha. Kallattiin *tokkoffaan* muuxannoo biyyoota biraa ilaaluudha. Gama kanaan muuxannoon biyyoota adda addaa, keessattu muuxannoon biyya Faransaayii fi Jarmanii kan agarsiisu qorannoon yakkaa olaantummaan kan hogganamu *abbaa alangaatin* ta'uu

isaati.¹³¹ Biyyootuma sirna seeraa komanii hodofan kan akka Ameerikaa fi Ingliizii keessatti abbaan alangaa hojii qorannoo yakkaa hoganuun fudhatama argachaa kan dhufe ta'uu ragaaleen ni agarsiisu. Kanaaf muuxannoo biyyoota biraa ilaaluun qaawwa nu bira jiru duuchuu danda'a waan ta'eef kallattii kanaan ilaalun barbaachisaadha.

Lammaffaan kallattii seera qabeessummaa hojii qorannoo yakkaa mirkaneessu fi maandeetii mana hojii tin ilaalamuu qaba kan jedhuudha. Hojiiwwan qorannoo yakkaa keessatti raawwatama, jechuunis, eeruu fuudhuu, yakka yookaan siivilii ta'uu adda baasuu, ragaa rogummaa qabu funaanuu fi madaaluu, shakkamaa qabuu, sakatta'uu fi kkf hundi kan madaalaman ija seeraatinidha. Qorannoo gaggeeffamu keessatti hojiiwwan hojjataman akkaataa seerri fi hojiiimaanti teechiseen tahuun isaa, hojiiwwan kanneen raawwataman olaantummaan abbaan alangaa akka hogganu kan dirqisiisanidha. Sababni isaatis, dhimmoota seera waliin wal qabatan irratti hubannoo fi beekumsa olaanaa qaba jedhamee kan yaadamu abbaa alangaati. Kana malees maandeetii mana hojii abbaa alangaa keessaa tokko seera qabeessummaa hojii qorannoo yakkaa mirkaneessuudha. Abbaan alangaa yeroo qaxaramus dandeettii fi beekumsa seera qabaachuun isaa akka ulaagaa isa bu'uuraatti kan fudhatamu waan ta'eef, hojiiwwan qorannoo yakkaa keessatti raawwataman ol'aantummaan waajjirri haqaa yookaan abbaan alangaa akka hogganu gochuun, seerummaa qorannoo gaggeeffamaa jiru mirkaneessuudhaaf waan gargaaruuf, kan nama amansiisu dha.

Kallattiin *sadaffaan* kallattii tumaalee seeraa deemsa falmii yakkaa fi labsiilee adda addaa akkasumas imaammata biyyattiitin ilaaluudha. Seerri deemmii falmii yakkaa biyya keenyaa qorannoo yakkaa abbaan alangaa hogganuu akka qabu ni tuma. Seerri kun yeroo ammaas kan hin fooyya'inii fi raawwatiinsa kan qabuudha. Wixinee seera deemmii falmii yakkaa biyya keenyaa keewwata 74 jalattis hojii qorannoo yakkaa Abbaan Alangaa kan qajeelchu ta'uun ibsameera. Labsiin mana hojii abbaa alangaa hundeessuuf bahes qorannoo yakkaa olaantummaan waajjirri haqaa hogganuu akka qabu ni tuma.¹³² Labsiin aangoo fi gahee Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa murteessuuf bahe hoggansa qorannoo yakkaa ilaalchise wanti jedhu hin jiru. Ta'us garuu labsiin kunabbaan alangaa sababni gahaan yoo jiraate qorannoon jalqabame akka dhaabbatu yookaan qorannoon dabalataa akka gaggeeffamu taasisuu, ciraa akka

¹³¹ Biyya Garmanitti Abbaan Alangaa Hogganaa dhimmoota sadarkaa qorannoo yoo jedhamu, biyya Faransaayitti immoo qorattootni poolisii ittigaafatamummaan isaanii abbaa alangaatif dha.

¹³² Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Oromiyaa, Labsii Lakk 6/1986, kwt 11(8)

ragaatti fayyadu addaan baasu, saamuda isaa fudhachuu, yookaan suraa kaasuun akkaataa qabiinsa yookiin haala abbaa qabiyyeetiif itti deebi’u ilaalchise qajeelfama kennuu, namootni ragaa gahaa malee akka hin qabamne yookaan hin hidhamne of eeggannoo barbaachisaa ta’e taasisuu, nama qabuu irratti badiin yoo raawwatames tarkaanfii seeraa fudhachuu akka danda’u ni tuma. Kunis abbaan alangaa hojii qorannoo yakkaa kan hogganu ta’uu kan agarsiisuudha. Labsii federaalaa lakk.691/2003 jalattis Qorannoo yakkaa kan hogganuu fi qajeelchu Abbaa Alangaa akka ta’e ifatti kaa’eera. Kana malees imaammanni sirna haqa yakkaa Abbaan Alangaa hojii qorannoo yakkaa ni qajeelcha, ni hordofa jedha.

Kallattiin *afraffaan* immoo kaayyoo JBAH irraa ka’uun ilaaluudha. JBAH’n jijjiirama adeemsa hojiiti malee jijjiirraa hojii miti. JBAH’n abbaan alangaa poolisii ta’a yookaan poolisiin abbaa alangaa ta’a hin jedhu. Ogeessoni lamaanuu gargar kan ta’anii fi ogummaa garaagaraas kan gaafatuudha. Akka qorannoo JBAH tti abbaan alangaa fi qorataan poolisii jecha fuudhuu irraa kaasee hanga qorannoon xumuramutti waliin qoratani galmees himannaaf ni qopheessu. Akkasumas adeemsa qorannoo keessatii furmaata babaachisu waliin kennaa qorannoo isaanii ni geggeessu. Kunis abbaan alangaa ogummaa seeraatin, qorataan poolisii immoo ogummaa qorannoo yakkaatin (teknikaa fi taaktikaa) waliin ta’uun qorannoo yakkaa geggeessu kan jedhuu ta’uu isaati. Itti dabalees qorannoon JBAH ga’umsa ragaa kan madaalu abbaa alangaa ta’ee ragaa teknikaa adda baasun gama qorataa poolisiitin raawwatama jedha. Kanarraa kan hubannu JBAH’n jijjiirraa adeemsa hojiiti malee jijjiirraa hojii akka hin taaneedha. Kaayyoon waliin qorachuun barbaachiseef abbaan alangaa jalqaba irraa kaasee qorataa poolisii waliin galmees qorachuun dhugummaa yakkichaa mirkaneeffatee himata qulqullinaa fi bu’aa qabeessa ta’e akka hundeessu gochuufidha. Dabalataan qaamoleen kun ogummaa qaban walitti fiduun waliin hojjachuun hojiin qorannoo yakkaa qulqulluu, si’aawwaa fi bu’aa qabeessa waan taasisuufidha. Kana malees qaamoleen hojii tokko hojjatan kun walitti dhihaatanii yoo hojjatan adeemsa adeemsa bu’aa hin daballe citanii waan hafaniif maammilli tajaajila qulqulluu yeroo gabaabaa keessatti argatee itti kan itti gammadu ta’uudha. Hojiileen adeemsa waliin qorachuu kana keessatti raawwatamanii fi murtiileen darban hundi immoo seeraan kan walqabataniidha. Dhimma seeraa irratti immoo yaadni abbaa alangaa olaantummaa akka qabu qorannoo JBAH keessatti taa’eera. Kanaaf kaayyoo JBAH yoo xiinxallu aangoo fi gahee hojii qaama tokkoof seeraa fi labsiileen kenname kan jijjiiruu miti.

JBAH'n bara 2006 irra deebiidhaan qoratames kallattii kanaan kan ilaalamee fi hojii qorannoo yakkaa eenyu hogganuu akka qabu ifatti kan kaa'eedha. Bu'ura qorannoo kanaatin hojii qoranna yakkaa kan qajeelchuu fi hoogganu abbaa alangaati.¹³³ Haaluma kanaan abbaan alangaa qorannaan yakkaa gaggeeffamu seera qabeessummaa eeggatee deemuu; gahumsa, saffinaa fi qulqullina ragaa madaaluun fedhii ummataa fi mootummaa irratti dhimmoota dhiibbaa qaqqabsiisan adda baasuun qorannoon yakkaa bu'aa qabeessa akka ta'u qajeelfama seera qabeessa ta'e qorattootaa poolisiif ni kenna, hojii irra oolmaa qajeelfamichaa hordofuun tarkaanfii sirreeffamaa barbaachisaa ta'e ni fudhata, akka fudhatamus ni taasisa.

Gaaffilee Marii

1. Ittigaafatamummaan abbaa alangaa fi qorataa poolisii qaama garaagaraatifidha. Abbaan alangaa waajjira haqaatiif yoo ta'u qorataan poolisii immoo waajjira poolisiitifidha. Waan ta'eef adeemsa waliin qorachuu keessaatti qaamni tokko haa hogganu jechuun raawwii irratti rakkoo ni uuma yaadni jedhu jira. Yaada kana akkamitti ilaaltu? Hojii qorannoo yakkaa qaamni hogganuu jiraachun barbaachisaadha?
2. Ogeessoni heddu hoggansa hojii qorannoo yakkaa irratti waliigalu. Haata'u malee qorannoo yakkaa eenyutu hogganuu qaba gaaffii jedhu irratti falmii adda addaa kaasu. Isin hoo hojii qorannoo yakkaa eenyutu hogganuu qaba jettanii yaaddu? Maaliif?

iv. Eeruu yookaan Iyyannoo Keessummeessuu

Qorannoon yakkaa kan eegalamu eeruu yookaan iyyannoo dhihaatu irraayi. Kunis iyyannoo (compliant) abbaa dhimmaa, yookaan eeruu qaama kamiinuu dhihaatu (accusation) ta'uu danda'a.¹³⁴ Eeruu yookaan iyyannoo keessummeessuu jalatti hojiiwwan xixiqqoon ijoo ta'an hedduudha. Isaanis eeruu yookaan iyyannoo simachuu, dhimmichi yakka, balaa yookaan dhimma siivilii ta'uu adda baasuu, dhimmichi siivilii yoo ta'e furmaata seera itti kennuu (yakka ta'uu dhabuu ibsuun karaa biraatin fala akka argatu kallattii kaa'uu yookaan akeekuu), yakka yookaan balaa yoo ta'e dhimma iyyannoo dhuunfatiin ilaalamu (up on complaint) moo dantaa mootummaa fi ummataati (accusation) ta'uu addaan baasuu; dhimma iyyannoo dhuunfatiin ilaalamu yoo ta'e miidhamaan ragaa qabu akka dhiheeffatu gochuu, dhimma dantaa ummataa fi

¹³³Bulchiinsa mootummaa naannoo oromiyaatti Biiroo Haqaa fi Komishiinii Poolisii Oromiyaa, Maanuwaalii Jijjiirama Bu'uura Adeemsa Hojii Qorannaa Yakkaa fi Murtii Haqaa Kennisiisuu Irra Deebiin Fooyya'ee Qophaa'e, Gurraandhala, 2006, Finfinnee, fuula 19

¹³⁴ Seera deemsa falmii yakkaa, kwt 11 fi 12

mootummaa yoo ta'e immoo faayilii banuun qorannoo eegaluu fa'a kaasun ni danda'ama. Kun kan agarsiisu hojii eeruu yookaan iyyannoo keessummeessuu keessatti gaaffiwwan seeraa deebi'uu qaban heddu jiraachuu isaaniti.

Kanaan walqabatee gaaffiwwan eeruu yookaan iyyannoo eenyutu simata, yakka yookaan siivilii ta'uu eenyutu murteessa fi yoo yakka yookaan balaa ta'uun beekkame qorannoon akka eegalamu eenyutu godha jedhan yeroo heddu ni ka'u. Akka seera deemmii falmii yakkaa biyya keenyaatti abbaan alangaa fi qorataan poolisii eeruu yookaan iyyaannoo keessummeessuuf aangoo ni qabu.¹³⁵ Abbaan alangaa eeruu yookaan iyyannoo simate yakka ta'uu erga mirkaneeffate booda akka qoratamu qorataa poolisiif qajeelfama kenna. Eeruu yookaan iyyannoo kallattiidhaan gama qorataa poolisiitti dhufu ilaalchisee dhimmichi yakka, balaa yookaan siivilii ta'uu adda baasuun sadarkaa kanatti kan qorataa poolisii ta'a jechuudha. Abbaan alangaa dhimmichi yakka yookaan siiviliidha jedhee kan murteessu yeroo galmeen xumuramee isa dhaqabeedha. Adeemsi kuni immoo qabatamaan rakkoo garagaraa uumaa kan tureedha. Kunis qorataan poolisii ogummaa seeraa gahaa waan hin qabneef dhimmoota siivilii ta'an yakka jedhamanii qoratamanii yeroon abbaa alangaatiif dhihaatan hedduudha. Kuni immoo yeroo, qabeenyaa fi human namaa kan qisaasaa tureedha. Dhimma siivilii yakka jedhamee yeroon namni hidhamuu fi bilisummaan isaas sarbamu laayyoo hin turre.

Qorannoon JBAH Biiroo rakkoolee kanaaf fala kan kenneedha. Bu'uura JBAH tin eeruun kan fuudhamu akka seera deemmii falmii yakkaa keessatti ibsame kophaa kophaatti osoo hin taane abbaan alangaa fi qorataan poolisii waliin ta'uudhani. Barbaachisaa ta'ee yoo argameqorataan poolisii fi abbaan alangaa dirree ba'uun eeruu yookaan iyyannoo ni fuudhu. Labsiin Aangoo Qaamolee Raawwachiistuu Naannoo Oromiyaa Irra Deebin Murteessuuf Bahes kanuma kan cimsuudha. Eeruu waliin fuudhun immoo rakkoolee gama kanaan uumamaa turan keessattuu dhimma yakkaa fi siivilii adda baasuun walqabataniit turan hambisuun eerun qulqullinaan fi ariitiidhaan fala akka argatu gochuu keessatti bu'aa guddaa fideera. Qisaasamuu yeroo, qabeenyaa fi human namaas kan hambseedha. Miidhaa gama kanaan qabeenyaa fi bilisummaa nama dhuunfaa irra gahaa tures kan hambiseedha. Walumaa galatti adeemsi kunsirni qorannoo yakkaa haqa qabeessa, si'aawaa fi iftoomina qabaatee akka itti fufu mirkaneessu kan dandeessiseedha jechuu ni dandeenya.

¹³⁵Miiljalee olii, kwt 16

Bu'ura qorannoo JBAH tin eeruu waliin fuudhun bu'aawwan gurguddoo heddu kan argamsiise ta'us hanqinoota adda addaas hin dhabne. Hanqinoota kanneen keessaa inni duraa eeruu waliin fuudhuu dhabuudha. Kunis rakkoo hubannoo fi ilaalcha irraa kan madduudha. Fakkeenya iddoo tokko tokkotti hanqina humna namaa abbaa alangaa sababeeffachuun poolisiin kophaa isaa galmee yoo qoratu fi abbaan alangaas galmee kana irratti yoo mallatteessu ni mul'ata. Keessattu dirree bahuun eeruu waliin fudhuun walqabatee abbootii alangaa biratti ilaalchonni adda addaa ni mul'atu. Abbootin alangaa tokko tokko nuti siiviliidha, hidhannoo meeshaa waraanaa hin qabnu waan ta'eef iddoo yakki itti raawwatame deemnee eeruu fuudhuu dandeenyu jedhanii falmu.

Hanqinni inni biraa qorannoo JBAH tin walqabatee kan ka'uudha. Kunisgaaffilee eeruu dhihaate abbummaadhaan kan fuudhu eenyudha? Galmee sana abbummaadhaan qabatee kan galmeessu eenyudha? Sababa garaagaraatin qaamni tokko yoo hafe qaamni biraa kophaa isaatti eeruu fuudhuu danda'aa? Yoo danda'uu baate rakkoon gama kanaan nama eeruu dhiheeffate (miidhamaa) fi ragoota irra gahuu hin danda'u? Eeruun fuudhame yakka ta'uu yookaan dhiisuu irratti falmiin qaamolee kana lamaan jiddutti yoo ka'e eenyutu murteessa yookaan yaada eenyutu irra caalaa fudhatama argata? jedhaniif deebiin ifa qorannoo JBAH tin kaa'amu dhabamuu isaati. Qorannoon JBAH bara 2000 A.L.I. tti hojirra oole keessatti deebiin ifa ta'e itti hin kennamne. Akka waliigalaatti gaheen abbootin alangaa fi qorattootni poolisii eeruu fuudhuu keessatti qaban qorannoo JBAH keessatti addaan bahee taa'uu dhabuun falmii garaagaraa taasisuu irra darbee walitti bu'iinsa qaamolee kanneeniif sababa ta'aa tureera. Hanqinoota kana mee tokko tokkoon haa ilaallu.

Tokkoffaan, eeruu dhihaatu galmeessun gahee eenyuu akka ta'e ifaan beekkamu dhabuun qabatamaan rakkoolee adda addaa uumee jira. Kunis raawwattootni eeruu fuudhan sirnaan galmeessuu dhabuu, of-biratti hambisuu, akkasumas qaamni tokko inni biraa haa fuudhu jechuun eeggattummaan akka jiraatu godheera. Eeruun dhihaatu bifa tokkoon galmeessuu fi gabaasuu dhabuungabaasa istaatiksii yakkaa karaa Biiroo haqaa fi komishiinii poolisiitin gabaasamu garaagarummaa akka qabaatufi dhugummaa istaatiksii yakkaa naannichaa gaaffii keessa akka galu godheera. Galmeen abbummaadhaan eenyu harka akka turu ifatti beekkamu dhabuunis iftoomina fi qulqullina qorannoo yakkaa irratti miidhaa fidurra darbee too'annoo fi hordoffii eerurratti godhamus miidhaa kan tureedha. Rakkoo kana furuuf bara 2005 A.L.I. tti JBAH'n irra deebiidhaan akka qoratamu ta'eera. Bu'uruma kanaan abbaan alangaa fi qorataan poolisii eeruu dhihaate waliin ta'uun ni fuudhu. Yeroo kanas lachan isaanituu ni galmeeffatu yookaan ragaa ni

qabatu. Haata’u malee galmee qorannoo irratti eeruu dhihaate, jecha shakkamaa, ragaa fi odeeffannoowwan barbaachisaa ta’an kan galmeessu qorataa poolisiiti. Kanaaf bu’uura JBAH irra deebiidhaan qoratameetin eeruu dhihaate galmee qorannoo irratti kan galmeessu (guca eeruu kan guutu) qorataa poolisiiti jechuudha. Ta’us garuu waliin kan fuudhan ta’uu mirkaneessuuf lamaan isaanitu guca kana ni mallatteessu.

Lammaffaan, sababa adda addaatin qaamni inni tokko yeroo eeruun dhihaate argamuu yoo baate maaltu ta’a gaaffin jedhu dha. JBAH’n gaaffii kanaaf deebii ifa ta’e hin qabu. Gaaffiin kun karaa sadiin fala argatuu danda’a. Karaan *tokkoffaan* hanga qaamni hafe sun dhufutti eeguudha. Kanaan walqabatee falmii fi walitti bu’iinsi abbootii alangaa fi qorattoota poolisii jiddutti yoo uumamu ni mul’ata. Fakkeenyaaf abbaan alangaa waan hin jirreef yookaan hin dhufiniif eeruu keessummeessuu hin dandeenyu jechuun abbaan dhimmaa akka deddeebi’u yeroon godhamu ni mul’ata. Sababa abbaan alangaa hafeef dhimma keessan keessummeessuu hin dandeenu jedhanii quba walitti qabuunis bal’innaan ni mul’ata. Abbaan alangaatis bakka ani hin jirretti eeruun fuudhamuu hin qabu jedhee yeroon itti falmu ni jira. Kanarraa kan ka’e abbaa dhimmaatin yookaan ragootaan hanga abbaan alangaa fufutti eeggadhaa yookaan abbaan alangaa waan hin jirreef gara mana keessanii gala yoo jedhamuun ni mul’ata. Kuni immoo abbaa dhimmaa basii fi dhamaatii garaagaraafkan saaxiluudha waan ta’eef bu’aa qabeessummaan isaa xiqqaadha. Karaan inni *lammataa* qorataan poolisii kophaa isaa eeruu fuudhee abbaan alangaa akka mallatteessu godhuudha. Karaan kun rakkoo amma kaasne kanaaf fala yeroo ta’uu danda’a. Ta’us garuu furmaata dhumaa hin ta’u. Sababni isaas kaayyoo JBAH tin walitti bu’a waan ta’eefidha. Kunis abbaan alangaa poolisii waliin ta’ee eeruu yookaan iyyannoo dhihaate dhageeffatee, gaaffii barbaade gaafatee osoo hin qulqulleeffatin kan mallatteessu waan ta’eef adeemsuma duraan turetti deebi’uu ta’a. Abbaan dhimmaas deebii quubsa ta’e argachuu dhabuu danda’a. Fakkeenyaaf dhimma siivilii ta’e yakka jedhamee akka deddeebi’u yookaan dhimma yakka ta’e siiviliidha jedhamee itti himamuu danda’a. Karaan inni *sadaffaan* qorataan poolisii mala adda addaa fayyadamuun abbaa alangaa waliin yaada waljijjiiruun eeruu dhihaate fudhuudha. Fakkeenyaaf qorataan poolisii eerun akkuma isa dhaqqabeen ijoo dhimmichaa gabaabinaan abbaa alangaatiif bilbilaan ibsuun yaada waljijjiiruun jecha fuudhuu danda’an. Akka qorannoo JBAH federaalaatti eeruun kan dhihaate bakka abbaan alangaa hin jirretti yoo

ta'e qorataan poolisii keessummeessee abbaa alangaatiif gabaasa.¹³⁶ Abbaan alangaas odeeffannoo qorataan poolisii kenneef ilaalee qajeelfama kenna. Kanaaf abbaa alangaatiif odeeffannoo kennuun eeruu fuudhuun rakkoolee gama kanaan dhufan kan furuudha. Kuni garuu haala kamiinuu sababa Abbaan Alangaa fedhii poolisii waliin qorachuu dhabuu irraa kan maddu ta'uu hin qabu.

Dhimma kana ilaalchisee muuxannoo biyya Faransaayii ilaaluun barbaachisaadha. Akka muuxannoo biyya kanaatti abbaan alangaa karaa sadiin hojii qorannoo poolisii ni too'ata.¹³⁷ Karaan *tokkoffaan* "hands on model" kan jedhamuudha. Kunis qorataan poolisii yakki raawwatamuu eerun akkuma isa gaheen bilbilaan abbaa alangaa beeksisa. Abbaan alangaas eeruu kana ni galmeeffata. Dhimmicha irrattis qorataa waliin yaada waljijjiira. Karaan inni *lammaffaan* 'fax model' kan jedhamuudha. Adeemsa kanaan qorataan poolisii eerun akkuma isa gaheen galmeesse abbaa alangaatiif faaksiin erga. Ragaalee jiranis poolisiin galmeesse abbaa alangaatiif faaksiin ni erga. Abbaan alangaas kanarratti hundaa'uun wanta godhamuu qabu qorataa poolisiif deebisee erga. Karaan *sadaffaan* the 'throughput' model jedhama. Kunis yakkoota ciccimoo irratti abbaan alangaa fi qorataan poolisii eeruu fuudhuu irraa eegalee waliin ta'uun kan hojjataniidha. Kanaaf biyya keenyattis abbaan alangaa sababa gahaadhaan kan hafu yoo ta'e muuxannoon kuni fudhatamee IT'n odeeffannoo walii kennuun eeruun fuudhamee qorannoo jalqabuun rakkoo kana furuu danda'a.

JBAH'n bara 2006 A.L.I. tti qoratames kallattii kanaan kan ilaalamee fi rakkoolee gama kanaan ka'aniif fala kan laateedha. Bu'ura qorannoo kanaatin bakka Abbaan Alangaa argamuu hin dandeenyetti Qorataan poolisii eeggattummaa tokko malee eeruu fuudhuun abbaa alangaa waliin mala qunnamtii kamittuu fayyadamuudhaan odeeffannoo wal-jijjiiruun eeruun dhiyaate fuudhamee kan qulqullaa'u ta'a.¹³⁸

Sadaffaan eeruun dhihaate yakka yookaan dhimma siivilii ta'uu eenyutu murteessa kan jedhuudha. Akka qorannoo JBAH tti abbaan alangaa fi qorataan poolisii eeruun dhihaate dhimma yakkaati waan ta'eef qorannoon haa jalqabamu yookaan dhimma siiviliiti waan ta'eef haa hafu jechuun waliin murteessu. Haata'u malee dhimma kana irratti waliigaluu yoo baatan hoo

¹³⁶ በፌዴራል መንግስት የወንጀል ፍትህ አስተዳደር አካላት ወንጀልን የመመርመር፣ መከራከርና ውሳኔ የመስጠት ዋና የሥራ ሂደት የማስተግባሪያ ማኑዋል ህዳር/2003, fuula 18

¹³⁷ Jacqueline Hodgson, French Criminal Justice A Comparative Account of the Investigation and Prosecution of Crime in France, OXFORD, 2005, fuula 162-16

¹³⁸ Miiljalee 133, fuula 15

gaaffii jedhuuf deebin ifa ta'e qorannoo JBAH kanaan dura geggeeffame keessatti hin teenye. Qorannicha eegaluu fi dhiisuu irratti falmiin yoo ka'e dhimma seerati waan ta'eef yaadni abbaa alangaa fudhatama qabaata ijjannoon jedhu jira. Chaartarichi adeemsa waliin qorachuu keessaatti abbaan alangaa gama ogummaa seeraatin, qorataan poolisii immoo gama ogummaa teknikaatin walgargaaru waan jedhameef akkasumas eeruun dhihaate yakkadha yookaanmiti falmiin jedhu yoo ka'e ijoo seeraa waan ta'uuf yaadni abbaa alangaa fudhatamummaa fi raawwatiinsa qabaata yaadni jedhu jira. Akka qorannoo JBAH federaalaattis dhimma kana irratti murtii dhumaa kan kennu abbaa alangaa garee qorannaa sanaati. Dhimmichi ragaan teknika akkasii fuudhamuu qaba yookaan hin qabu dhimma jedhu irratti yoo ka'e immoo yaadni qorataa fudhatama argata jechuudha. JBAH'n bara 2006 irra deebiidhaan qoratames bu'uruma kanaan ilaalamee dhimma ijoo seeraa irratti yaadni abbaa alangaa kennu raawwatiinsa akka qabaatu ta'eera.

Gaaffilee Marii

- a. Eeruu waliin fuudhu jechuun maal jechuudha? Gahee abbaan alangaa fi qorataan poolisii sadarkaa eeruu keessumeessutti akka dhuunfattis ta'ee akka gareetti qaban maal ta'uu qaba jettu?
- b. Bu'aalee abbaan alangaa fi qorataan poolisii eeruu waliin fuudhuu irraa argaman kaasun irratti mar'adha.
- c. Rakkolee adeemsa waliin qorachuu keessatti mul'atan keessaa tokko abbaan alangaa fi qorataan poolisii eeruu waliin fuudhuu dhabuudha. Kanaafis sababa garaagaraa yoo kaasan ni dhagahama. Isin hoo ka'umsi rakkoo kanaa maal jettanii yaaddu?
- d. Dhimmi inni biraa diree bahuun eeruu qulqulleessuu wajjiin kan walqabatuudha. Abbaan alangaa yeroo hundaa dirree bahuun eeruu qulqulleessun dirqama? Dhimmi kun JBAH keessatti akkamitti ibsame? Dirree bahanii eeruu qulqulleessuuf abbaan alangaa ogummaa poolisummaa fi hidhannoo meeshaa waraanaa qabaachun dirqama? Mee hojii garee qorannoo yakkaa fi garee yakka ittisuuf nageenya kabachiisuu waliin walbira qabuun ilaala?
- e. Eeruu dhihaate yakka yookaan siivilii ta'uu murteessuu irrattiwaliigalteen yoo dhabame yaada eenyutu fudhatama argachuu qaba jettanii yaaddu?

v. Raga Walitti Qabuu, Olkaa'uu fi Madaaluu

Ragaan ijoo dubbii falmsiisaa ta'ee fi qaama abbaa seerummaa yookaan abbaa seerummaa fakkaatun qoratamaa jiru tokko dhugaa yookaan dhara ta'uu isaa yookaan jiraachuu yookaan jiraachuu dhabuu isaa haala amansiisaa ta'een mirkaneessuu kan dandeessisu ijoo dubbii akka naqaatti dhihaatuudha. Ragaan kunis ragaa namaa, ragaa sanadaa yookaan ragaa wanta qabatamaa ta'uu danda'a.

Sirna haqa yakkaa keessatti gaheen ragaan qabu olaanaadha. Hojiin qaamoleen seeraa guyyaa guyyaan raawwatan hundi ragaa irratti kan hundaa'eedha. Falmiileen mana murtiitti taasifaman irra jireessaan firii dubbii irratti waan ta'eef deemsa falmii keessatti firii dubbii ragaadhaan mirkaneessuun dhimma bu'uuraa ti. Kana waan ta'eef ragaan dhuggaa dhokkate tokko ifa baasuun haqni akka dhuggomu gochuuf iddoo olaanaa kan qabu dha. Raga malee inni balleesse hin adabamu, kan miidhame immo haqa hin argatu. Namni yakka raawwate kan adabamu, namni yakka hin raawwatin immoo bilisa kan bahuu ragaan yoo jiraateedha. Kanaf ragaan hundee haqaati, waan ta'eef ragaan yoo hin jiraanne haqxi hin argamu jechuu. Walumaagalatti haqxi kan argamtu ragaa dhugaa irraayi. Kanaaf ragaan haqummaa sirna haqa yakkaatiif furtuudha jechuu dandeenya. Faallaa kanaan immoo ragaan kan sobaa yoo ta'e miidhan inni mirga namaa darbees nageenya, misooma, dimokraasii fi bulchiinsa gaarii irratti fidu hamaadha.

Kaayyon qorannoo yakkaa inni guddaan dhimma yakkaa ilaalchisee odeeffannoo walitti qabuudha. Odeeffannoon funaanaman kunis gaaffileesiqqaa siqqee 'eenyu', 'maal', 'yoom', 'eessatti', 'akkamitti', fi 'maaliif' jedhaniif deebii kennuudha. Kunis afaan ingliffaatin the *five Ws and H*, jedhuunis "who," "what," "when," "where," "how," and "why" dha. Dabalataanis ragaalee teknika sassaabuu, olkaa'uu fi hiikkaa itti kennuu gaafata. Kuni immoo of-eeggannoo cimaa fi ogummaa addaa kan gaafatuudha. Kanaaf hojiin ragaa sassaabuu, olkaa'uu fi hiikkaa itti kennuu hojii walxaxaa fi of-eeggannoo cimaa barbaaduudha.

Kanaaf ragaa eenyun funaanama kan jedhu dhimma ijoo mataduree kanaati. Eerun qorannoo yakkaa yeroo baay'e kan dhihaatu qaama poolisiitif. Akkuma gubbatti kaasne poolisiin garee lama qaba. Isaanis garee eegumsaa yookaan ittisa yakkaa fi garee qorannoo jedhamu. Gareen ittisa yakkaa dursee iddoo yakkaa kan gahu ta'e gahee fi itti gaafatamummaa mataa ofii kan taphatu qaba. Isaanis iddoo yakkaatti namoota miidhaman gargaaruu fi lubbuu isaanii baraaruu, gocha yakkaatiin namoota barbaaddaman barbaaduu fi yoo jiraate too'atanii tursiisuu, namoota

ragaa ta'an addaan baasuu, iddoo yakkaa daangessanii eeguun isaan ijoodha. Itti aansudhaan gareen qorannoo ogeessota adda addaatiin gurmaa'eqorannoo dhaaf gara iddoo yakkaatti socho'uu qaba. Gareen kunis akkuma iddoo yakkaa gaheen garee dursee iddoo yakkaa gahee irraa odeefannoo guutuu ta'e fudhachuudhaan hojii ogummaa jechuunis ragaa iddoo jiru sakatta'uu, addaan baasuu, funaanuu qabuu fi kunuunsa barbaachisaa ta'e godhuudhaan itti fayyadamuu danda'uu qaba.

Kanaafu ragaan iddoo yakkaatti argamu kamiyyuu funaanamuu kan qabu nama kamiinuu osoo hin taane ogeessa dhimmi ilaallatuun yookaan ragaa funaanamu sana irratti qorataa muuxannoo qabuun ta'uu qaba. Sababni isaas ragaan qabatamaan haalli itti manca'uu danda'u keessaa inni tokkoo fi ijoon funaansa isaa irrattiidha. Ragaan yeroo kanatti manca'e taanan immoo gahumsa ragummaadhaaf qabu ni dhaba. Haalli kun immoo bu'a qabeessummaa qorannoo keenyaa irrattis ta'ee sirna haqaa keenyaaf gufuu guddaa ta'a. Naannoo Oromiyaatti yeroo ammaa abbaan alangaa fi qorataan poolisii qorannoo yakkaa waliin geggeessu. Ragas waliin funaanu. Kunis qorannoo JBAH irraa deebi'amee qoratame keessatti, abbaan alangaa fi qorataan poolisii ijoo eeruu waliin adda baasu, ragaa ijoo yakka eerame kana mirkaneessu waliin funaanu, ragaalee barbaachisaa ta'an erga addaan baafatan booda ragaa taaktikaa fi teknika sassaabame waliin qindeessu, ni xiinxalu, jedhamee ibsameera.

Adeemsi waliin qorachuun ragaa waliin sassaabuu kunis rakkoolee gama kanaan sirna haqa yakkaa keessatti mul'achaa ture bu'uurarraa kan furuudha. Keessattuu ragaan funaanamu qulqulluu, haqa qabeessaa fi adeemsa seeraatin kan argame akka ta'u godhuu keessatti gahee olaanaa kan taphatuudha. Abbaan alangaa fi qorataan poolisii ogummaa adda addaa kan qaban waan ta'eef ogummaa isaanii walitti fiduun ragaan funaanamu qulqullina, rogummaa fi fudhatamummaa kan qabu gochuu keessatti gahee olaanaa taphachaa jiru. Fakkeenyaaf abbaan alangaa ogeessa seeraa waan ta'eef dhimmootni seera qabeessummaa, fudhatamummaa fi rogummaa ragaa ilaalchisee ka'an battalumatti fala argatu. Qorataan poolisii immoo ogummaa qorannoo (teknika fi taaktikaa) waan qabuuf dhimmoota sassaabbii fi qabiinsaa ragaalee kanniinii irratti gahee olaanaa taphata. Kuni immoo adeemsi waliin qorachuu, ragaa waliin sassaabuu, olkaa'uu fi madaaluu haqummaa sirna haqa yakkaa mirkaneessuu keessatti gahee bakka hin bu'amne qabaachuu kan agarsiisuudha. Qorannoon gama kanaan godhames naannoo Oromiyaa keessatti adeemsi kun dhugaa baasuu keessatti bu'aa guddaa galmeessisaa kan jiru ta'uu kan nutti agarsiisuudha. Fakkeenyaaf qorannoo Institiyuutin keenya bara 2005 A.L.I. tti

geggeesse irratti namoota gaafataman keessaa % 80 hojiin waliin qorachuu kallatti dhugaa baasuutiin milkaaheera jedhaniiru.¹³⁹

Haata'u malee adeemsa waliin qorachuun ragaa waliin sassaabuu, olkaa'uu fi hiikkaa itti kennuu irratti qaamolee kana lamaan jiddutti falmiin fi walitti bu'iinsi yoo uumamu ni mul'ata. Sababni walitti bu'iinsa kanaa inni duraa yeroo ragaan funaanamu qaamni tokko sababa garaagaraatin osoo hin hirmaatin yoo hafe bu'aan isaa maal ta'uu qaba kan jedhuudha. Gama kanaan iddoo tokko tokkotti bakka abbaan alangaa hin jirretti qorataan poolisii jecha ragaa yoo fuudhu qabatamaan ni mul'ata. Abbaan alangaas bakka ani hin jirretti ragaan fuudhame waan ta'eef hin mallatteessu yookaan jechi ragaa irra deebi'amee fuudhamuu qaba jedhee yeroon falmu hedduudha. Iddoo tokko tokkotti immoo bakka abbaan alangaa hin jirretti ragaa hin fuunu jedhamee ragaan bakka dhufetti akka deebi'u yoo godhamu ni mul'ata. Sababa abbaan alangaa hafeef hojii keenya hojjachuu hin dandeenye jechuun quba walitti qabuunis ni mul'ata. Dhimma abbaan alangaa fi qorataan poolisii dirree bahuun waliin ragaa funaanu jedhu irrattis qorattootni poolisii abbaan alangaatis nu waliin deemuu qaba, yoo ta'uu baate nutis hin deemnu yeroo jedhan ni mul'ata. Ragaan funaaname dhimmicha ka'eef rogummaa qabaachuu eenyutu murteessa dhimma jedhu irrattis falmiin yoo ka'u ni mul'ata.

Rakkoolee kana furuuf hunda dura barbaachisummaan ragaa waliin funaanuu hubatamuu qaba. Ragaa waliin funaanuun dhugummaa, rogummaa fi fudhatamummaa ragaa mirkaneessuuf gahee olaanaa kan qabu ta'uun hubatamuu qaba. Waan ta'eefis abbaan alangaa fi qorataan poolisii waliin taa'anii ragaa fuudhuun qorachuu qabu. Jecha biraatin hirmaannaa qaama lamaan kanaatin ala jecha ragaa funaanuun sirrii miti jechuudha. Haata'u malee abbaan alangaa waliin qorachuu fedha dhabuun osoo hin taane sababa baay'ina hojiitiif yookaansababa gahaa biraatin yoo argamuu hin dandeenye maaltu godhama gaaffin jedhu ni ka'a. Yeroo haalli akkasii uumamu ragaa hin fuunu yookaan ragaan bakka dhufetti haa deebi'u jechuun rakkisaadha. Ragaalen tokko tokko keessattuu ragaaleen teknikaa yeroo gabaabaa keessatti yoo hin fuudhamin, kunuunsi barbaachisu yoo hin godhaminiif salphamatti baduu danda'u. Ragaan namaas yeroodhaan yoo hin fuudhamin baduu yookaan jecha ykn yaada isaa jijjiiruu danda'a. Ragaan nama gochi yakkaa sun irratti raawwatame yeroo ta'es du'uu danda'a. Dhimmi dirree waliin bahuun eeruu fudhuus bifuma kanaan osoo ilaalamee bu'aa qabeessa ta'a. Qorannoo JBAH keessattis gaaleen akkaataa

¹³⁹ Miiljalee lakk. 129 irratti ibsameera

barbachisummaa isaatti jechuun, yakka rawwatame iddoo abbaan alangaa argamuu hin dandeenyee fi eeruu fudhuun dirqama ta'ee kan argame yoo ta'e, poolisiin jecha fudhuudhaan abbaa alangaatiif ibsuu akka qabu kan agarsiisu fakkaata. Fakkeenyaaf namni miidhaa cimaa irra gahe lubbuun isaa sodaa keessa kan jiruu fi jecha hattatamaan irraa fuudhuun barbaachisa ta'ee yoo argame qorataan iddoo namoota tajjabdootni jiranitti jecha irra fuudhun murteessaadha. Gochi yakkaa halkanii fi guyyaa ayyaanootaa yeroo raawwatamu qorataan poolisii kophaa isaa eeruu fuudhee abbaa alangaatif odeeffannoo barbaachisu yoo kenneef rakkoon kun furachuu danda'a. Yeroo kana haalli qorataan poolisii kophaa isaa eeruu fuudhu itti danda'u jira jechuudha. Wanti guddaan kallattii garaagaraatin dhimmicha ilaalchisee odeeffannoo walii dabarsuudha. Muuxannoon biyya biyya Faransaayis kanuma kan agarsiisuudha. Bifa kanaan qaamaan waliin ta'anii qorachuu dhabuun garuu haala kamiinuu fedhii yookaan ilaalcha waliin qorachuu dhabuu abbaa alangaa irraa kan maddu ta'uu hin qabu. Falmiin gama kanaan qorattootni poolisii tokko tokko abbaan alangaas nu waliin yoo hin deemnin nutis deemnee hin qulqulleessinu jedhu sirraayuu kan qabuudha. Falmiin abbootin alangaa tokko tokko nuti siiviliidha, iddoo yakki itti raawwatame deemuu hin qabnu jechuun kaasanis sirrii miti. Sababni isaas yeroo yakki raawwatamu dursee kan dhaqqabu akkasumas tasgabbiin akka uumamuu, fi yakki dabalataa akka hin uumamne kan godhuu qaama poolisii ykn milishaa nageenya kabachiisuudha. Qorannoon yakkaa kan jalqabamu yeroo wanti hundi tasgabbaa'ee fi rakkoon nageenyaa furateedha. Abbaan alangaas kan deemu yeroo saniidha.

JBAH'n bara 2006 A.L.I. tti qoratames akkaataa barbaachiisummaa jechuun ragaan dhiyaate shakkisiisaa yoo ta'e, ragaan gocha yakkaa mirkaneessu iddoo yakkaa irraa argachuu fi haala raawwii gocha yakkaa hawaasa irraa hubachuuf yoo barbaachise ta'uu kaa'eera. Darbees qorannichi iddoo abbaan alangaa argamuu hin dandeenyee fi ragaa fudhuun dirqama ta'ee argametti, poolisiin jecha fudhuudhaan abbaa alangaatiif ibsuu akka qabu ni kaa'a. Fkn namni miidhaa cimaa irra gahe lubbuun isaa sodaa keessa kan jiruu fi jecha hattatamaan irraa fuudhuun barbaachisa ta'ee yoo argame qorataan iddoo namoota tajjabdootni jiranitti jecha irraa fudhuu qabu, yakka halkanii fi guyyaa ayyaanootaa rawwataman dirqama abba alanga eguun hin barbaachisu.

Gama biraatin ragaan funaaname akka ragaatti qabatamuu qaba yookaan hin qabu falmiin jedhu yoo ka'e kallattii maandeetii seeraa fi JBAH'n kaa'ameen ilaaluun barbaachisaadha. Kunis hunda dura dhimmi kun dhimma seeraa ta'uudha. Kanaaf JBAH'n dhimma seeraa irratti yaada

abbaa alangaatu fudhatama jedha. Seerri deemmii falmii yakkaa biyya keenyaas waa'ee rogummaa fi fudhatamummaa ragaa ilaalchisee abbaan alangaa aangoo akka qabu ni tuma. Waan ta'eef dhimma kanarratti murteessuun gahee abbaa alangaa ta'a. Haala funaansa fi qabiinsa ragaa teknika irratti immoo yaadni qorataa poolisii olaantummaa kan qabuudha. *Qorataan poolisii maloota qorannoo yakkaa fi qabiinsaa fi walumaagalatti dhimmoota saayinsii qorannaa gaafatu irratti bilisummaan ogummaa isaa eeggamee kan hojjatu ta'a.*

Gaaffilee Marii

- a. Abbaan alangaa fi qorattootni poolisii waliin qoratu waan ta'eef bakka abbaan alangaa hin jirretti jecha ragaa hin fuunu yookaan bakka qorataan poolisii hin jirretti jecha ragaa hin fuunu jechuudhaan ragaan bakka dhufetti akka deebi'u yoo taasifamuni mul'ata. Dhimma kana akkamitti ilaaltu?
- b. Hojiin qorannoo hanga iddoo yakki itti raawwatameetti deemuudhaan ragaa funaanuu kan gaafatuudha. Abbaan alangaa waajjira poolisii buluun halkan bakka yakki itti raawwate deemee qorachuu qaba yaada jedhu attamitti ilaaltu?
- c. Abbaan alangaa tokko tokko qorattooata poolisiin kophaa keessan deemtanii qorattan waan ta'eef hin mallatteessu yoo jedhan ni mul'atu. Dhimma kana hoo akkamitti ilaaltu?
- d. Qorannoo yakkaa qorattootni poolisii qobaa isanii raawwatan abbaan alangaa utuu mallatteessuu ni mul'ata. Haalli kun naannoo keessanitti hangam bal'ata? Bu'a-qabeessummaa adeemsa waliin qorachuu wajjin wal qabsiisuun irratti mar'adha.

vi. Shakkamaa Qabuu, Sakatta'uu fi Hidhuu

Namni kamuu seeraan ala mirga qabamuu yookaan hidhamuu dhabuu, akkasumas innis ta'ee qabeenyi yookaan qabiyyeen isaa sakatta'amu dhabuu qaba. Mirgoonni kun heera mootummaa biyya keenyanis ta'ee sanadoota mirgoota namoomaa idila addunyaa keessatti eegumsi kan godhameefidha.¹⁴⁰ Fakkeenyaaf heera mootummaa RFDI keewwata 17 fi 26 jalatti, namni kamuu adeemsa seeraan tumameen alatti qabamuu, himanni osoo irratti hin dhihaatin yookaan osoo itti hin murtaa'in hidhamuu akka hin qabne, akkasumas qaamni, manni jireenyaa, fi qabeenyi yookaan qabiyyeen isaas sakkatta'amu akka hin qabne tumameera.

¹⁴⁰Heera Mootummaa RFDI, keewwata 17 fi 26 ilaala, akkasumas labsii mirgoota namooma Waliigalaa (universal declaration of human rights (1948) keewwata 3, fi Waadaa Mirgoota Siviilii fi Siyaasaa Idil-addunyaa (International Convention on Civil and Political Rights), kwt 9

Haata'u malee ol'aantummaa seeraa mirkaneessudhaaf jecha mirgoonni kun yeroon itti mulqaman ni jiru. Gocha yakkaa raawwatame qorachuuf, yakki akka hin raawwatamne yookaan hin babal'anne godhuun nagaaf tasgabbii hawaasaa mirkaneessu fi namoonni yakka raawwatan seeratti akka dhihaatan gochuun olaantummaa seeraa kabachiisuuf mirgootni kun daanga'uu ni danda'u. Fakkeenyaaf gochi yakkaa harkaaf harkaa (flagrant offences) yeroo raawwatamutti battalumatti himatamaa qabuun fi/yookaan sakatta'uun ni danda'ama. Yeroo kanatti gocha yakkaa kana kan raawwate shakkamaa ta'uun shakkii waan hin qabneef battalumatti seera kabachiisuun dirqama ta'a. Qaamni poolisii yookaan namni kamiiyyuu battalumatti shakkamaa qabuu danda'a.¹⁴¹Yakkoota biraatif garuu ragaan gahaan gochoota kana akka raawwannu nu amansiisu jiraachuu qaba.Walumaagalatti adeemsa seeraa hordofuun shakkamaa qabuun, sakatta'uun fi hidhuun hojii seera qabeessaadha.

Shakkamaa qabuun, hidhuun, qaama, qabeenya yookaan qabiyyee isaa sakatta'uuni qaama qorannoo yakkaati. Qorannoo yakkaa keessatti immoo gaheen abbaa alangaa fi qorataa poolisii olaanaadha.Waan ta'eef gahee abbaan alangaa fi qorataa poolisii akka gareettis ta'ee dhuunfaatti qaban maal akka ta'e ilaaluun dhimma ijoo mataduree kanaati.Biyya Faransaayii keessatti shakkamaa kan qabu, kan sakatta'u fi kan hidhu poolisiidha.¹⁴²Kana jechuun garuu abbaan alangaa dhimma kana keessatti gahee hin qabu jechuu miti. Akka muuxannoo biyya kanaatti qorataan poolisii gocha kana yoo raawwatu yeroma sanaabbaa alangaatiif gabaasuu qaba. Hayyama abbaa alangaa malee poolisiin haala kamiinu sa'atii 24 ol shakkamaa hidhuu hin danda'u.¹⁴³Seerri deemmii falmii yakkaa biyya keenyaas shakkama qabuun, qaama isaas ta'ee qabeenya yookaan qabiyyee sakatta'uu fi hidhuun aangoo qorataa poolisii akka ta'e ni tuma.¹⁴⁴

Akka qorannoo JBAH bara 2000 A.L.I. hojirra ooletti, abbaan alangaa fi qorataan poolisii jecha fuudhuu irraa kaasee hanga qorannoon xumuramutti waliin qoratani galmees himannaaf ni qopheessu. Kanaaf gochoota armaan olitti ibsaman kana waliin raawwatu jechuudha.Ittigaafatamummaa waliiniis qabu.Haata'u malee gaheen isaan dhuunfaatti qaban JBAH 'n ifatti hin teenye.Qorannoon JBAH irra deebiidhaan qoratames dhimma kana addatti baasee hin keenye. Ta'us garuu haala waliigalaa qorannichi xiinxale yoo ilaallu dhimma kanaaf

¹⁴¹Seera deemmii falmii yakkaa keewwata 21(2) fi 50

¹⁴²Jacqueline Hodgson (2005), French Criminal Justice A Comparative Account of the Investigation and Prosecution of Crime in France, OXFORD AND PORTLAND, OREGON, pp

¹⁴³ Miiijalee armaan olii, fuula 147

¹⁴⁴ Seera deemsa falmii yakkaa Itoophiyaa keewwata 9(c), 26, 32 and 33

fala kan kenne fakkaata. Fakkeenyaaf seensa qorannichaa irratti akka taa'etti, gahee abbootii alangaa fi qorataa poolisii qorannoo yakkaa keessatti qaban maandeetii mana hojii isaanii waliin ilaalun akka barbaachisu ibsameera. Himatamaa qabuun, hidhuun, fi sakatta'uun maandeetii mana hojii poolisiiti.Hojiin shakkamaa qabuu, qaamaas ta'ee qabeenya yookaan qabiyyee sakatta'uu fi hidhuu hojii ogummaa addaa poolisummaa gaafatuudha.Dabalataanis hidhannoo meeshaa dhimma kanaaf barbaachisuu gaafata.Waan ta'eefis qaamni hojii kanaaf rogummaa qabu qaama poolisiiti jechuudh.Hojii kana abbaan alangaa kallattiin haa hojjatu yoo jedhamesrakkoon adda addaa qunnamuu akka danda'u qorannichi kaa'eera.Gama biraatin immoo himatamaa qabee mana murtiitti dhiheessun gahee qorataa poolisii akka ta'e ifatti taa'eera. Hojiin sakatta'iinsaas kanumaan kanfakkaatuudha.Kanaaf qorannichi gochoota kana kallattiin kan raawwatu qorataa poolisiiti yaada jedhu kan qabuudha.

Gama biraatin hojiin shakkamaa qabuu, sakatta'uu fi hidhuu adeemsa seeraa kan hordofe ta'uu akka qabu ilaalle jirra.Kuni immoo dhimma ogummaa seeraa gaafatuudha.JBAH'n immoo dhimmoota seeraan walqabatan irratti yaadni abbaa alangaa fudhatama akka qabaatu ni kaa'a. Dabalataan hojii qorannoo yakkaa keessatti mirgoonni shakkamaa akka hin sarbamne godhuun maandeetii waajjira haqaati. Labsiin mana hojii abbaa alangaa hundeesse,fi labsiin aangoo qaamolee raawwachiistuu irradeebiin murteessuuf bahe illee seera qabeessummaa adeemsa qorannoo mirkaneessuu fi mrgoota shakkamaa gama kanaan kabachiisuun aangoo abbaa alangaa akka ta'e ni kaa'u. Immaammanni sirna haqa yakkaa biyya keenyaa fi seerri deemmii falmii yakkaas gaheen abbaan alangaa gama kanaan qabu seera qabeessummaa adeemsa kanaa mirkaneessuu akka ta'e ni kaa'u. Kanaaf adeemsa hojii waliin qorachuu keessatti shakkamaa qabuun, isas ta'ee qabeenya yookaan qabiyyee sakatta'uu fi hidhuun gahee qorataa poolisii ta'a jechuudha. Gaheen abbaa alangaa immoo hojii waliin qorachuu keessatti gochoonni kun akka raawwataman gochuu fi seera qabeessummaa isaanii mirkaneessuu akkasumas adeemsa seeraa kan hordofe yoo hin ta'in tarkaanfii barbaachisu fudhachuu ta'a jechuudha.

Shakkamaa qabuu fi hidhuun walqabatee dhimmi inni biraa yeroo beellamaatin kan walqabatuudha.Akka seera deemsa falmii yakkaa biyya faransaayitti qorataan poolisii yeroo beellamaa mana murtii gaafachuuf hayyama abbaa alangaa argachuu qaba.Biyya keenya keessatti adeemsi kanaan duraan ture galmee kan qoratu qorataa poolisii waanta'eef yeroo beellamaas kan gaafatu isuma.Qorannoon JBAH immoo gochi shakkamaan ittiin shakkame mirga wabii kan hin eegsifne ta'uun yoo hubatame abbaan alangaa fi qorataan poolisii

dhimmicha hordofan adda baafatanii yoo irratti waliigalan, qorataan poolisii shakkamaa mana murtiitti dhiheessuun haala turmaata (hanga qorannoon xumuramutti yeroo beellamaa) shakkamaa irratti hayyama ni gaafata jedha. Kunis yeroo ammaa abbaan alangaa fi qorataan poolisii yeroo beellamaa waliigalteen kan gaafatan ta'uu agarsiisa. Mana murtii deemee yeroo beellamaa kan gaafatu garuu qorataa poolisiiti. Haata'u malee yeroon beellamaa haa gaafatamu yookin gaafatamuu hin qabu jedhu irratti ogeessota kana jiddutti garaagarteen yoo uumame yookaan waliigaluu yoo baatan maal ta'a gaafii jedhu ilaalchisee JBAH'n deebii ifa ta'e hin keenye. Fakkeenyaaf ragaan funaaname gahaadha waan ta'eef yeroo beellamaa gaafachuun hafee galmee irratti murtii kennuu qabna yookaan ragaan dabalataa nu barbaachisa waan ta'eef yeroon beellamaa qaafatamuu qaba dhimmoota jedhan irratti gaaffin ni ka'a.

Dhimmikun gama tokkoon dhimma madaallii ragaa wajjiin walqabatuudha. Yeroon beellamaa kan gaafatamuuf ragaan shakkamaan gocha kana raawwachuu mirkaneessuu danda'an funaanamanii waan hin xumuraminiifidha. As irratti dhimmi ijoo ragaan dhihaate gahaa waan ta'eef himanni haa qophaayu yookaan ragaan dhihaate dhimmicha gonkumaa mirkaneessuu hin danda'u waan ta'eef galmeen qorannoo bu'uura SDFY 42(1)(a)tin haa cufamu yookaan dabalataan wanti qulqullaa'u jira waan ta'eef yeroon dabalataa haa gaafatamu jedhee kan murteessu eenyu kan jedhuudha. Kuni immoo dhimma seeraa yookaan madaallii ragaa waan ta'eef abbaa alangaa kan ilaallatuudha. JBAH nis kanuma jedha. Gama biraatin immoo dhimmi kun mirga shakkamaa kabachiisuun kan walqabatuudha. Mirgi shakkamaa akka hin sarbamne godhuun immoo gahee abbaa alangaati. Kanaaf kallattii lamaan kanaan yoo ilaallu yeroo beellamaatin walqabatee garaagarteen yoo uumame fudhatama kan qabaatu yaada abbaa alangaa ta'a jechuudha. JBAH bara 2006 irra deebiidhaan qoratames yaaduma kana kan deeggaruudha.

vii. Qorannoo Addaan Kutuu Yookaan Qorannoon Dabalataa Akka Geggeeffamu Gochuu

Seerri deemmii falmii yakkaa biyya keenyaa qorannoon dabalataa akka geggeeffamu qajeelfama kennuu dabalatee galmee qorannoo yakkaa irratti murtii adda addaa kan kennu abbaa alangaa akka ta'e ni tuma.¹⁴⁵ Wixineen seera deemsa falmii yakkaa keewwatni 19 aangoon kun kan Abbaa Alangaa ta'uu agarsiisa. Labsiin Labsii Aangoo fi Hojii Qaama Raawwachiiftuu Mootummaa Federaalaa Murteessuuf Bahe Lakk.691/2003 Keewwata 16(5) jalatti akka taa'eetti

¹⁴⁵ Seera deemmii falmii yakkaa, kwt 38

Ministeera Haqaa qorannoon yakkaa akka geggeefamu; sababni gahaan yoo jiraate qorannoo geggeeffamaa jiru akka dhaabatu yookaan qorannoon dabalataa akka godhamu ajajuuf akkasumas bu’uura seeraatiin himannoo kaasuuf aangoo akka qabu ni tuma. Imaammanni sirna haqaa biyya keenyaas Abbaan alangaa sababni gahaan seeraan tumame jiraachuu yoo amane hojiin qorannoo raawwatamaa jiru akka addaan citu godhuu ni danda’a jedha. Kana malees imaammatachi hojiin qorannoo kamuu yakkichi dhiifamaan yookaan darbiinsa yerootin hafaa yoo ta’e; sana dura mana murtii aangoo qabuun murtee dhuma kan argate yoo ta’e; yakki raawwatamuu wanti nama shakkisiisu yoo jiraate yookaan Abbaan Alangaa waliigalaa faayidaa ummatatif jecha ajaja yoo kenne addaan ni cita jedha. Dabalataanis yakkichi hidhaa salphaan yookaan bu’uura seeraatin iyyannoo dhuunfaatin qofa kan nama adabsiisan ta’ee yoo araaraman gaaffii namoota kanaatin addaan ni cita jedha. Kanaaf qorannoon yakkaa geggeeffamaa jiru akka addaan citu yookaan qorannoon dabalataa akka geggeeffamu yookaan qorannoon addaan cite ture akka itti fufu gochuuf aangoo kan qabu abbaa alangaati.

Qorannoo JBAH keessatti dhimma kana raawwachuun aangoo qaama kamii akka ta’e ifatti hin teenye. JBAH irra deebiidhaan qoratame irraakka hubatamutti, abbaan alangaa fi qorataan poolisii jecha fuudhuu kaasee hanga qorannoon xumuramutti waliin qoratani galmee himannaaf ni qopheessu. Adeemsa kana keessattis furmaata barbaachisu waliin kennaa qorannoo isaanii ni geggeessu. Ittigaafatamummaa waliiniis qabu. Haata’u malee qorannoon jalqabame akka adda citu, qorannoon addaan cite ture akka itti fufu yookaan qorannoon dabalataa akka geggeefamu gochuun aangoo eenyuu akka ta’e ifatti hin kaa’amne.

Chaartariin walii Biiroo Haqaa fi Komishinii Poolisii Oromiyaa waliin mallateessan abbaan alangaa fi qorataan poolisii waliin mari’achuudhaan ragaan gahaan yoo dhabame qorannicha adda kutuu ni danda’u jedha. Ogeessotni kun waliin qoratu waan ta’eef yaada walii yoo fudhatan rakkoo hin qabu. Haata’u malee abbaan alangaa fi qorataan poolisii yoo waliigaluu baatan hoo gaaffii jedhuuf chaartarichi deebii hin qabu. Deebiin jira yoo jedhame garaagarteen karaa abbootii adeemsa yookaan hoggantootaatin furama kanjedhu ta’a. Kuni immoo dhimmi ogummaa seeraa gaafatu maaliif akka dhimma bulchiinsaatti gara abbootii adeemsa yookaan hoggansaatti deema gaaffii jedhu kaasisa.

Dhimmi kun qabatamaan falmii adda addaa kan kaasuudha. Qorannoon kun dhaabbatu qaba, qorannoo dhaabbatee ture itti fufu qaba yookaan qorannoon dabalataa geggeeffamuu qaba yaadni

jedhu garee qorannoo keessatti yoo ka'e isaan keessaa tokko itti amanuu dhabuu danda'a. Yeroo kana garaagarummaan yaadaa jiraachun dirqama ta'a. Waliin qoranna, ittigaafatamummaa waliinii qabna waan ta'eef osoo nu itti hin amanin qorannoon dhaabbatuu hin qabu yookaan dhaabbatuu qaba falmiin jedhu yeroo heddu ni ka'a. Kanaaf qaamni dhimma kana irratti murteessuuf aangoon kennameef jiraachuu qaba yaadni jedhu jira.

Rakkoon kun qorannoo JBAH irra deebiidhaan qoratamee bara 2005 A.L.I. tti hojirra oole keessatti hubatamee xiyyeeffannoo argatee ture. Akka qorannoo kanaatti, dhimmoota seeraa irratti yaadni abbaa alangaa fudhatama akka qabaatu ta'eera. Kana malees gahumsa ragaas kan madaalu abbaa alangaa akka ta'e qorannichi ni agarsiisa. Dhimmi qorannoon geggeeffamaa jiru akka dhaabbatu gochuu yookaan qorannoon dhaabbatee ture akka itti fufu yookaan qorannoon dabalataa akka geggeeffamu gochuu dhimma seeraati. Dhimma madaallii ragaatis. Kanaaf ogummaa seeraa gaafata. Waan ta'eefis dhimma kanarratti murteessuuf aangoon kanqabu abbaa alangaati jechuudha. Kuni garuu abbaan alangaa dhimmoota kana irratti akkuma fedhetti murteessa jechuu miti. Adeemsa waliin qorachuu keessatti waliigaluun murteessu qabu. Bakka waliigalteen dhabametti garuu abbaan alangaa seera jiru irra dhaabbatee murteessuuf aangoon qabaachuu qaba. Muuxannoon biyya biraas, Imaammanni fi seeronni biyya keenyaa yeroo ammaa hojirra jiranis kanuma kan ibsaniidha. *JBAH'n bara 2006 irra deebiidhaan qoratames kallattii kanaan kan ilaalameedha. Bu'ura kanaan galmee qorannoo irratti seera waliin ilaalee murtii yookaan ajaja barbaachisaa kan kennu abbaa alangaati.*¹⁴⁶

viii. Mirga Wabii Irratti Murtii Yookaan Yaada Kennuu

Mirgi Wabii mirgoota bu'uura heera mootumaa keenyanis ta'ee waliigalteewwan mirga namoomaa idila addunyaatin mirkanaa'eedha. Heera mootummaa RFDI keewwata 19(6) jalatti namni qabamee too'annoo jala jiru wabiidhaan bahuuf mirga akka qabu tumameera. Ta'us haala addaatin seeraan yoo tumame manni murtii hayyamuu dhabuu yookaan wabii cimaa gaafachuu akka danda'u heericha keessatti tumameera.

Mirga wabii shakkamaa yookaan himatamaa karaa lamaan eegamuu danda'a. Karaan inni jalqabaa bu'uura seera deemmii falmii yakkaa keewwata 28 tin qorataan poolisii yoo hayyameedha. Imaammanni sirna haqa yakkaa biyya keenyaas abbaan alangaa fi qorataan poolisii shakkamtoota yakka hidhaa salphaan nama adabsiisun shakkamanii qabaman yeroo

¹⁴⁶ Miiljalee lakkoofsa 133, fuula 17 fi 20 irratti ibsame ilaalaa

barbaadamanitti seera duratti ni dhihaatu jedhanii yoo amanan mana murtii osoo hin dhaqin mirga wabii bu'uura seera deemsa falmii yakkaa keewwata 28 tin hayyamuu ni danda'u jedha. Bu'uura imaammata kanaatin, seera deemmii falmii yakkaatin haala adda ta'een, ogeessonna lamaanuu aangoo kana ni qabu.

Akka qorannoo JBAH tti mirga wabii bu'uura keewwata kanaatin kennamu qorataa poolisii kophaa isaa kan kennu osoo hin taane abbaa alangaa waliin ta'uudhaani. Qorannichi abbaan alangaa fi qorataan poolisii gaaffii mirga wabii bu'uura 28 tin ka'u irratti waliin murteessu jedha. Chaartariin walii abbaa alangaa fi qorataa poolisiitis mirga wabii shakkamaan gaafatu irratti gochi shakkamaan raawwate akkaataa seeratiin mirga wabii kan eegsisu yoo ta'e fi gadi lakkifame kan dhihaatu ta'uun isaa yoo itti amaname abbaan alangaa fi qorataan poolisii waliin ta'uun mirga wabii ni eegu jedha. As irratti gaaffiin ka'u mirgi wabii shakkamaaf bu'uura keewwata 28 tin eegamuuf qaba yookaan hin qabu dhimma jedhuun walqabatee qorataa poolisii fi abbaan alangaa waliigaluu yoo baatan hoo kan jedhuudha. Qorannoo gama kanaan godhame akka mul'isutti rakkoon kun qabatamaan kan jiru ta'uudha. Sababa waliigaluu dhabaniif abbaan alangaa shakkamaan mirga wabiitin haa bahu yoo jedhu qorataan poolisii immoo yoo mormu ni mul'ata. Kanaaf, mirga wabii irratti murtii isa dhumaa kennuun yeroo barbaachisutti murtii qaamni kum dabarsetu raawwatiinsa qaba?kan jedhu irratti rakkoo guddatu jira.

Deebiin gaaffii kanaaf JBAH'n kenne abbaan alangaa fi qorataan poolisii yoo waliigaluu baatan dhimmichi abbaa adeemsa lamaanii sadarkaa saniitin fala argatakan jedhuudha. Sadarkaa kanattis yoo waliigaluu baatan yaadni abbaa alangaa adeemsa sanii ni fudhatama. Maaliif kan jedhu ammallee gaaffii ta'ee itti fufee jira. Falmiin adda addaas kan itti ka'uudha. Kunis mirgi wabii mirga bu'uura shakkamaa heeraan mirkanaa'eedha. Mirga nama shakkamee kabajamuu mirkaneeffachuu keessatti qorataan poolisii gahee kan qabu ta'us qaama kamiyyuu caalaa aangoon fi ittigaafatamummaan abbaa alangaatif kan kennameedha. Gama biraatin immoo gaafin mirga wabii gaaffii seeraa ogummaa seeraa gaafatuudha. Yakkichi maalidha, cimaadha moo salphaadha, adabbiin argatuu malu hoo maaliidha, yoo wabiin bahe hoo deebi'uu danda'a dhimmoonni jedhan ogeessa seeraatin deebii argatu. Ogeessi seeraa dhimma kana irratti ga'umsa qabu immoo abbaa alangaati. JBAH'nis dhugaa kana kan haalu miti. JBAH'n ogeessi ni murteessa jedha waan ta'eef. Adeemsa kanaan dura tureenis abbaan alangaa namoonni seeraan ala yookaan ragaa gahaa malee too'annoo jalatti argaman qorataan poolisii akka bu'uura keewwata 28 tin akka gadilakkisu yookin wabii malee akka gadi lakkisu qajeelfama kennuu

danda'a. Kanaaf mirga wabii bu'uura keewwata 28 tin kennamu poolisiin hayyamuu danda'a. Abbaan alangaa fi poolisiin waliin hayyamuu ni danda'u. Dhimma kana irratti yoo waliigaluu baatan garuu yaadni abbaa alangaa garee qorannaa sanii raawwatiinsa haa qabaatu ijannoon jedhu jira. *JBAH'n bara 2006 A.L.I tti qoratames ijannoo kana kan deeggaruudha. Bu'uura qorannoo kanaatin gaafii mirga wabii irratti abbaan alangaa fi qorataan poolisii waliin murteessu. Bakka abbaan alangaa hin jirretti poolisiin kophaa isaa ni murteessa. Garaagarummaan yaada abbaa alangaa fi qorataa poolisii jiddutti yoo uumame garuu yaadni abbaa alangaa raawwatiinsa qabaata.*¹⁴⁷

Karaan lammataa mirgi wabii shakkamaa yookaan himatamaa ittiin eeggamu manni murtii bu'uura seera deemmii falmii yakkaa keewwata 64 tin yoo hayyameedha. Seera deemmii falmii yakkaa keewwata 66 jalatti akka taa'etti, mirga wabii bu'uura keewwata kanaatin gaafatame irratti yaada kan kennu abbaa alangaati. Bakka abbaan alangaa hin jirretti immoo qorataa poolisii ta'a. Aangoon isaanii addatti bahee waan beekkamuuf falmiin gama kanaan abbaa alangaa fi qorataa poolisii jiddutti ka'u hin jiru ture.

Akka qorannoo JBAH tti, Abbaan alangaa garee waliin yakka adda baasuun deebii qopheessun dhaddacha galee falmii mirga wabii geggeessa. Bu'uruma kanaan dhaddacha galee falmii mirga wabii kan geggeessu abbaa alangaati. Kuni immoo mirga nama yakkaan shakkamee kabachiisuu keessatti gahee olaanaa qaba. Sababni isaas abbaan alangaa dhimmicha kallattiin waan beekuuf gaaffii mirga wabii ka'eef deebii si'oomina qabu, qulqulluu fi haqa qabeessa kennuu danda'a. Haata'u malee JBAH'n gareen qorannoo dhimma kana irratti waliigaluu akka qaban waan kaa'uf dhimma kana irratti rakkoon ni mul'ata. As irratti gaaffin ka'u mirgi wabii haa eyyamamuuf yookaan haa mormamu dhimma jedhu irratti garee qorannoo kana jiddutti garaagarten yoo uumame yaada eenyutu fudhatama argata kan jedhuudha. Kunis yeroo heddu ogeessota lamaan kana jiddutti falmii kan kaasuudha. Akka qorannoo ILQSO'n geggeesse irraa hubatamutti falmiin gama qorattoota poolisiitin ka'u shakkamaan yoo mirga wabiitin baha ta'e hawaasa biratti ilaalchi gaarin hin jiraatu kan jedhuudha. Falmiin abbootin alangaa kaasan immoo seera irratti qofa hundaa'uun gaafii mirga wabii shakkamaa deebisuu qabna kan jedhuudha. Kanarraa kan ka'e abbootin alangaa mirgi wabii shakkamaa eegamuu qaba ejjennoo jedhu yoo kaasan, qorataan poolisii garuu turuu qaba ijannoo jedhu tarkaanfachiisu.

¹⁴⁷ Miiljalee armaan olii, fuula 18

Fakkeenyaaf qorattootni poolisii osoo nuti mirgi wabii haa mormamu jennu abbaan alangaa eyyame waan ta'eef shakkamaa barbaanee hin dhiheessinu. Ittigaafatamummaa waliinii qabna waan ta'eef osoo irratti walii hin galin abbaan alangaa eyyamuu hin qabu, fi kkf yaada jedhu ni kaasu.

Akka seera deemsa falmii yakkaatti, waajjirri haqaa yookaan immoo abbaa alangaa hojiiwwan qorattootni poolisii qorannoo yakkaa keessatti raawwatan (mirga wabii irratti murtii kennuu dabalatee) akkaataa seerri jedhuun raawwatamuu isaa mirkaneeffachuuf aangoon kennameefi jira. Gama biraatiin, akka Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaatii, abbaan alangaa mirgoolee fi bilisumaawwan bu'uuraa biyyattiin (mirga wabiin gadhiisuu shakkamaa dabalatee) hojiirra ooluu isaanii mirkaneeffachutu irraa eegama. Kana darbaa, JBAH mirga wabii shakkamaaf kennu yookaan dhiisuu irratti abbaan alangaa fi poolisiin waliin akka hojjatan yeroo barbaadamu abbaan alangaa murtii mirga wabii ilaalchisee seera irratti hundaa'uun yaada isaa akka kennu barbaadameeti. Kana waan ta'eef, mirga wabii shakkamaaf kennuu yookaan dhiisuu irratti waliigalteen dhibamna ejjannoon abbaan alangaa qabatee jiru, hanga seera bu'uureeffatee jirutti, raawwatiinsa qabaachuu qaba. Gama biraatiin, immoo labsii qaamolee raawwachiiftuu mootummaa naannoo Oromiyaa keessatti abbaan alangaa namootni seeraan ala akka hin qabamne of eeggannoo barbaachisu gochuuf aangoon kan kennameef tahuun isaa, booda irrattis namootni bifa seera qabeessa hin taaneen kan qabaman taanaan akka gadhiifaman gochuuf dirqama qabaachuun isaa dhimmoota mirga wabii ilaalchisee ka'an irratti murtii isa dhumaa kennuudhaaf aangeeffamuu isaa agarsiisa.

Gaafiilee Marii

- a. Adeemsa shakkamaa qabuu, hidhuu akkasumas qaama isaas ta'ee qabeenya yookaan qabiyyee sakatta'uu keessatti gaheen abbaan alangaa fi qorataa poolisii kophaa kophatti fi waliin qaban maal akka ta'an tarreessun irratti mari'adha.
- b. Yeroo ammaa abbaan alangaa fi qorataan poolisii waliin qoratu waan ta'eef dhimmi qorannoo akka dhaabbatu yookaan qorannoon dabalataa akka geggeeffamu qajeelfama walii kennuu hin ka'u yaada jedhu akkamitti ilaaltu? Qaamotni lameenuu hojii kana kan raawwataniidha waan ta'eef eenyutu eenyuuf qajeelfama kenna gaafii jedhus akkamitti ilaaltu?

- c. Bu'aa waliin qorachuun gamamirga wabii shakkamaa kabachiisuu irratti qabu kaasuun irratti mari'adha.
- d. Bu'ura qorannoo JBAH tin abbaan alangaa fi qorataan poolisii mirga wabii shakkamaa irratti yoo waliigaluu baatan dhimmichi gara abbaa adeemsa lamaan sadarkaa saniitin fala akka argatu kaa'ameera. Adeemsi kun abbaan alangaa mirga shakkamaa akka kabachiisu ittigaafatamummaan itti kenname raawwachuuf akka rakkatu hin godhu? Bilisummaa ogummaa abbaa alangaa waliin hoo akkamitti ilaalama?

ix. Ciraa fi Qabeenya Bu'aa Yakkaa ta'e irratti Murteessuu

Ciraan dhimma yakkaatin walqabatee ijoo dubbii tokko mirkaneessuuf yookaan fashaleessuuf maloota garaagaraatin kan dhihaatu meeshaa kamuu ta'ee bu'uuraan sanadoota, sagalee, fakkii, daataa yookaan meeshaa /wanta/ ragaa bifa kamuu ofirraa qabu kan hammatu ta'uu danda'a. Sirna haqaa yakkaa bu'aa qabeessa godhuuf haalli qabiinsaa, bulchiinsaa fi kenniinsa murtii ciraa ilaalchi seera fi adeemsi hojii ifa ta'e jiraachuun murteessaadha. Biyya keenya keessatti haalli ciraan itti qabamuu fi bulchiinsi isaa sirna haqaa biyya keenyaa keessatti iftoomina kan hin qabnee fi gaaffii garaagaraa kaasisaa kan tureedha. Ciraa ilaalchisee imaammanni sirna haqa yakkaa biyya keenyaa akka itti aanu kanatti kaa'eera. Kunis, haala addaatin seeran ifatti yoo tumame malee hayyama sakatta'iinsaa yookaan qabiinsaa mana murtiitin alatti karaa kamiinuu ciraa qabuun akka hin danda'amne; dhimmi yakkaa ciraan akka qabamu sababa ta'e murtee xumuraa hanga argatutti ciraan kan turu qorataa bira akka ta'e; ciraan karaa seera qabeessa ta'een qabame akka qabeenya yeroof qabameetti kan ilaalamu ta'ee himannaa dhihaatuuf rogummaa inni qabu irratti murteessuuf aangoo kan qabu abbaa alangaa ta'uu; ciraan qabame himannaa dhihaatu mirkaneessuuf gahumsa kan hin qabne ta'uun, bu'ura seeraatin kan hin dhaalamne yookaan akka badu kan hin taasifamne yoo ta'e fi abbaa qabeenyaatiif deebi'uu kan danda'u ta'uu Abbaan Alangaa yoo itti amane ciraan abbaa qabeenyichaatiif deebi'uu akka danda'u; Abbaa qabeenyummaa yookaan qabiyyummaa ciraa irratti namoota garagaraa jiddutti falmiin yoo ka'e yeroo ciraan qabameetti nama abbaa qabeenyaa yookaan qabiyyee cirichaa ta'eef kennamuu akka qabu; yeroo ciraan qabameetti abbaan qabeenyaa yookaan qabiyyee eenyu akka ta'e addaan baasuun yoo dadhabame Abbaan Alangaa dhimmichi gama seera hariiroo hawaasaatin fala akka argatu gara mana murtii aangoo qabuutti dhiheessuu akka qabu; ciraan qabame bu'ura seeratin kan dhaalamu yookaan akka badu kan godhamu; baay'ee guddaa fi qabuudhaaf kan rakkisu; faayidaan ala ta'uu kan danda'u; tursiisuuf baasii guddaa kan gaafatu

yookaan sababoota birootin tursiisuun kan hindanda'amne yoo ta'e bifa saamuda, sagalee, vidio, yookaan mala mijjaa'aa ta'e kamiinuu ragaan bakka bu'u akka jiraatu gochuun bu'uura seera rogummaa qabuutin ciraan akka dhaalamu, badu, gurguramu, abbaaf akka deebi'u yookaan furmaata kana fakkaatu biraa akka argatu gochuun akka barbaachisu; fi haala ciraan itti qabamu yookaan bulu akkasumas Abbaan Alangaa murtee rogummaa qabu haala itti kennu bal'inaan Abbaan Alangaa waliigalaa sirna diriirsuu akka qabuudha.

Akka qorannoo JBAH tti, abbaan alangaa ciraan akka ragaatti fayyadu addaan ni baasa, samuda isaa ni fudhata, yookaan suuraa kaasuun akkaataa qabiinsa yookaan haala abbaa qabeenyatiif itti deebi'u irratti qajeelfama ni kenna. Kanaaf dhimma ciraan irratti kan murteessu abbaa alangaati jechuudha. Gaheen qorataa poolisii immoo ciraan akka ragaatti qabaman of-eeggannoon eeguu, hanga qorannoon xumuramutti qabiinsa fi haala abbaa qabeenyatiif itti deebi'u irratti abbaa alangaa waliin ni hojjata, yemmuu qorannoon xumuramu kanneen akka ragaatti barbaachisan mana murtiitti ni dhiheessa, akkasumas qabeenya namoota yakkaan shakkamanii imaanani qaba, yeroo barbaachisaa ta'e ni deebisa. Kanaaf ciraan ilaalchisee murtii barbaachisaa kan kennu abbaa alangaa yoo ta'u aangoon poolisii ciraan yoo barbaadametti mana murtiitti dhiheessuu fi kunuusuudha.

x. Galmee Qorannoo Irratti Murtii Kennuu

Sirna haqa yakkaa siiviliis ta'ee komanii keessatti galmee qorannoo irratti murtii kennuuf aangoo kan qabu abbaa alangaati. Seera deemmii falmii yakkaa biyya keenyaa keessattis abbaan alangaa galmeen qorannoo poolisii akka isa ga'een qoratee qorannoon dabalataa akka geggeeffamu ajajuu yookaan qorannoon duraa abbaa seeraatiin akka geggeeffamu gochuu yookaan bu'uura keewwata 39 fi 42 tin galmee cufuu yookaan bu'uura keewwatoota 109-122 tin himata banuuf aangoo akka qabu tumeera. Imaammanni sirna haqa yakkaa biyya keenyaas galmee qorannoo yakkaa qoratee murtii rogummaa qabu kennuu, shakkamaa irratti mana murtii aangoo qabuutti himanna dhiheessuu fi falmuuf aangoo fi ittigaafatamummaa kan qabu abbaa alangaa qofa akka ta'e ifatti kaa'eera. Abbaan alangaa murtii kana yoo kennu dhimmichi mana murtiitti osoo dhihatee himatamaa balleessaa kan taasisu ragaan gahaani fi faayiidaan ummataa jiraachuu fi jiraachuu dhiisuu mirkaneessuuf dirqama qaba.

Qorannoo JBAH bara 2000 A.L.I. tti hojirra oole keessatti eeruun erga fuudhamee jechi ragoolee fi shakkamaan sassaabameen booda galmee qorannoo yakkaa irratti murtii himata bu'uuruu

yookaan himachuu dhiisuu eenyutu murteessa gaaffiin jedhuudeebii ifa ta'e hin arganne. Mallattoo eenyutiin akka cufamu, murtiin kunis kanuma qaama qorate biratti hafu moo qaama biraatifik gabaafamuu akka qabu addaan bahee wanti taa'e hin jiru. Kanarraa kan ka'e haalli galmee bu'uura SDFY kwt. 42(1) (A) tin itti cufamu bakka gara bakkatti garaagartee kan qabuu fi iftoomina kan hin qabneedha. Iddoo baay'eetti Abbaan alangaa fi qorataan poolisii waliin cufu; bakka tokko tokkotti immoo Abbaan Alangaa kophaa isaa cufa. Iddoon qaama raawachiistuu biraa dabalachuun galmeen itti cufamus ni jira. Fakkeenyaaf galmee lakk. *WHMW/234/2006* ta'e irratti gaafa 01/02/2006 abbaan alangaa Waajjira Haqaa bulchiinsa magaalaa Walisoo kophaa isaa hin himachiisu jedhee murtii kenneera. Gama biraatin immoo galmee lakk. *WHMW/548/2005* ta'e irratti gaafa 6/10/2005 abbaan alangaa waajjira fi qorataan poolisii bulchiinsa magaalaa Walisoo waliin ta'uudhaan bu'uura SDFY keewwata 42(1) (A) tin cufneerra jedhanii lamaan isaanituu mallatteessaniiru. Gama biraatin abbootin alangaa fi qorattootni poolisii galmee ragaan irratti hin jirree hanga ragaan argamee banamutti ofuma bira tursiisuun ni mul'ata. Kunis too'annoo fi hordoffii galmee qorannoof godhamu irratti dhiibbaa uumaa kan ture ta'uudha.

Seera deemsa falmii yakkaa fi Labsii Qaamolee Raawachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa keessatti, gocha yakkaa raawwatame tokko irratti qorannoon erga gaggeeffameen booda himata bu'uuruu yookaan dhiisuuf qaamni murtii darbarsuuf aangeeffame abbaa alangaati. Haa ta'uu ti, JBAH keessatti aangoon kun abbaa alangaa yookaan gareedhaaf ifaan kennamuu dhiisuun isaa abbootii alangaa fi qorattoota poolisii giddutti wal-dhabdeen akka uumamu sababa ta'eera. Keessattuu, qorattootni poolisii gocha yakkaa raawwatame irratti waliin qorannoo gaggeessaa jirra waan ta'eef, himata bu'uuruun barbaachisaadha moo miti? dhimma jedhu irratti hirmaachuu qabna kan jedhan yoo ta'u, abbaan alangaa immoo himata bu'uuruu fi dhiisuun mana murtii dhaabbachuun falmii gaggeessuu yookaan dhiisuu waliin kan wal qabatu waan ta'eef, dhimma kana irratti murtii dabarsuu kan qabu abbaa alangaadha jedhu. Falmii kana seerota jiranii fi JBAH irra deebiidhaan qoratame irratti hundaa'uun yeroo ilaallu, murtiin himata bu'uuruu yookaan dhiisuuf kennamu kallattiidhaan mana murtii fuunduratti dhaabbachuun falmii gaggeessuu waliin wal qabata. Akkuma beekamu, mana murtii funduratti dhaabbachuun qaamni falmii gaggeessu abbaa alangaa dha. Kana waan ta'eef, abbaan alangaa dhimma itti hin amanne fi mana murtii fulduratti qabatee moo'achuu hin danda'u jedhu irratti himata bu'uuri jechuun kan nama deemsisuu miti. Kanaaf himatni bu'uuramuu qaba yookaan bu'uura SDFY 42(1) (A) tin

galmeen cufamuu qaba dhimma jedhu irratti falmiin yoo ka'e dhimma seeraati waan ta'eef aangoo kan qabu abbaa alangaati jechuudha. JBAH'n irra deebiidhaan qoratames qorannoon erga xumurame booda galmee irratti murtii barbaachisaa ta'e kan kennu abbaa alangaati jedha.¹⁴⁸ Ta'us garuu qorannoo kana keessatti uunkaan abbaan alangaa Biiroo fi Godina galmee qorannoo bu'uura SDFY keewwata 42(1) tin itti cufu kan taa'e yoo ta'u kan Abbaa alangaa Aanaa garuu hin jiru. Kunis waliin mallatteessuun galmee waliin cufuun ammas akka jiraatuuf sababa ta'eera jechuu dandeenya. Kana malees qorannoo kanarraatti galmeen sadarkaa Aanaa fi Godinaatti bu'uura SDFY keewwata 42(1) (A) tiin cufamu gareedhaan mariin irratti geggeeffamee kan cufamu ta'a jedha. Ta'us garuu mallattoo eenyutiin akka ta'e qorannichi wanti ibsu hin jiru. Kanaaf ammas murtii galmee irratti kennamu ilaalchisee wanti jiru ifa miti. Walumaagalatti adeemsi abbaan alangaa fi qorataan poolisii waliin mallatteessuun galmee itti cufan sirrii miti. Sababni isaas galmeen qoratanii hin himachiisu yookaan ragaan gahaan hin jiru jechuudhaaf keewwatoota seeraa sakatta'uu fi ija seeraatin ragaa madaaluu gaafata. Kana gochuuf immoo itti gaafatamummaa kan qabu abbaa alangaati. Rakkoo seeraa yookaan madaallii ragaa abbaan alangaa uumeef qorataa isa waliin qoratee mallatteesse yookaan abbaa alangaa waliin galmeen bu'uura SDFY keewwata 42(1) (A) tin cufe itti gaafatamaa taasisuun sirrii miti. Kanaaf galmee qoratee seerota rogummaa qabu irratti hundaa'uun kan murteessu akkasumas ija seeraatin raga madaalee kan murteessu abbaa alangaa ta'uu qaba. Rakkoo yookaan hanqina gama kanaan uumamus itti gaafatamummaan kan isaa ta'a. Abbaan alangaa yoo balleesse seeraa fi dambii naamusa abbaa alangaatin itti gaafatamuu qaba. Galmee qorannoo hin himachiisu jedhee yoo cufus murtii isaa qaamota dhimmi ilaaluu beeksisuu qaba. Haalli raawwii kanaas JBAH irra deebiidhaan qoratame keessatti kaa'ameera. *Bu'ura qorannoo JBAH bara 2006 A.L.I. tti irra deebiidhaan qoratameetinis galmee qorannoo keessa ilaalee murtii ni himachiisa yookaan kan biro (bu'uura sdfy kwt.42 (1)(a) tin cufuu dabalatee) kan kennuu abbaa alangaati.*

xi. Ragaa fi Himatamaa Dhiheessuu

Seera deemmii falmii yakkaa biyya keenyaa keewwata 9(c) irratti himatamaa qabuun gahee poolisii akka ta'e tumameera. Dabalataanis seericha keewwata 19 irraa eegalee akka tumameetti himatamaa waamuun, qabuuni fi hidhuun aangoo qaama poolisii akka ta'e tumameera. Seerri

¹⁴⁸ Biiroo Haqaa Oromiyaa fi Komishinii Poolisii Oromiyaa, Jijjiirama Bu'uura Adeemsa Hojii Qorannoo Yakkaa fi Murtii Haqaa Kennisiisuu Irra Deebiidhaan fooyyessuuf Waraqaa Qophaa'e (Recalibration of BPR), Finfinnee, 2005, fuula 9

kunabbaan alangaa ragoolee isaa ni dhiheeffata kan jedhu ta'us, Waajjiri Haqaa gahee isarraa eegamu bahuuf garuu poolisii ajajuuf aangoon seeraan kan kennameef waan ta'eef, ragoolee qabee mana murtii dhiheessaa kan ture poolisiidha. Kana malees keewwata 125 jalatti himatamaan yookaan ragaan waamichi gahee dhihaachuu yoo baate manni murtii poolisiin qabee akka dhiheessu ajaja akka dabarsu tumameera. Kanarraa kan hubannu hojiin himatamaa dhiheessuu kan qaama poolisii ta'uu isaati. Ragaanis waamichi mana murtii gahee dhihaachuu yoo baate poolisiin ajaja mana murtiitin qabee akka dhiheessu hubanna.

Bu'uura qorannoo JBAH bara 2000 AL.I. tti hojirraa oolettiin, abbaan alangaa fi qorataan poolisii galmee waliin qorachuun ragaa fi himatamaa waliin dhiheessuun murtii kennisiisu. Labsii Aangoo Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa irra deebiidhaan murteessuuf bahes abbaan alangaa fi qorataan poolisii himatamaafi ragaa waliin dhiheessu jedha. Kuni immoo raawwii irratti rakkoo kan qabuu fi walitti bu'iinsa qaamolee kanaatifis sababa kan ta'eedha. Falmiin gama kanaan qorattoota poolisii irraa ka'aa ture, bu'uura JBAH tin himatamaa fi ragaa dhiheessuuf abbaa alangaa waliin ittigaafatamummaa waliinii qabna waan ta'eef hojii addatti nuuf kennamee miti kan jedhuudha. Kana waan ta'eef abbaan alangaas nu waliin dhiheessuu qaba akkasumas manni murtiisnu qofa osoo hin taane himatamaas ta'ee ragaa akka dhiheessan abbaa alangaatis ajajuu qabajechuun falmuun tureera. Kanarraa kan ka'e ragaas ta'ee himatamaa dhiheessuun walqabatee rincicuun, wal-eegun, quba walitti qabuun mul'achaa kan tureedha. Inumaayyuu, iddoo tokko tokkotti dhimmi wal dhabdeef ka'umsa tahu, qorattootni poolisii abbaa alangaa waliin tahu malee himatamaa yookaan ragaa hin dhiheessinu jechuu isaaniti. Haata'u malee abbaan alangaa himatamaa fi ragaa qabee haa dhiheessu yoo jedhame rakkoo qabatamaa adda addaa uumuu danda'a. Sababni isaas hojiin himatamaa qabuu fi seeratti dhiheessuu ogummaa addaa poolisummaa fi hidhannoo meeshaa waraanaa barbaada. Ragaas dhiheessun darbee darbee ogummaa kana yeroon gaafatu jira. Keessattuu ragaan waamichi godhameefi dhihaachuu yoo baate dirqamaan akka dhihaatu gochuu gaafata. Abbaan alangaa immoo hojii kana hojjachuuf ogummaas ta'ee meeshaa barbaachisu guuttatee hin qabu. Kanaaf "waliin qorataniin waliin ragaa fi himatamaa dhiheessu" kan jedhu rakkoo qabatamaaf kan saaxilee fi hojii qorannoo yakkaa irratti gufuu ta'aa kan tureedha.

Qorannoon JBAH ragaa fi himatamaa abbaan alangaa fi poolisiin waliin dhiheessuu akka qaban duuchee teechisuus, chaartariin JBAH hojiirra oolchuudhaaf bahe garu bifa ifa ta'een himatamaa fi ragaa poolisiin to'annoo jala oolchuudhaan akka dhiheessuu dirqisiisa. Bu'uura chaartarii

kanaatin poolisiin xaalayaa waamichaa himatamaa fi ragaan gahuun guyyaa beellamaa akka dhiyaatan ni taasisa. Dabalataan, guyyaa beellamaa ragaa fi himatamaan yoo dhiyaachuu baatan ajaja mana murtiitiin too’atee dhiheessa. Garuu, himatamaan mana sirreessaatti yoo argame poolisiin mana sirreessaa akka dhiheessu ni godhama.

Qorannoo JBAH irra deebiidhaan qoratamee bara 2005 A.L.I. tti hojirra oolesdhimma kanaaf fala kan kaa’eedha. Bu’ura qorannoo kanaatin himatamaa fi ragaa dhiheessun ilaalchisee waliin dhiheessuu dhimmi jedhu akkaataa ogummaa fi maandeetii mana hojiitin ilaalamuu qaba yaadni jedhu fudhatama argateera. Haaluma kanaan himatamaan kan dhihaatu gama poolisiitin akka ta’uu fi ragaa immoo abbaan alangaa fi poolisiin waliin ta’uudhaan akka dhiheessan ta’eera.¹⁴⁹

Qorannoo kana keessattiragaa waliin dhiheesu jechuunis maal akka ta’es ibsameera. Kunis abbaa alangaa guyyaa beellamaa hordofuun adda baasun akka ragaan dhihaatu haala mijjeessuu, fi kafaltii geejjibaa fi durgoo ragaa baatotaa kan raawwatu yoo ta’u poolisiin immoo ragaa kana kan dhiheessu ta’uun ibsameera.¹⁵⁰ Kanaaf bu’uura qorannoo JBAH irra deebidhaan geggeeffameen ragaa fi himatamaa kallattiidhaan kan dhiheessu poolisiidha. Kuni immoo adeemsa duraa keessaatti qaawwa ture kan cufee fi waliitti bu’iinsa tureef fala kan kenneedha.

Qorannoon JBAH bara 2006 irra deebiidhaan qoratames:

“Himatamaa yookaan deebii kennaan kan dhiyaatu gama poolisiitiin jedha. Abbaan alangaas, himatamaa dhiyeessuu keessatti guyyaa beellamaa hordofuun poolisiif beeksisuun ga’ee isaa kan bahu ta’a. Ragaa seeraa abbaan alangaa fi qorataan poolisii waliin dhiheessu. Hojii kana keessatti A/A’n dhadacha olee beellama isa qabachuudhaan unka barbaachisaa ta’e irratti guutuudhaan kallattii waamichi ragaa bira ga’uu (qaqqabuu) danda’uun poolisii waliin ni mijjeessuu, ni hordofu, ni mirkaneeffatu. Waamichi ragaa seeraa bira qaqaabuun gareen erga mirkaneefatee ragaan kun beellama irratti yoo dhiyaachu baate dirqisiisaa poolisiitiin akka dhiyaatu taasifama.”¹⁵¹

¹⁴⁹ Biiroo Haqaa Oromiyaa fi Komishinii Poolisii Oromiyaa, Jijjiirama Bu’uura Adeemsa Hojii Qorannoo Yakkaa fi Murtii Haqaa Kennisiisuu Irra Deebiidhaan fooyyessuuf Waraqa Qophaa’e (Recalibration of BPR), Finfinnee, 2005, fuula 9

¹⁵⁰ Miiljalee armaan olii

¹⁵¹ Miiljalee lakkoofsa 133, fuula 15 fi 16

Gaaffilee Marii

- a. Adeemsa waliin qorachuu keessatti abbaan alangaa himata hin dhiheessuu jechuun galmees yoo cufu qorataan poolisii ta'uu hin qabu jedhee yoo mormu ni mul'ata. Waliin qoranna, ittigaafatamummaa waliiniis qabna waan ta'eef murtii himata bu'uuruu yookaan himachuu dhabuu irrattis waliigaluu qabna falmiin jedhus ni ka'a. Dhimma akkamitti ilaaltu?
- b. Adeemsa waliin qorachuu keessatti shakkamaa fi ragaan sadarkaa dhagaha dhimmaa qofaatti osoo hin taane sadarkaa qorannoo yakkaattis garee qorannoo biratti dhihaatanii jecha akka kennan ni godhama (s/d/f/y keewwatoota 25, 26, 27 fi 30). Sadarkaa kanaatti gaheen abbaa alangaa fi qorataa poolisii maal ta'uu qaba jettu?